
Afaan Oromoo
Qajeelchaa Barsiisotaa
Kutaa 5

Barreessitoota

Damee Abarraa

Fiqiruu Kitilaa

Waaqumaa Waamii

Gulaaltota

Darajjee Raggaasaa

Mitikkuu Dibbeessaa

Madaaltota

Abdiisaa Gannatii

Dastaa Taaddagaa

Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

Biirroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gartokkeen maxxansiisuus ta'e baay'isani raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA

Qabiyyee

Fuula

Seensa Waliigalaa.....	v
Boqonnaa 1: Nagaa Walgaafachuu.....	1
Boqonnaa 2: Qubeewwan Afaan Oromoo	4
Boqonnaa 3: Sagaleewwan Afaan Oromoo a/aa hanga ja/jaa.....	13
Boqonnaa 4: Sagalee Qubee Afaan Oromoo ka/kaa hanga ra/raa.....	23
Boqonnaa 5: Sagaleewwan Afaan Oromoo sa/saa Hanga za/zaa.....	30
Boqonnaa 6: Jechoota Sagalee Laafaafi Jabaa.....	34
Boqonnaa 7: Jechoota Irra butaafi Hudhaa Qaban	42
Boqonnaa 8: Maatii	49
Boqonnaa 9: Mana Barnootaa Koo	62
Boqonnaa 10: Nyaata.....	69
Boqonnaa 11: Waqtiilee.....	77

Seensa Waliigalaa

Qajeelchi barsiistotaa kutaa 5ffaa kun barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiifamuuf barsiistota qajeelchuuf kan qophaa'edha. Sirmi barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5ffaa haaraan, silabasii Ministeerri Barnootaa Hammatoo Sirna Barnootaa Barnoota Waliigalaa Itoophiyaa qopheesserraa gara qabatama naannoo Oromiyaatti akka madaqu taasisuun kan qophaa'eedha.

Xiyyeeffannoon sirna barnootaa kanaa barattoonni dandeettiinwan afaanii kanneen ijoo ta'an (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu) horachuun/dagaagfachuun afaanichaan barreeffamaafi dubbiin akka waliigalteef itti fayyadaman taasisuudha. Haaluma kanaan, kaayyoo ijoo sirna barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5ffaa kun barattoonni akka barattoota afaan lammaffaatti dandeettii, beekumsaafi gahumsa afaan lammaffaarratti gulantaa kanatti barbaachisu akka gonfatan gochuun jiruufi jireenya keessatti akka itti fayyadamniifi jiruufi jireenya isaanii keessatti akka milkaa'an taasisuudha.

Kaayyoo kana haala barbaadamuun galmaan gahuuf kitaaba barattootaa boqonnaalee gurguddoo saddeetitti qooduun bifa dandeettiinwan afaanii isaan ijoo xixiqqaa gonfachiisuu danda'amuun qophaa'eera. Tokkoon tokkoon boqonnaa jalatti ammoo, barannoowwan adda addaatu jiru. Isaanis, dhaggeeffachuufi dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaa, afoola fa'i.

Qajeelchi barsiisotaa kun kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuu irratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf haala mijeessa. Barsiisonnis hanga danda'ametti tooftaalee sissi'eessaa garagaraatti fayyadamuun barnoonni gammachiisaafi bu'a qabeessa ta'uu isaa barattoonni afaanicha akka afaan lammaffaatti baratan afaanicha dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuufi tajajaajiloota qunnamtii kamiifuu akka dhimma itti ba'an taasisuu qabu.

Dandeettiinwan Afaanii

I) Dhaggeeffachuu

Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan kun akka warra afaan dhalootaa baratani dandeettii kana maatii irraa baranii dhufan miti. Kanaafuu, tooftaalee garagaraatti fayyadamuun karaa saayinsawaa ta'een daandeettii dhaggeeffachuu kana sirnaan baratani xiyyeeffannoo dhaggeeffachuu akka gabbifatan taasisuudha.

Dandeetti dhaggeeffachuun kanaan walqabate kitaaba barattoota keessatti gilgaalonni garagaraa shaakalsiisuuf dhiyaatanillee, barsiisonni kana qofarratti osoo ofhindaangessin shaakala garagaraa qopheessuun dandeettii dhaggeeffachuu akka gabbifatan taasisuu qabu.

II) Dubbachuu

Kaayyoon isaa barattoonni kun dandeettii dubbachuu akka warra afaan dhalootaa baratani maatii irraa baranii dhufan waan hintaaneef, tooftaalee garagaraatti fayyadamuun karaa saayinsawaa ta'een, odeeffannoo argatan sodaa tokko malee daandeettii dubbachuu akka gonfatan haala mijeessuun barbaachisaa ta'a.

Barsiisonni Afaan Oromoo kanneen armaan gadii keessatti akka barattoonni dammaqinaan qooda fudhatan jajjabeessuu qaba.

- Afaanichaan namootaan waliigaluufi yaada waljijjiiruu akka danda'an gochuu
- Afaanichaan ergaa dabarfachuufi bitanii gurguruu akka danda'an gochuu
- Marii garee
- Sagantaa gaaffiifi deebii keessatti
- Seenaa himuufi seenessaa garagaraa fayyadamuun dandeettii dubbachuu gonfatu.

III) Dubbisuu

Barattoonni afaanicha baratan kun dandeettii dubbisuu kana akka afaan lammaffaatti reefu kan eegalan waan ta'eef, akka barattoota afaan dhalootaa barataniitti dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu, maatii irraa kan gonfatan miti. Dandeettiin dubbisuu dhaabbilee barnootaa idileefi alidilee keessatti kan shaakalamuudha. Dandeettiin dubbisuu kan shaakala yeroo dheeraa gaafatuudha. Gahumsaan dubbisuuf, tooftaalee adda addaatti fayyadamuun dandeettii dubbisuu cimsachuun alatti yaada ijoo dubbisichaa hubachuu gonfachiisa.

IV) Barreessuu

Barattoonni dandeettii barreessuu kan barachuu eegalan sagantaa idileetiin mana barumsaa keessatti yoo ta’u, barattoonni yaada isaanii barreeffamaan ibsachuu kan dandeessisuudha. Kanaafuu, sadarkaa kanatti barattoonni sagaleefi qubee Afaan Oromoo, jechootaafi himoota gaggabaaboo barreessuu kan itti shaakalaniidha.

IV) Fayyadama jechootaa

Barattoonni akka afaan lammaffaatti afaanicha baratan kun umriifi sadarkaa isaan madaalutti fayyadama jechoota beekuu qaban nibaratu. Kana jechuun, dandeettii hiika jechoota kallattiifi faallaa boqonnaalee semisteera lammafaa jalatti akka barachuu shaakalaniif gilgaalonni qophaa’aniiru. Barsiisonnis dursanii qophii gochuun shaakalawwan garagaraa dhiyeessuu qabu.

Caasluga

Barattoonni umriifi sadarkaa isaan madaalutti seera afaanii akkaataa adda addaatiin afaan tokkoffaa keessatti baratanii jiru. Afaan Oromoo keessatti immoo, seera afaanichaa barachuudhaan jiruufi jireenya karaa saayinsawaa ta’een itti fayyadamuu akka dandaa’aniifi hubannoo isaanii yeroo gara yerootti haala qabatamaa jiru waliin akka tarkaanfatan taasisa.

Mala Baruu Barsiisuu Waliigalaa

Dandeettiwwan afaanii barsiisuuf malli baruu barsiisuu waliigalaa filatamu kan barattoota afaan lammaffaa baratan kanaaf madaaluufi hirmaachisaa ta’eedha. Barsiisonni akka barattoonni akka barattoota afaan lammaffaatti hirmaatan kan haala mijeessan malee kan ofii waa mara dhiyeessan miti. Kun ammoo, akka barattoonni dandeettii barbaachisoo ta’an walsimsiisanii gabbifatan kan taasisuudha.

Malleen baruu barsiisuu kanaa gaditti dhiyaataniifi malleen si’aayinaan barachuu biroos fayyadamuun nidanda’ama.

1. Mala Marii

Malli kun marii barattootaafi barsiistotaa akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal-jijjiiruun akka geggeeffamu taasisa. Barsiistonni barattoota kanaaf akka barattoota jalqabdoota afaan lammaffaatti shaakala sasalphaa ta’an mata duree dhiyeessuun akka

barattoonni irratti mariiyatanii yaada kennan, deebisan taasisu. Kun ammoo, barattoonni ogummaawwan gurguddoo afaanii cinatti dandeettiiwwan dubbachuufi dhaggeeffachuu akka gabbifatan gargaara.

2. Mala Gaaffiifi Deebii

Mala kana keessatti barsiistonni gaaffiiwwan garagaraa fayyadamuun akka barattoonni dandeettiiwwan barbaachisan gabbifatan taasisu. Gaaffiiwwan barattoonni kaasaniis nideebisu. Barattoonni karaa garagaraatin yaaduun akka gaaffii kaasan jajjabeessuun haala mijeessu.

3. Hojii Garee

Hojjin garee mala barattoonni gareedhaan ta'uun dhimma kennameef tokkorratti yaada mataa isaanii mormuun ykn deeggarun itti ibsaniidha. Kanaafuu, barattoonni afaanicha akka afaan lammaffaatti baratan kun afaanichaan dubbachuu akka shaakalaniif gochaalee gaggabaaboo kan isaan irratti mariyachuu danda'an kennuun hojii garee akka hojjetan gochuudha. Mala kanatti fayyadamuuf dhimmoonni kanneen akka umrii, dandeettii, korniyaa, fedhii barattootaafi kkf xiyyeeffannoo argachuu qabu. Barsiisonni mala hojii garee bu'a qabeessa gochuuf tooftaalee garee garagaraatti fayyadamuun garicha qindeessuufi keessumattuu, barattoota dandeettiifi fedhii isaaniitiin gareetti qooduun barbaachisaadha.

Kana malees, afaanichaan akka dubbachuu danda'an jajjabeessuun dogoggora uumamu sirreessuun akka mariin isaanii cimuuf deeggarsa kennuufi qajeelfama ifa ta'e kennuu barbaachisaadha. Dalagaan fedhii barattoota kakaasuufi hiika qabeessa ta'e kennamuufi qaba.

Walumaagalatti, afaanicha barattoonni akka afaan lammaffatti kan baratan waan ta'eef malleen baruu barsiisuu armaan olitti dhiyaataniifi kanneen biroos hedduun waan jiraniif, barsiisonni kaayyoo barnootaa, qabiyyee barnootaa, haala qabatamaa afaanichi keessatti baratamuu, dandeettii barattoota, naannoofi kkf irratti hundaa'uun malleen baruu barsiisuu filachuufi itti fayyadamuu danda'u.

Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

Qabiyyee barnootaa ifaafi hubatamaa taasisuuf barsiistonni meeshaalee deeggarsa barnootaa sirriifi mijaawaa ta'e filachuufi itti fayyadam qabu. Keessattuu, barattoonni kun afaanichaan barachuu kan eegalaa jiran waan ta'eef bashannansiisaa barsiisuu, faaruu sagaleewwan Afaan Oromoo fayyadamuufi filaash kaardii adda addaa jechootaa himoota ijaaruu danda'an fayyadamuun murteessaa ta'a. Kana malees, fakkii, suuraa, giraafii, gabatee, maappii, kaardii

jechootaa, kkf haala salphaan qopheessuun akkuma barbaachisetti dhimma itti bahuun nidanda'ama.

Madaallii

Madaalliin bakka fooyya'iinsiifi hiri'inni jiru addaan baasuun jajjabeessuufi fala barbaaduuf haala mijeessa. Madaallii adeemsa keessaafi dhuma barnoota wayitii, boqonnaa, semisteeraafi waggaa gaggeessuun gaheewwan barsiisonni raawwachu qaban kessaa isa tokkoodha. Kanaafuu, barsiisonni milkaa'ina adeemsa baruufi barsiisuu adda baafachuuf yeroo yerootti karaa alidileefi idileen raawwii hojii barattootaa daawwachuun sakatta'uu qabu.

Gilgaalonni gahumsa isaanii kana sakatta'uuf gargaaran kitaaba barattootaa keessatti haalaan dhiyaateera. Barsiisonnis gilgaalota kanatti dhimma ba'uun waan barattoonni irra ga'an madaaluun bakka hanqinni jirutti tarkaanfii fudhataa deemuutu irraa eegama. Kana malees, xumura wayitiiwwanii, boqonnaawwaniifi seemisteeraarratti battalleewwan, yaaliiwwan, shaakalootaafi qormaatawwan adda addaatiin barattoota madaaluun duubdeebii kennuufi bu'aa hojii barattootaa galmeessuun gabaasuutu irraa eegama.

HUBACHIISA!

Gilgaalota dhaggeeffachufi dubbisuu ilaalchisee sadarkaalee sadan keessatti gochoonni raawwataman kaayyoo mataasaanii qabu. Kanaafuu, kaayyoo qabame galmaan gahuuf gochoota of eegannoon raawwachuun barbaachisaadha.

Boqonnaa 1: Nagaa Walgaafachuu

(Wayitii 5)

Seensa

Boqonnaan kun barattoota barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif bu'uura. Barattoonni afaanicha akka afaan lammaffaatti baratan osoo sagaleefi qubee afaanichaa hinbaratiin dura barsiisota isaanii hordofuun afaaniin jechoota adda addaa jechuu shaakaluun gaarii ta'a. Haala kanaan, sagalee afaanichaan akka salphaatti madaquu danda'u. Kana gochuufis, jechoota guyyaa guyyaatti hawaasni dubbataa afaanichaa ta'e itti fayyadamu keessaa jechoota nagaa ittiin walgaafatan akka shaakalan taasifamu. Yeroo guyyaa tokko keessa jiran, fakkeenyaaf ganama, galgala (waaree duraafi waaree booda) yommuu walargan maal jedhanii akka nagaa walgaafatan shaakalu. Akkasumas, ganama yommuu addaan ba'an yookiin galgala yommuu addaan ba'an maal jechuun akka dubbatan shaakalu. Kana shaakaluun erga afaan hiikkatanii booda, sagaleefi qubee afaanicha keessa jiran shaakalu jechuudha. Kanaafuu, barsiisonni dura ofii dubbachuun barattoonni irra deebi'anii akka dubbatan irra deddeebi'uun shaakalsiisuu qabu. Boqonnaa kana jalatti barattoonni qubee yookiin jecha barreessuun hineegamu. Xiyyeeffannoo guddaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii cimsuudh. Barattoonni jechoota jireenya isaanii keessatti guyyaa guyyaan nagaa ittiin walgaafatan dhaggeeffachuun irra deebi'anii dubbachuutu irraa eegama. Itti aansuun, barattoonni ofdanda'anii akka shaakalan gochuun barbaachisaadha.

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- Afaan Oromootiin maqaa isaanii walitti himu;
- jechoota guyyaa guyyaan nagaa ittiin walgaafatan addaan baafatu;
- jechoota dhaggeeffatan fayyadamuun hiriyyaa isaanii waliin nagaa walgaafatu;
- faaruu gabaabaa dhaggaeffachuun irra deebi'anii nifaarsu.

Gilgala 1

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Afaan Oromoon walgaafachaa maqaa isaanii walitti nihimu;
- jechoota dhaggeeffachuun irra deebi'anii nidubbatu.

Ga'ee barsiisaa/tuu

Barannoon kun barattoonni maqaa isaanii walgaafachaa nagaa akka walgaafatan taasisuuf kan qophaa'edha. Kanaafuu,

-
- jalqaba barattoonni fakkiilee kitaaba isaaniirra jiru akka ilaalan gochuu;
 - itti aansuun, jechoota fakkiilee jalatti barreeffaman dubbisuun barattoonni akka dhaggeeffatan gochuu;
 - barattoonni dhaggeeffachaa jechoota barsiisonni dubbisan akka irra deebi'anii dubbatan gochuu;
 - bakka barattoonni dubbachuuf rakkatanitti deeggarsa gochuu;
 - barattoonni irra deddeebi'anii akka dubbatan nuffii tokko malee shaakalsiisuu;
 - barattoonni fooyyee qaban fuula duratti ba'uun akka maqaa isaanii walitti himaa naggaa walgaafatan gochuu

Gilgaala 2

Gahee barsiisaa/tuu

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni jechoota bu'uuraa naggaa ittiin walgaatanidha.

Kanaafuu,

- jalqaba, jechoota kanneen sagalee ol kaasuun dubbisuu;
- itti aansuun, tokko tokkoon sagalee ol kaasaa dubbisuun barattoonni irra deebi'uun akka dubbatan gochuu;
- barattoota dubbachuuf rakkatan yoo jiraate adda baasuun deeggarsa dabalataa gochuufii;
- hiika jechoota kanneenii haala barattootaaf galuu danda'uun tokko tokkoon itti himuu;
- mala biroo haala qabatamaa daree sanaa waliin deemu fayyadamuun barattoonni sirriitti akka hubatan gochuu;
- yoo barattoonni gaaffii qabaatan gaafachuun deebii barbaachisu kennuun xumuruu.

Gilgaala 3

Gahee barsiisaa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni faaruu dhiyaate faarsaa jechoota afaanichaa

dubbachuun akka afaan isaanii hiikkatan taasisuudha. Kanaafuu,

- barattoonni fakkii kitaaba isaaniirra jiru akka ilaalan gochuu;
- faaruu fakkii jalatti barreeffaman yeedalloo sirrii ta'een barattootaaf faarsuun barattoonni akka dhaggeeffatan gochuu;
- barattoonni faaruu dhaggeeffachaa irra deebi'uun akka faarsan gochuu;
- barattoota faarsuurratti rakkatan adda baasuun deeggarsa gochuu;

-
- barattoonni akka dhaggeeffatan malee akka dubbisan dirqisiifamuu hinqaban;
 - dhumarratti, sirriitti faarsuu isaanii adda baasuun xumuruu.

Gilgaala 4

Gahee barsiisaa/tuu

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni jechoota nagaan ittiin walgaafatan fayyadamuun nagaan akka walgaafatan shaakalsiisuudha. Kanaafuu,

- fakkii kitaaba isaanii irra jiru akka ilaalaniifi hubatan gochuu;
- jechoota fakkii jalatti barreeffame dubbisuun akka dhaggeeffatan gochuu;
- barattoonni lama lamaan fakkeenya kenname hordofuun akka nagaan walgaafatan jajjabeessuu;
- bakka barbaachisutti deeggarsa kennuu

Gilgaala 5

Gahee barsiisaa/tuu

Kaayyoon gilgaala kanaa waaree dura yookiin waaree booda yommuu walargan maal jedhanii akka nagaan walgaafatan shaakalsiisuudha. Kana malees, yommuu addaan ba'an (ganamaafi galgala) jechoota fayyadaman akka shaakalan taasisuudha. Kanaafuu,

- barattoonni fakkii kitaaba isaaniirra jiru akka ilaalan gochuu;
- jechoota nagaan ittiin walgaafatan kan fakkiilee jalatti barreeffaman dubbisuufii;
- maal jechuu akka ta'e ibsuufii;
- barattoonni dhaggeeffachaa irra deebi'anii akka dubbatan gochuu;
- barattoonni lama lamaan ka'anii akkaataa fakkeenya kennameen akka shaakalan gochuu;
- yommuu barattoonni nagaan walgaafatan ganama maal jechuu akka qaban, waaree booda ammoo, maal jechuu akka qaban fakkeenya kenname itti agarsiisuun hubachiisuu;
- yommuu isaan nagaan walgaafatan hordofuun deeggarsa barbaachisu gochuu;
- akkasumas, waaree duraafi waaree booda yommuu addaan ba'an maal akka jedhamu fakkii kitaaba isaanii irra jiru dubbisuun shaakalsiisuu;
- barattoonni dubbachuuf rakkatan yoo jiraatan adda baasuun deeggarsa barbaachisaa ta'e gochuun barbaachisaadha.

Boqonnaa 2: Qubeewwan Afaan Oromoo

(Wayitii 7)

Seensa

Boqonnaan kun barattoota barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif bu'uura. Haala qubeewwan Afaan Oromoo itti sagaleeffamaniifi boca isaanii shaakalu. Qubeewwan kanniin Afaan Ingilizii keessatti nibeeku jedhamee abdatama. Haata'u malee, sagaleefi qubeewwan Afaan Ingilizii bakka bu'aniifi kan qubeewwan Afaan Oromoo bakka bu'an adda adda. Kana jechuun, barattoonni kutaa kanaa qubeewwan barreessuu qofa osoo hintaane, sagalee isaan Afaan Oromoo keessatti bakka bu'an adda baafachuu shaakalu. Kanaafuu, barattoonni sagalee qubeewwan Afaan Oromoo bakka bu'an adda baafachuun akka sagaleessan taasisuudha. Adeemsa kana keessattis, amaloota qubeewwan Afaan Oromoo qaban akka adda baafatan taasisuutu barbaachisa. Haala kanaan, qubeewwan Afaan Oromoo dubbifamtoota (qeentee, dachaafi hudhaa); akkasumas, dubbachiistota (gaggabaaboofi dhedheeroo) adda baasuun sagaleessuu danda'uun baay'ee murteessaadha. Kana galmaan ga'uufis, barannoowwan boqonnicha jalatti dhiyaatan kaayyoofi akkaataa dhiyaannaa isaanii irratti hundaa'uun raawwachiisuun baay'ee murteessadha.

Yaadachiisa:

☞ Qubeewwan Afaan Oromoo mata duree boqonnaa tokkoffaa jalatti kennaman hubannoo waliigalaatiif kan kaa'ameedha. Qubeewwan Afaan Oromoo kanneen jedhaman akka waliigalaatti warra ibsaman kanniin ta'uu yoo itti himame ga'aadha. Kanaafuu, faaruu qubeewwan Afaan Oromoo fuulleffatu irraa kan eegaltu ta'uu hindagatin.

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- qubeewwan Afaan Oromoo A hanga Z dhaggeeffachuun irra deebi'anii nisagaleessu;
- faaruu qubeewwan Afaan Oromoo A hanga Z nidhaggeeffatu;
- faaruu qubeewwan Afaan Oromoo A hanga Z nifaarsu;
- qubeewwan Afaan Oromoo nidubbisu;
- qubeewwan dachaa Afaan Oromoo dubbifamtoota keessaa adda baasuun nidubbisu;
- qubeewwan dubbachiistuu Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa nibarreessu;
- Qubeewwan dubbifamtoota Afaan Oromoo nibarreessu.

Barannoo 1: Faaruu Qubeewwan Afaan Oromoo Dhaggeeffachuu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- faaruu qubee Afaan Oromoo nifaarsu.;
- sagaleefi qubee Afaan oromoo addaan baafatu.

Ga'ee barsiisaa/tuu


Barannoon kun barattoonni qubeewwan sagalee Afaan Oromoo bakka bu'an faaruu keessatti akka adda baafataniif barsiifama. Jalqabaaf kan barsiifamu waan ta'eefis, qubeewwan ilaalaafi faaruu dhaggeeffachaa barachuun ammoo barattoonni salphumatti qubeewwan sagalee afaanichaa bakka bu'an akka adda baafatan gargaara. Faaruun qubeewwaniitis, faaruu '***Qubee Afaan Oromoo***' jedhu keessaa barannoo kanaaf akka tolutti kan fudhatameedha. Kanaafuu,

- qubeewwan akkaataa faarfachuuf toluun taa'an gabatee irratti barreessuu;
- faaruu qubeewwan Afaan Oromoo qophaa'an dhiyeessuu; (kan waraabbame ykn yeedaloo ati qopheessuun);
- qubeewwan gabateerratti barreeffaman faaricha faana uleertoodhaan akeekaa akka dhaggeeffatan taasisuu;
- barattoonni waan dhaggeeffatan keessaa hanga yaadatan akkeessuun akka waliif faarfatan jajjabeessuu;
- barattoonni qubeewwan gabateerratti barreeffaman sagalee faaruu dhiyaateen akka walitti firoomsaa faarfatan itti agarsiisuun jajjabeessuu.

Gilgaala 1. Faaruu qubeewwan Afaan Orommoo sirriitti dhageeffachuu

Kaayyoo gilgaala kanaa

- Barattoonni faaruun dhaggeeffachaa jiran kan maalii akka ta'e waan ilaalaa jiran irraa akka adda baafatan taasisuuf malee kallattiidhaan qubeewwan Afaan Oromoo barsiisuu miti. Kanaafuu, sagaleewwaniifi qubeewwan isaan bakka bu'an akka adda baafatan shaakala jalqabsiisuudha.



Gilgaala 2. Faaruu dhaggeffatan irra deebiin faarfachuu

Barattoonni faaruu qubee kanaan dura dhaggeffatan irra deebi’anii akka faarsan jajjabeessuun barbaachisaadha. Kana gochuuf, jalqaba faaruu duraan dhaggeffatan yaadachiisuun eegalchiisuun murteessaadha.

Gilgaala 3: Qubeewwan Afaan Oromoo dubbisaa faarfachuu

Kaayyoo gilgaala kanaa

- Barattoonni qubeewwan Afaan Oromoo guguddaafi xixiqqaadda baasuun dubbisaa akka faarfachuu danda’an gochuudha.

Barannoo 2: Qubeewwan Afaan Oromoo Dubbisuu (Wayitii 2)

Kaayyoo barannoo kanaa

- Barattoonni qubeewwan Afaan Oromoo kanneen faaruun shaakalaniin alatti jiran qubeewwan dachaafi hudhaa waliin bakka tokkotti kennaman sagaleessuu

akka danda'an shaakalsiisuudha. Akkasumas, qubeewwan Afaan Oromoo waliigalatti beeksisuudha.

Gahee barsiisaa/tuu

- qubeewwaan Afaan Oromoo hunda akkaataa tarqubee (arfii) isaaniitiin qubee guguddaafi xixiqqaan adda baasuun gabatee irratti barreessuu;
- barattoonni qubeewwan haaraa faarfannaa keessa hinturre akka hubataniif uleertoo (agarsiistuu) gargaaramuun qubeewwan hunda dura ofii dubbisuun agarsiisuu;
- barattoonni qubeewwan haaraa faarfannaa keessa hinturre akka hubataniif, jala sararuu;
- qubeewwan haaraa faarfannaa keessa hinturre akka hubataniif uleertoo gargaaramuun barattoota waliin si'a tokkoo dubbisuu;
- barattoonni qubeewwan gabateerratti barreeffaman hunda tarqubee isaanii eeguun si'a tokko qubeewwan guguddaan, si'a itti aanu qubeewwan xixiqqaan uleertoo gargaaramuun dareef akka dubbisan qajeelchuu; jajjabeessuu

Gilgaala 4. Qubeewwan dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- Barattoonni qubeewwan Afaan Oromoo hunda akkaataa tarqubee isaaniitiin qubee guguddaafi xixiqqaatti adda baasuun dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Qubeewwan Afaan Oromoo																
Qubee guguddaa								Qubee xixiqqaa								
A	B	C	CH	D	DH	E	F	a	b	c	ch	d	dh	e	f	g
G	H	I	J	K	L	M	N	h	i	j	k	l	m	n	ny	o
NY	O	P	PH	Q	R	S	SH	p	ph	q	r	s	sh	t	ts	u
T	TS	U	V	W	X	Y	Z	v	w	x	y	z	zy	'	(hudhaa)	
ZY	'	(hudhaa)														

Gilgaala 5. Qubeewwan guguddaafi xixiqqaa walitti firoomsuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni qubeewwan guguddaafi xixiqqaa adda baafachuu keessatti qubeewwan faarfannaa keessatti hinbaratin akka xiyyeeffatan taasisuudha.

Deebii gilgaala 5 (qubee guddaafi xiqqaa walitti firoomsuu)

1.ch 2. q 3.e 4. d 5.i 6.h 7.n 8. ny 9.l 10 .g

Barannoo 3: Qubeewwan Dubbachiistuu Dubbisuu (Wayitii 1)

Kaayyoo barannoo kanaa

- Barattoonni qubeewwan Afaan Oromoo keessaa kanneen dubbachiistuu ta'an akka adda baafatan taasisuudha.

Ga'ee barsiisaa/tuu

- qubeewwan dubbachiistotuu Afaan Oromoo akkaataa tarqubee isaaniitiin qubee guguddaafi xixiqqaan adda baasuun gabatee irratti barreessuu;
- uleertoo gargaaramuun dubbachiistota dubbisaa barattootatti agarsiisuu;
- dubbachiistota uleertoon agarsiisaa barattoota waliin walfaana dubbisuu;
- barattoonni dubbachiistota tarqubee isaanii eeguun si'a tokko qubeewwan guguddaan, si'a ittaanu qubeewwan xixiqqaan uleertoo gargaaramuun dareef akka dubbisaniifi barattoonni kaan jalaa qabuun akka waliin dubbisan qajeelchuu; jajjabeessuu

Gilgaala 6. Qubeewwan dubbisuu.

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- qubeewwan Afaan Oromoo keessaa dubbachiistota adda baafachuun dubbisuu dubbisuu danda'uu mirkaneeffachuudha.

Dubbachiistota	
Qubee guguddaa	Qubee xixiqqaa
A E I O U	a e i o u

Gilgaala 7. Qubeewwan Afaan Oromoo keessaa kanneen dubbachiistota ta'an adda baasuun barreessu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- qubeewwan Afaan Oromoo gabatee keessatti kennaman keessaa dubbachiistota adda baafachuun akka dubbisan taasisuudha.

Deebii gilgaala 7

- qubeewwan Afaan Oromoo gabatee keessatti kennaman keessaa dubbachiistotni: **a, I, E fi u** dha.

Gilgaala 8. Dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban adda baasuun dubbisuu

Kaayyoo gilgaala kanaa,

- barattoonni qubeewwan dubbachiistaa Afaan Oromoo amala sagalee dheeraafi gabaabaa qabaachuu akka adda baafataniifi itti madaqan taasisuudha.

Ga'ee barsiisaa/tuu,

- dubbachiistota sagalee dheeraafi gabaabaa qaban addatti gabatee gurraacha irratti barreessuu;
- barattoonni sagalee dubbachiistota dheeraafi gabaabaa akka adda baafataniif walbira qabuun uleertoo gargaaramuun dubbisuu;
 - barattoonni ilaalaa dhaggeeffatu
- barattoota waliin si'a tokko dubbachiistota sagalee dheeraafi gabaabaa walbira qabuun sagaleessuu;
 - barsiisaan/tuun barattoota waliin dubbachiistota sagalee dheeraafi gabaabaa sagaleessaa uleen agarsiisuu
- barattoonni cimdii cimdii ta'uun ofdanda'anii dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban walbira qabuun akka sagaleessan qajeelchuufi deeggaruu;
- dhumarratti, barattoonni dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa walbira qabuun dareef akka dubbisan taasisuufi jajjabeessuu



Gilgaala 9. Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa adda baasuu

Kaayyoo gilgaala kanaa,

- barattoonni dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban jechoota keessatti adda baafachuu danda'uu mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 9

jechoota sagalee gabaabaa qaban	jechoota sagalee dheeraa		
laga	boonaa	laafaa	laagaa
bona	aadaa	fiiguu	
lafa	eeboo	meetii	

Barannoo 4: Qubeewwan Dubbifamaa Dubbisuu (Wayitii 1)

Kaayyoon barannoo kanaa:

- Barattoonni qubeewwan Afaan Oromoo kanneen dubbifamtoota ta'an akka adda baafatan taasisuudha.

Gahee barsiisaa/tuu

- qubeewwan dubbifamtoota ta'an qeenxeefi dachaa adda baasuun gabatee gurraacha irratti barreessuu;
- barattoonni qubeewwan dubbifamtoota akka sagaleessan carraa laachuu;
- barattoonni qubeewwan dubbifamtoota qeenxeefi dachaa akka adda baafataniif uleertoo gargaaramuun agarsiisaa dubbisuu;
 - barattoonni ilaalaa dhaggeeffatu
- barattoota waliin si'a tokkoo dubbifamtoota qeenxeefi dachaa sagaleessuu;
 - barsiisaan/tuun barattoota waliin dubbifamtoota qeenxeefi dachaa sagaleessaa uleen eera/ti
- barattoonni cimdii cimdiin ta'uun ofdanda'anii dubbifamtoota qeenxeefi dachaa akka sagaleessan qajeelchuufi deeggaruu
- dhumarratti, barattoonni dubbifamtoota qeenxeefi dachaa dareef akka dubbisan taasisuufi jajjabeessuu.

Hub.

- ☒ Hudhaan dubbifamtoota qeenxee keessatti ramadamuufi akka qubeetti xiyyeeffannoo akka argattu taasisuun barbaachisaadha.

Gilgaala 10. Dubbifamtoota dachaafi qeenxee dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- ☒ barattoonni dubbifamtoota Afaan Oromoo qeenxeefi dachaatti adda baasuu danda'uu mirkaneeffachuudha.

Dubbifamtoota										
Qeenxee					Dachaa			Hudhaa		
b	c	d	f	g	h	j	ch	dh	ny	sh
k	l	m	n	p	q	r	ph	zy	ts	,
st	v	w	x	y	z					
'	(hudhaa)									

Gilgaala 11. Dubbifamtoota dachaafi qeenxee adda baasuun Barreessuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- ☒ barattoonni dubbifamtoota Afaan Oromoo qeenxee fi dachaatti adda baasuu danda'uu mirkaneeffachuudha.

Deebii Gilgaala 12. Dubbifamtoota dachaafi qeenxee adda baasuu

Qeenxee: b c n m p r q s l t

Dachaa: ch dh sh zy ts ph ny

Barannoo 5. Qubee dachaafi hudhaa (Wayitii 1)

Kaayyoon barannoo kanaa,

- Barattoonni qubee wwan dubbifamtoota Afaan Oromoo kanneen dachaa ta'aniifi qeenxee keessaa ammoo, hudhaa xiyyeeffannoon akka dubbisan taasisuudha.

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni qubee wwan dachaafi hudhaa yaadataniif akka himan jajjabeessuu;
- barattoonni qubee wwan dubbifamtoota dachaafi hudhaa akka sagaleessan taasisuu;
- qubee wwan dubbifamtoota dachaafi hudhaa ta'an gabatee gurraacha irratti barreessuu;
- barattoonni qubee wwan dubbifamtoota dachaafi hudhaa haalaan akka sagaleessaniif uleertoo gargaaramuun agarsiisaa dubbisuu;
 - barattoonni ilaalaa dhaggeeffatu

- barattoota waliin si'a tokko dubbifamtoota dachaafi hudhaa sagaleessuu;
 - barsiisaan/tuun barattoota waliin dubbifamtoota dachaafi hudhaa sagaleessaa uleen eera/ti
- barattoonni cimdii cimdiin ta'uun ofdanda'anii dubbifamtoota dachaafi hudhaa akka sagaleessan qajeelchuufi deeggaruu;
- dhumarratti, barattoonni dubbifamtoota dachaafi hudhaa dareef akka dubbisan taasisuufi jajjabeessuu.

Gilgaala 12. Qubee dachaa dhaggeeffachuun dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- ✎ barattoonni qubee dachaafi hudhaa dubbisuu danda'uu mirkaneeffachuudha.

Qubee dachaafi hudhaa		
Dachaa		
Ch	dh	ny
ph	sh	ts
	zy	

Gilgaala 13. Qubee dachaafi hudhaa jechoota keessatti adda baasuun barreessuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- ✎ barattoonni qubee dachaafi hudhaa jecha keessatti adda baasu danda'uu mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 13

re'ee	lafa	mana	nyaata	bishaan	sa'a	guchii	haphee	bu'aa	haadha
jechoota qubee dacha qaban					jechoota qubee hudhaa qaban				
haphee	guchii	bishaan	nyaata	haadha	re'ee	sa'a	bu'aa		

Boqonnaa 3: Sagaleewwan Afaan Oromoo a/aa hanga ja/jaa

(Wayitii 7)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni sagaleewwan Afaan Oromoo **a/aa hanga ja/jaa** jiran nibaratu. Kunis, sagalee dheeraafi gabaabaadha. Barattoonni garaagarummaa isaanii sirriitti akka adda baasanii hubataniif kophaa kophaattis ta'e, jechoota keessa galchuudhaan akka shaakalaniifi hubatan gochuun barbaachisaadha. Sababni isaa, jechoota barreessuus ta'e dubbisuu kan danda'amu qindoomina sagaleewwanii haalaan yoo hubataniifi nafeeffatan qofa. Kanaafuu, barattoonni Afaan Oromoon dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuufi barreessuu dandeessisuuf qindoomina sagaleelee kanneenii haalaan barsiisuufi shaakalchiisuu barbaachisa.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- sagaleewwan gabaabaafi dheeraa **a/aa hanga ja/jaa** nidhaggeeffatuu;
- sagaleewwan gabaabaafi dheeraa **a/aa hanga ja/jaa** nisagaleessuu;
- sagaleewwan gabaabaafi dheeraa **a/aa hanga ja/jaa** gargaaramuun jecha nidubbisu;
- sagaleewwan gabaabaa-dheeraa **a/aa hanga ja/jaa** jiran fayyadamuun jechoota nidubbisu;
- fakkii ilaaluun jechoota fakkicha ibsan keessatti sagaleewwan **a/aa hanga ja/jaa** nidubbisu;
- sagaleewwan gabaabaafi dheeraa **a/aa hanga ja/jaa** jiran gargaaramuun jechoota nibarreessu;
- hiikaa jechoota sagaleewwan **a/aa hanga ja/jaa** jiraniin ijaaraman nikennu;

Barannoo 1: Qubeewwaniifi sagleewwan walitti makuufi qoqqooduu (Wayitii 2)

Kaayyoo barannoo kanaa

- qubeewwaniifi sagaleewwan Afaan Oromoo **a/aa hanga ja/jaa** dheeraafi gabaabaa walbira qabuun nisagaleessu.

- sagaleewwan qoqqooduufi walitti makuun nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barattoonni garaagarummaa sagaleewwan dheeraafi gabaabaa dhaggeeffachuudhaanis ta'ee, qubeewwan bakka bu'an ilaaluudhaan akka adda baasan taasisuun barbaachisaadha. Kanaafuu, jalqaba shaakalli qubeewwan walitti dhufuun sagalee uumuu gilgaala 1 jalatti dhi'aatan shaakalsiisi. Kanaanis, dubbachiistuun takka dubbifamaa bira yoo jiraatte sagalee gabaabaa akka uumtuufi yoo akaakuun tokkoo lama taate ammoo, sagalee dheeraa kan uumtu ta'uus yaadachiisi. Itti aansuun, sagaleewwan kennaman gabateerratti barreessuun dura ofii keetiif sagaleessi. Itti aansuudhaan, akka si waliin sagaleessan taasisi. Dhumarratti, tokko tokkoon uleertoodhaan agarsiisaa akka walshaalkalsiisan taasisi. Bakka barbaachisutti, deeggarsa godhi. Deeggars

Gilgaala 1. Sagalee dheeraafi gabaabaa sagalee ol kaasuun sagaleessuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni sagaleewwan dheeraafi gabaabaa walbira qabuun sagalee kaasuun dubbisuu shaakalsiisuudha.

Yaadachiisa

- Shaakalli kun caalaatti akka ifa ta'uuf, gabatee sagaleelee gadii gabateerratti barreessuun agarsiisaa dubbisiif. Itti aansuun, ati agarsiisaa waliin sagaleessaa. Dhumarratti, akka walshaakalsiisan carraa kennuun jajjabeessi.

Gabatee sagaleewwan a/a hanga ja/jaa

a	aa	e	ee	i	ii	o	oo	u	uu
ba	baa	be	bee	bi	bii	bo	boo	bu	buu
ca	caa	ce	cee	ci	cii	co	coo	cu	cuu
cha	chaa	che	chee	chi	chii	cho	choo	chu	chuu
da	daa	de	dee	di	dii	do	doo	du	duu
dha	dhaa	dhe	dhee	dhi	dhii	dho	dhoo	dhu	dhuu
fa	faa	fe	fee	fi	fii	fo	foo	fu	fuu
ga	gaa	ge	gee	gi	gii	go	goo	gu	guu
ha	haa	he	hee	hi	hii	ho	hoo	hu	huu
ja	jaa	je	jee	ji	jii	jo	joo	ju	juu



Gilgaala 2. Sagalee dheeraafi gabaabaa dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni qubeewwan gabatee keessatti kennaman walitti fiduun sagaleewwan Afaan Oromoo a/aa hanga ja/jaa jiran gabaabaafi dheeraa adda baasuun **barreessuufi dubbisuu** danda'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 2

sagalee gabaabaa			sagalee dheeraa		
		ci			cii
		da			dee
		chu			chuu
		ha			haa
		la			laa
		do			doo
		ku			kuu

Madaallii

Sagaleewwan gabatee keessatti kennaman keessaa muraasa gabatee gurraacha irratti barreessuudhaan sagaleewwan dheeraafi gabaabaa addaan baasanii sagaleessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu barbaachisa. Akkaataa barbaachisummaa isaatti shaakala dabalataa kennuun madaaluunis nidanda'ama.

Barannoo 2: Sagaleewwan gabaabaa walitti makuufi qoqqooduun sagaleessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo gabaaboo walitti makuun jecha ijaaranii nidubbisu.

-
- jechoota sagaleewwan Afaan Oromoo gabaaboo irraa ijaarraman qoqqooduun nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu,

Barannoo wayitii darbee keessatti barattoonni garaagarummaa sagalee dheeraafi gabaabaa gabatee irraa ilaaluu, caqasuufi sagaleessuudhaan adda baasaniiru jedhamee abdatama. Barannoo kana keessatti ammoo, haala sagaloonni gabaabaan jechoota itti ijaaraniifi jechoota sagaleewwan gabaabaa irraa ijaarraman dubbisuu shaakalu. Kunis, haala lamaan raawwatama. Tokko, sagaleewwan gabaaboo jecha ijaaran kanneen qoqqoodamanii kennaman addatti dubbisuu, walitti makuufi kan walitti makame/jecha ijaarrame dubbisuudha. Kan lammataa, sagaleewwan jecha ijaaran adda qoqqooduun dubbisuudha.

- jalqaba, sagaleewwan qoqqoodamanii kennaman akka dubbisan taasisuu;
- itti aansuun, walitti fiduun jecha akka ijaaran taasisuu;
- dhumarratti, jecha ijaarrame akka dubbisan shaakalsiisuudha.
 - gilgaala 4ffaa keessattis, barattoonni sagaleewwan jecha keessatti argaman qoqqooduun waa sadi walfaana akka raawwatan shaakalsiisuu gaafata.
- Jalqaba, sagaleewwan jechoota kennaman keessatti argaman akka adda baasan taasisuu;
- itti aansuun, sagaleewwan qoqqoodaman akka dubbisan taasisuu;
- dhumarratti, jechicha akka dubbisan shaakalsiisuudha.

Madaallii

Barattoonni sagaleewwan walitti fiduun jechoota ijaaruufi dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Akkasumas, sagaleewwan jecha ijaaran adda baasuufi walitti fiduun jecha dubbisuufi barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Akkaataa barbaachisummaa isaatti, shaakala dabalataa kennuun sagaleewwan gargaaramuun jecha ijaaruufi dubbisuu akka nafeeffatan gargaari.

Gilgaala 3. Sagaleewwan walitti makuun barreessuufi dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni sagaleewwan Afaan Oromoo qoqqoodamanii kennaman walitti makuun barreessuufi dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 3ffaa;

- | | |
|---------------------|-------------------|
| 1. ca + be = cabe | 4. co + ba = coba |
| 2. i + ja = ija | 5. da + ba = daba |
| 3. ho + dhe = hodhe | 6. cu + fa = cufa |

Gilgaala 4. Sagaleewwan gabaabaa qoqqooduun dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni jechoota kennaman keessaa sagaleewwan Afaan Oromoo qoqqooduun barreessuufi walitti makanii dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 4ffaa;

- | | |
|-------------------|------------------------|
| 1. eda = e + da | 4. dhibe = dhi + be |
| 2. jige = ji + ge | 5. fide = fi + de |
| 3. bifa = bi + fa | 6. adabe = a + da + be |

Barannoo 3: Sagaleewwan dheeraa walitti makuufi qoqqooduun

dubbisuu

(Wa

yitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo dhedheeroo walitti makuun jecha ijaaranii nidubbisu.
- jechoota sagaleewwan Afaan Oromoo dhedheeroo irraa ijaarraman qoqqooduun nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu:

Barsiisaa/tuu,

Barannoo wayitii darbee keessatti barattoonni sagaleewwan gabaaboo jechoota keessatti ilaaluu, caqasuufi sagaleessuudhaan adda baasaniiru jedhamee abdatama. Barannoo kana keessatti ammoo, haala sagaloonni dheeroon jechoota itti ijaaraniifi jechoota sagaleewwan dheeroo irraa ijaarraman dubbisuu shaakalu. Kunis, haala lamaan raawwata. Tokko, sagaleewwan dhedheeroon jecha ijaaran kanneen qoqqoodamanii kennaman addatti dubbisuu, walitti makuufi kan walitti makame/jecha ijaarrame dubbisuudha. Kan lammataa, sagaleewwan dhedheeroo jecha ijaaran adda qoqqooduun dubbisuudha. Kanaafuu,

- gilgaala 5ffaa keessatti, barattoonni fakkii ilaaluun sagaleewwan dhedheeroo walitti makuun waa sadi walfaana akka raawwatan shaakalsiisuu gaafata.
- jalqaba sagaleewwan qoqqoodamanii kennaman akka dubbisan taasisuu
- Itti aansuun, walitti fiduun jecha akka ijaaran taasisuu
- dhumarratti, jecha ijaarrame akka dubbisan shaakalsiisuudha.
 - gilgaala 6ffaa keessattis, barattoonni sagaleewwan jecha keessatti argaman qoqqooduun waa sadi walfaana akka raawwatan shaakalsiisuu gaafata.
- Jalqaba, sagaleewwan jechoota kennaman keessatti argaman akka adda baasan taasisuu;
- itti aansuun, sagaleewwan qoqqoodaman akka dubbisan taasisuu;
- dhumarratti, jechicha akka dubbisan shaakalsiisuudha.

Madaallii

Barattoonni sagaleewwan dheeroo walitti fiduun jechoota ijaaruufi dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Akkasumas, sagaleewwan dhedheeroo jecha ijaaran adda baasuufi walitti fiduun dubbisuufi barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu barbaachisa. Yoo barbaachises shaakala dabalataa kennuun sagaleewwan dhedheeroo gargaaramuun jecha ijaaruufi dubbisuu akka nafeeffatan gargaari.

Gilgaala 5. Sagaleewwan dhedheeroo walitti makuun dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni sagaleewwan dhedheeroo qoqqoodamanii kennaman walitti makuun barreessuufi dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 5ffaa;

1. cuu + bee = **cuubee**

4. ee + boo = **eeboo**

2. fii + guu = **fiiguu**

5. dhii + buu = **dhiibuu**

3. dhoo + buu = **dhoobuu**

Gilgaala 6. Sagaleewwan dhedheeroo qoqqooduun dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni jechoota kennaman keessaa sagaleewwan dhedheeroo qoqqooduun barreessuufi walitti makanii dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 6ffaa;

1. biifuu = **bii** + **fuu**

2. fuudhuu = **fuu** + **dhuu**

3. diiguu = **dii** + **guu**

4. dhoobuu = **dhoo** + **buu**

5. aadaa = **aa** + **daa**

6. duubee = **duu** + **bee**

Barannoo 4: Sagaleewwan qoqqoodaman walitti makuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa walitti makuun jecha ijaaranii nidubbisu;
- hiikaa jechoota sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa irraa ijaarramanii fakkii ilaaluun nikennu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu,

Barannoo darbee keessatti barattoonni garaagarummaa sagaleewwan dheeraafi gabaabaa qofa qofaatti qoqqooduufi walitti makuun jechoota dubbisuufi barreessuu eegalan jedhamee abdatama. Barannoo kana keessatti ammoo, haala sagaloonni gabaaboofi dheeroon walitti makamuun jechoota itti ijaaraniifi jechoota sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroo irraa ijaarraman dubbisuu shaakalu. Kunis haala lamaan raawwata. Tokko, sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroon jecha ijaaran kanneen qoqqoodamanii kennaman addatti dubbisuu, walitti makuufi kan walitti makame/jecha ijaarrame dubbisuudha. Kan lammataa, sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroo jecha ijaaran adda qoqqooduun dubbisuudha. Kanaafuu,

- gilgaala 7ffaa keessatti, barattoonni sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroo walitti makuun waa afur walfaana akka raawwatan shaakalsiisuu gaafata;

1ffaa, sagaleewwan qoqqoodamanii kennaman akka dubbisan taasisuu;

2ffaa, walitti fiduun jecha akka ijaaran taasisuu;

3ffaa, jecha ijaarrame akka dubbisan shaakalsiisuu;

4ffaa, fakkii gargaaramuun hiikaa jechootaa akka kennan gochuudha;

- gilgaala 8ffaa keessattis, barattoonni sagaleewwan caattoo kenname keessaa walitti fiduun jecha akka ijaaran shaakalsiisuu gaafata. Kanaafuu, fakkeenya kenname bu'uura taasifachuun murteessaadha;
- jalqaba, sagalee gidduu caattootti kenname akka barreeffatan taasisuu;
- itti aansuun, sagaleewwan kennaman keessa kan yoo walitti dhufan jecha fakkii kenname bakka bu'uu dandeessisan akka filatan taasisuu;
- dhumarratti, jechicha akka dubbisaniifi hiikaa tilmaaman shaakalsiisuudha.

Madaallii

Barattoonni sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroo walitti fiduun jechoota ijaaruufi dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Akkasumas, sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroo jecha ijaaran adda baasuufi walitti fiduun dubbisuufi barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu barbaachisa. Yoo barbaachises shaakala dabalataa kennuun sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroo gargaaramuun jecha ijaaruufi dubbisuu akka nafeeffatan gargaari.

Gilgaala 7. Sagaleewwan dhedheeroo walitti makuun dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroo qoqqoodamanii kennaman walitti makuun barreessuufi dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 7ffaa;

- | | |
|------------------------------|--------------------------------|
| 1. dhu + guu = dhuguu | 4. dha + dhaa = dhadhaa |
| 2. o + daa = adaa | 5. gu + gee = gugee |
| 3. a + duu = aduu | 6. hi + dhii = hidhii |

Gilgaala 8: Sagaleewwan gaggabaabaafi dheeraa walitti fiduun jecha ijaaruu

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni sagaleewwan gaggabaaboofi dhedheeroo caattoon kennaman walitti makuun barreessuufi dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuudha.

Deebii gilgaala 8

- | | |
|--------------------------------|------------------------------|
| 1. dha + dhaa = dhadhaa | 4. dha + ba = dhaba |
| 2. dha + ba = dhaba | 5. dha + he = dhahe |
| 3. dha + gaa = dhagaa | 6. dha + buu = dhabuu |

Barannoo 5. Hiika Jechootaa (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:


- jechoota sagaleewwan a/aa hanga ja/jaa jiran irraa ijaarramaniif hiikaa kennu
- jechoota waliin deeman nibarreessu;
- jechoota sagaleewwan a/aa hanga ja/jaa jiran irraa ijaarramaniif hiikaa faallaa nikennu.

Gahee barsiisaa/tuu

Jechoonni barannoo kana jalatti dhiyaatan kanneen sagaleewwan a/aa hanaga ja/jaa jiraniin ijaarramaniifi karaa walitti makuufi qoqqooduutiin dubbisuufi barreessuu shaakalaa turaniidha. Barannoo kana keessatti ammoo, hiikaa jechoota kanniinii akka barataniifi itti fayyadaman shaakalsiisuutu barbaachisa. Hiikaa jechootaan walqabatee kan isaan barannoo kana keessatti shaakalan hiikaa walfakkiifi hiikaa faallaati. Barattoota afaan lammaffaa ta'uu isaanii irraa kan ka'e, hiikaa jechootaa himuun rakkisuu mala. Kun immoo, fakkiifi haala biroo hiikaa jechootaa akka tilmaamaniif isaan gargaarutti dhimma ba'uun barsiisuu gaafata. Kanaaf, jechoonni filataman kanneen barattoonni ijaarsa keessatti beekan ta'uu yaadachiisuun,

- jechoota, gilgaala 9 jalatti kennaman cimdii cimdiin ta'uun akka walitti firoomsan taasisuu;
- deebii isaanii irratti gareedhaan akka mariyatan taasisuu;
- jechoonni roga 'B' jalatti kennaman kan isaan barataniin ala ta'uu waan maluuf, gargaarsi kee baay'ee murteessaadha.
- hiikaa faallaa tilmaamuun filachuu akka danda'aniif, fakkiifi mala siif mijatu biroo, gargaaramuun shaakalsiisi.

Deebii gilgaala 9



Barannoo 6: Jechoota waliin deeman (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Jechoota waliin deeman walitti fiduun nidubbisu;
- Hiika jechoota waliin deemanii nikennu.

Gahee barsiisaa/tuu

Jechoonni barannoo kana jalatti dhiyaatan kanneen sagaleewwan a/aa hanaga ja/jaa jiraniin ijaarramaniifi karaa walitti makuufi qoqqooduutiin dubbisuufi barreessuu shaakalaa turaniidha. Barannoo kana keessatti ammoo, jecha tokko dubbisuufi barreessuu irraa gara jechoota waliin deeman walitti fiduun barreessuufi dubbisuutti akka dhufan shaakalsiisuutu barbaadama. Akkasumas, hiikaa jechoonni walitti dhufan qabaatan akka tilmaaman taasisuun barsiisuun murteessaadha. Haata'umalee, barattoota afaan lammaffaa ta'uu isaanii irraa kan ka'e, hiikaa jechootaa himuun rakkisuu mala. Kanaafuu, jechoonni filataman kanneen barattoonni ijaarsa keessatti beekan ta'uu yaadachiisuun,

- dura fakkeenya gabatee irratti barreessuun qajeelchuu;
- cimdii cimdiin ta'uun akka walitti firoomsan taasisiitti aansuun, fakkeenya kenname bu'uura taasifachuun dhuunfaan akka hojjatan taasisuu;
- booda, barattoonni cimdii cimdiin waan hojjatan akka waliif dubbisan qajeelchuun deeggaruu;
- itti aansuun, jechoota waliin deeman hunda gabatee irratti barreessuun sagaleessuu/dubbisuu shaakalsiisuu;
- dhumarratti, hiikaa jechoota waliin deemanii akka hubatan gargaari; fakkeenya biroos kennuun shaakalsiisi.

Deebii gilgaala 10

1. dhakaa

- i. dhakaa guddaa
- ii. dhakaa bicuu
- iii. dhakaa booralee

2. wayaa

- i. wayaa adii
- ii. wayaa citaa
- iii. wayaa qulqulluu

Gilgaala 11. Hiika faallaa jechoota gabatee keessatti kennamanii barreessuu.

Kaayyoon gilgaala kanaa,

- barattoonni jechoota faallaa hiikaa waliif qaban akka walitti firoomsan shaakalsiisuudha.

Deebii gilgaala 11

1. ifaajaa = dhibaa'aa
2. dhaaba = dagalee
3. bicuu = guddaa
4. adii = gurraacha

Boqonnaa 4: Sagalee Qubee Afaan Oromoo ka/kaa hanga ra/raa

(Wayitii 7)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattooni sagaleewwan Afaan Oromoo ka/kaa hanga ra/raa jiran nibaratu. Sagaloonni kunneenis dheeraafi gabaabaadha. Barattooni garaagarummaa isaanii sirriitti akka adda baasanii hubataniif kophaa kophaattis ta'e, jechoota keessa galchuudhaan shaakalchiisanii hubachiisuun barbaachisaadha.

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattooni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo **ka/kaa** hanga **ra/raa** nisagaleessuu;
- sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** gargaaramuun jecha niijaaru;
- fakkii ilaaluun hiika jechoota sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** irraa ijaaramanii nihimu;
- hiikaa jechoota sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** irraa ijaaramanii adda baasu;
- wantoota kornayaa dhiiraafi dhalaa agarsiisan hima keessaa adda nibaasu.

Barannoo 1: Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa caqasuun sagaleessuu (30')

Barannoo kana keessatti, barattooni:

- Sagaleewwan Afaan Oromoo **ka/kaa** hanga **ra/raa** nisagaleessuu;
- Sagaleewwan Afaan Oromoo **ka/kaa** hanga **ra/raa** adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barattooni garaagarummaa sagaleewwan dheeraafi gabaabaa dhaggeeffachuudhaanis ta'ee, qubeehan bakka bu'an ilaaluudhaan akka adda baasan taasisuun barbaachisaadha. Kanaafuu,

- sagaleewwan gabatee keessatti dhi'aatan ilaalaa dura ofii keetiif dubbisi.
- itti aansuudhaan, akka si waliin dubbisan taasisuu;
- dhumarratti, tokko tokkoon gaafachuudhaan akka dubbisan taasisuu.

Madaallii

Sagaleewwan gabatee keessaa kanneen dhedheeraafi gaggabaabaa ta'an gabatee gurraacha irratti barreessuudhaan addaan baasanii sagaleessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Jechoota caqasuudhaan sagaleewwan adda baasuu

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Jechoota dhaggeeffachuun sagaleewwan Afaan Oromoo **ka/kaa** hanga **ra/raa** jiran adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii darbee keessatti barattoonni garaagarummaa sagaleewwan dheeraafi gabaabaa jechootaan alatti gabatee irraa ilaaluu, caqasuufi dubbisuudhaan adda baafatanii jiru. Barannoo kana keessatti ammoo, jechoota caqasuudhaan sagaleewwan jechoonni caqasaman irraa ijaaraman isaan kam akka ta'an akka adda baafatantu barbaadama. Kanaafuu, jalqaba irratti jechoota 2-3 ta'an dhiyeessuudhaan akkamitti akka adda baasan itti agarsiisi. Kana booda, jechoota hafan caqasiisuudhaan sagaloonni tokko tokkoo jechootaa keessaa jiran isaan kam akka ta'an gabatee irraa akka agarsiisaniifi dheeraa ykn gabaabaa ta'uu isaanii adda baasanii akka himan taasisi. Jechoota armaan gadii fayyadamuu ni dandeessa:

laphee	qaama	qeeqa
nyaara	qooqa	mamii

Madaallii

Barattoonni sagaleewwan jechoota dhaggeeffatan keessa jiran adda baasuudhaan gabatee irraa qubeewwan ittiin bakka bu'aban himuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 2: Sagaleewwan gabaabaan jecha ijaaruu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** gargaaramuun jecha niijaaru.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaa keessatti barattoonni sagaleewwan ka/kaa hanga ra/raa jiran fayyadamuudhaan jechoota ijaaru qabu. Sagaloonni wayitii kanatti xiyyeeffataman sagalee gabaabaadha. Gilgaalonni qophaa'anis kanneenumaaf kan oolani. Sagaloota walitti makuun jecha ijaaru. Fakkeenya dhiyaate hubachiisuudhaan kanneen hafan barattoonni akka hojjatan taasisi.

Deebii Gilgaala 3

- | | |
|-------------------|--------------------|
| 1. la + ma = lama | 6. qa + re = qare |
| 2. ra + re = rare | 7. na + ma = nama |
| 3. ma + la = mala | 8. qo + re = qore |
| 4. qa + le = qale | 9. qo + ma = qoma |
| 5. mu + ka = muka | 10. ra + fe = rafe |

Barannoo 3: Jechoota sagalee dheeraa barreessuu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** gargaaramuun jecha ni'ijaaru.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaa keessatti barattoonni sagaleewwan ka/kaa hanga ra/raa jiran fayyadamuudhaan jechoota ijaaru qabu. Sagaloonni wayitii kanatti xiyyeeffataman sagalee dheeraadha. Gilgaalonni qophaa'anis kanneenumaaf kan oolani. Atis fakkeenya dhiyaate hubachiisuudhaan kanneen hafan barattoonni akka hojjatan taasisi.

Koochoo

Kooraa

Eelee

Deebii Gilgaala 7

Gilgaala kana jalatti barattoonni sagaleewwan gabatee keessatti kennaman walitti fiduudhaan jecha akka ijaaraan shaakalchiisuudha. Kanaafuu, barattoonni akkuma gilgaalota 5/6 jalatti shaakalaa turanitti fakkeenya kennameef bu'uuraa godhachuudhaan akka jechoota ijaaraan gochuudha.

- | | |
|-----------|-----------|
| 1. qaaruu | 4. kooraa |
| 2. loonii | 5. mooruu |
| 3. mooraa | |

Deebii Gilgaala 8

Gilgaala kana jalatti barattoonni sagaleewwan dhedheeroo gabatee keessatti kennamaniif walitti fiduudhaan jecha akka ijaaraan shaakalchiisuudha. Kanaafuu, barattoonni akkuma gilgaalota 7 jalatti shaakalaa turanitti fakkeenya kennameef bu'uuraa godhachuudhaan akka jechoota ijaaruun dubbisan gochuudha.

1. koo + raa = kooraa
2. qaa + lii = qaalii
3. qoo + raa = qooraa
4. raa + ree = raaree
5. maa + loo = maaloo

Madaallii

Barattoonni sagaleewwan dhiyaatan walitti makuudhaan jechoota ijaaru isaanii mirkaneeffadhu. Sagaleewwan dhedheeraa kennaman fayyadamuudhaan jechoota mataa isaanii ijaaruuf yaalii taasisan madaali.

Deebii Gilgaala 9

1. mii + la = miila
2. ma + mii = mamii
3. qaa + ma = qaama
4. ka + kaa = kakaa
5. koo + la = koola
6. qo + moo = qomoo

Deebii gilgaala 10

Gilagaala kana jalatti barattoonni sagaleewwan gabatee keessatti dhiyaatan fayyadamuudhaan jechoota ijaaru danda'an akka ijaaran taasisuun barbaadamee jira. Gilgaalota olii (3-7 jiran) jalatti shaakalaa waan turaniif, haarawa itti hinta'u. Kanaafuu, jechoota baayyee barreessuu danda'u. Jechoota isaan ijaaru danda'an keessaa kanneen armaan gadii fakkeenya ta'uu nidanda'u. Barattoonni sagaleewwan gabateewwan barannoo 1-5 keessaa fayyadamuu akka danda'an itti himuun qajeelchi.

laphee	maala	uraa
nyaara	kakaa	uura
qonyee	koola	uume
qaama	makuu	ooqe
maqaa	kuula	qooqe
mamii	kiila	ulee
qophii	qeeqa	uume
miila	qoruu	ukee
raroo	qooqa	qooqe
moora	ooqe	ila
qorii	eela	ulkaa
qaruu	eele	uka

Madaallii

Barattoonni sagalee dhiyaate walitti makuudhaan jechoota ijaaru isaani mirkaneeffadhu. Sagaleewwan gaggabaabaafi dheeraa ykn dheeraafi gabaabaa gabatee keessatti kennaman fayyadamuudhaan jechoota mataa isaani ijaaruuf yaalii taasisan madaali. Bakka gargaaruun barbaachisutti gargaari.

Jechoota qoqqooduun dubbisu

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota sagaleewwan ka/kaa hanga ra/raa jirani ijaaraman dubbisuun sagaleetti qoqqooduun nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu

barannoo wayitii kanaa keessatti barattoonni jechoota sagaleewwan gaggabaabaa ka/kaa hanga ra/raa jiraniin ijaaraman dubbisani, sagaleewwan irraa ijaaramanitti qoqqooduun akka sagaleessan dandeessisuudha. Kanaafuu, akkaataadhuma fakkeenya kennameetiin akka hojjatan taasisi.

Deebii Gilgaala 11

- | | |
|-------------------|-------------------|
| 1. kora = ko - ra | 5. mare = ma - re |
| 2. make = ma - ke | 6. naqe = na - qe |
| 3. qara = qa - ra | 7. luka = lu - ka |
| 4. kuma = ku - ma | 8. male = ma - le |

Madaallii

Barattoonni jecha kenname birsagatti qoqqooduu danda'uu isaani mirkaneeffadhu. Bakka gargaaruun barbaachisutti gargaari.

Jechoota sagalee dheeraa qoqqooduu

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota sagaleewwan ka/kaa hanga ra/raa jiraniin ijaaraman sagaleetti qoqqooduun nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kana keessatti barattoonni jechoota sagaleewwan dhedheea ka/kaa hanga ra/raa jiraniin ijaaraman sagaleewwan irraa ijaaramanitti qoqqooduun akka barreessanii dubbisan gochuudha. Kanaafuu, akkaataadhuma fakkeenya kennameetiin akka hojjatan taasisi.

Deebii Gilgaala 12

- | | |
|-----------------------|-------------------------|
| 1. qaaruu = qaa + ruu | 4. nyaaroo = nyaa + roo |
| 2. raamuu = raa + muu | 5. qaaqee = qaa + qee |
| 3. laaluu = laa + luu | 6. mooquu = moo + quu |

Madaallii

Barattoonni jecha sagaleetti qoqqooduun dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka gargaaruun barbaachisutti gargaari.

Barannoo 4: Jechoota fakkiidhaan walitti firoomsuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- fakkii ilaaluun hiika jechoota sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa irraa** ijaaramanii nidubbisu;
- fakkii ilaaluun jecha fakkicha ibsuun walitti nifiroomsu.

Madaallii

Barattoonni fakkii ilaaluudhaan jechaan walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka gargaaruun barbaachisutti gargaari.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa (wayitii 1)


Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- hiikaa jechoota sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** irraa ijaaraman adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaa keessatti jechoota dhiyaatan hiika isaanii waliin akka walitti firoomsan barbaadama. Kanaafuu, barattoonni haaluma fakkeenya kennameen akka hojjatan fakkeenya kennuun hojjachiisi.

Deebii Gilgala 14



Barannoo 6: Himoota keessatti kornayaa adda baasuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- kornayaa dhiiraafi dhalaa himoota keessaa adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Gilgaala 15 jalatti barattoonni fakkii ilaalaa himoota fakkicha ibsan akka dubbisan taasisi. Waan hubatan akka himan carraa kenniif. Garaagarummaa fakkiileen qaban akka adda baasan gargaari. Garaagarummaan jiru kan kornayaa ta'uu hubachiisi. Innis, gochima keessatti akka mul'atu adda baasisi. Kana booda, gilgaala 16 hojjachiisi.

Hub. Sadarkaa kanatti hammanuma yoo qabatan nigaha. Akka barattoota afaan 2ffaatti waan biraa walxaxaa keessa galuun hinbarbaachisu.


Gilgaala 15

Caaltuun deemte Tolashiin dhufte Boonaan utaale

Caalaan deeme Tolaan dhufeBoontuun utaalte

*Qubeewwan qalama diimaan barreeffaman kunneen kornayaa agrasiisanidha.

Deebii Gilgaala 16



Madaallii

Barattoonni shaakalaafi gilgaala kennaman haalaan hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka gargaaruun barbaachisutti gargaari.

Boqonnaa 5: Sagaleewwan Afaan Oromoo sa/saa Hanga za/zaa

(Waayitii 7)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni sagaleewwan Afaan Oromoo sa/saa hanga za/zaa jiran nibaratu. Sagaloonni kunneen dhedheeraafi gaggabaabaadha. Barattoonni garaagarummaa isaanii sirriitti akka adda baasanii hubataniif kophaa kophaattis ta'e, jechoota keessa galchuudhaan shaakalchiisanii hubachiisuun barbaachisaadha.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo **sa/saa** hanga **za/zaa** ni sagaleessuu;
- jechoota dubbisuun sagaleewwan Afaan Oromoo **sa/saa** hanga **za/zaa** adda nibaasu;
- sagaleewwan **sa/saa** hanga **za/zaa** gargaaramuun jechoota ni ijaaru;
- hiikaa jechoota sagaleewwan **sa/saa** hanga **za/zaa** irraa ijaaramanii adda nibaasu;
- bamaqaalee mathima agarsiisaniin himoota ni'ijaaru.

Barannoo 1: Sagaleewwan sa/saa hanga za/zaa dhaggeeffachuun sagaleessuu (30')

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo **sa/saa** hanga **za/zaa** nisagaleessuu;
- sagaleewwan Afaan Oromoo **sa/saa** hanga **za/zaa** adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barattoonni garaagarummaa sagaleewwan dheeraafi gabaabaa dhaggeeffachuudhaanis ta'e, qubeeffan bakka bu'an ilaaluudhaan akka adda baasan taasisuun barbaachisaadha. Kanaafuu, sagaleewwan gabatee keessatti dhiyaatan dura ofii keetiif sagaleessi. Itti aansuudhaan, akka si waliin sagaleessan taasisi. Dhumarratti, tokko tokkoon gaafachuudhaan akka sagaleessan taasisi.

Madaallii

Sagaleewwan gabatee keessaa kanneen dheeraafi gabaabaa ta'an gabatee gurraacha irratti barreessuudhaan addaan baasanii sagaleessuu danda'uufi dhiisuu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Jechoola dhaggeeffachuudhaan sagaleewwan sa/saa hanga za/zaa adda baasuu

(wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoola dhaggeeffachuudhaan sagaleewwan Afaan Oromoo **sa/saa** hanga **za/zaa** jiran adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii darbee keessatti barattoonni garaagarummaa sagaleewwan dheeraafi gabaabaa sagaleewwan Afaan Oromoo sagalee adda addaa irraa ijaaraman jechoolaan alatti gabatee irraa ilaaluu, caqasuufi dubbisuudhaan adda baasanii jiru. Barannoo kana keessatti ammoo, jechoola dubbisamuuf dhaggeeffachuudhaan sagaleewwan jechoolni dhaggeeffataman irraa ijaaraman isaan kam akka ta'an akka adda baasantu barbaadama. Kanaafuu, jalqaba irratti jechoola 2-3 dhiyeessuudhaan akkamitti akka adda baasan itti agarsiisi. Kana booda,, jechoola hafan dhaggeeffachiisuudhaan sagaloonni tokko tokkoo jechoolaa keessaa jiran isaan kam dheeraa ykn gabaabaa ta'uu isaanii adda baasanii akka himan taasisi. Jechoola armaan gadii gaaffii gilgaala 2 ffaatiif dubbisiif

suuta	yuusuu	waaqa
tasa	zeeroo	samii
taatee	yuusa	tapha
seesaa	waata	xiixaa
zayitii	waadaa	viizaa
waatii	yaada	

Madaallii

Barattoonni sagaleewwan jechoola ati dhi'eessitee keessa jiran caqasani adda baasuudhaan gabateetee irraa qubeewwan ittiin bakka bu'aban himuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Sagaleewwan sa/saa hanga za/zaa jechoola keessatti dubbisuun adda baasuu (30')

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jecha sagaleetti qoqqooduun nidubbisu;
- jechoola sagaleewwan **sa/saa** hanga **za/zaa** irraa ijaaraman adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barattoonni jechoota gilgaala 3 jala jiran qoqqooduun akka dubbisan fakkeenya itti agarsiisuun shaalaksiisi

Deebii Gilgaala 3

- | | |
|-------------|-------------|
| 1. waa -daa | 4. zee roo |
| 2. ya-alii | 5. wa-bii |
| 3. yaa-da | 6. loo -tii |

Jechoota ijaaruu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- sagaleewwan **sa/saa** hanga **za/zaa** gargaaramuun jechoota ni'ijaaru;

Gahee barsiisaa/tuu

Barattoonni jechoota birsagatti qoqqoodaman walitti makuun akka dubbisan fakkeenya kennuun shaakalsiisi.

Deebii Gilgaala 4

- | | |
|---------------------|---------------------|
| 1. wa + yaa = wayaa | 3. tuu + ta = tuuta |
| 2. sa + ree=saaya | 4. ta + sa = tasa |

Deebii Gilgaala 5

Shaakala gilgaala kanaatiin barattoonni sagaleewwan gabatee kenname keessaa walitti fiduudhaan jechoota ijaaru. Jechoonni isaan ijaaran kanneen adda addaa ta'uu nidanda'u. Garuu, sagaleewwan gabatee keessaatiin ala ta'uu hinqaban. Fakkeenyaaf, jechoota yaada, tasa, tapha, sarara, Waaqa ... ta'uu nidanda'u.

Madaallii

Barattoonni akkaataadhuma qajeelfama kennameetiin hojjachuu danda'uu isaanii adeemsa keessatti mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 2. Jechoota dubbisuufi hiika isaanii kennuu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- fakkii ilaaluun hiika jechoota sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** ijaaramanii nihimu;
- hiika jechoota sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** irraa ijaaramanii adda baasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaa keessatti barattoonni fakkii kennaman ilaalanii jechoota fakkiin sun ittiin waamamu dubbisuu shaakalu. Kana booda, hiika jechootaa adda baasuutti ce’u. Kanaafuu, haaluma fakkeenya kennameen akka hojjatan qajeelchi.

Deebii Gilgaala 6(A)

Gilgaala kana jalatti barattoonni fakkiifi maqaa isaanii walbira qabanii akka dubbisaniifi hubatan qajeelchuun gargaari.

Deebii Gilgaala 6 (B)

1. c
2. a
3. b

Madaallii

Barattoonni akkaataadhuma qajeelfama kennameetiin hojjachuu danda’uu isaanii adeemsa keessatti mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 3. Bamaqaalee himoota keessatti fayyadamuu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- bamaqaalee matima agarsiisaniin himoota ni’ijaaru.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni himoota ijaaruu keessatti bamaqaalee iddoo barbaachisutti akka fayyadaman taasisuudha. Kanaafuu, jalqaba irratti gilgaala 7 irratti hubannoo akka horatan taasisi. Barattoonni kaayyoo kaa’ame akka gonfataniif fakkeenya biroo dabaluudhaan shaakalsiisi.

Deebii Gilgaala 8

1. Nuti
2. Ani
3. Isheen
4. Isaan

Deebii Gilgaala 9

Jechoota gabatee keessatti kennaman gargaarramuudhaan barattoonni himoota hedduu ijaaruu danda’u. Garuu, xiyyeeffannoon gilgaala kanaa bamaqaalee fayyadamuudhaan himoota ijaaruu dandeessisuudha waan ta’eef, kallattii sanaan shaakalchiisi. Yoo xinnaate himoota bamaqqallee matima taasisatan kanneen adda addaa torba ijaaruu isaanii mirkaneeffadhu.

Madaallii

Barattoonni akkaataadhuma qajeelfama kennameetiin hojjachuu danda’uu isaanii adeemsa keessatti mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Boqonnaa 6: Jechoota Sagalee Laafaafi Jabaa

(Wayitii 7)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni jechoota sagaleewwan laafaafi jabaa qaban dubbisuufi barreessuu shaakalu. Barattoonni garaagarummaa sagalee laafaafi jabaa sirriitti akka adda baasanii hubataniif kophaa kophaattis ta'ee, hima keessa galchuudhaan shaakalchiisanii hubachiisuun barbaachisaadha.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- jechoota sagalee laafaafi jabaa irraa ijaaraman nidubbisu;
- fakkii ilaaluun jechoota fakkicha ibsan keessatti sagaleewwan laafaafi jabaa nidubbisu;
- sagalee laafaafi jabaa gargaaramuun jecha ni'ijaaru;
- hiika jechoota sagaleewwan laafaafi jabaan ijaaramanii nikennu;
- Afaan Oromootiin kallattiiwwan afran ni'ibsu;
- waliin dubbii taasisuun jechoota bittaafi gurgurtaa keessatti fayydamuu danda'u;
- maqaalee qeenxee danoomsuu danda'u.

Barannoo 1: Jechoota sagalee laafaafi jabaa dhaggeeffachuu, dubbisuufi

barreessuu

(wayitii 2)

Barannoo kan keessatti, barattoonni:

- jechoota Afaan Oromoo sagalee laafaafi jabaa qaban nidhageeffatu;
- jechoota Afaan Oromoo sagalee laafaafi jabaa qaban nidubbisu;

Gahee barsiisaa/tuu

- Barannoo darbe keessatti sagaleewwan isaan barataniin turan akka yaadatan jajjabeessuu;
- Gilgaala 1 A jechoota sagalee laafaa qaban kanneen akka;
mana lafa nama bade ture dhufe
suuta barattootaaf dubbisuun akka sirriitti dhaggeeffatan gochuu;
- jechoota sagalee laafaa qaban yeroo dubbiftuuf akka isaan si booda waaman taasisu;
- barattoonni jechoota gilgaala 1B jalatti kennaman dabtara isaanii irratti akka barreeffatan gochuun dura bu'uun sagaleessiif;
- barattoonnis si faana akka sagaleessan taasisi;

- jechoota kanneen irra deddeebiin akka isaan dhuunfaan dabaree dabareedhaan waaman qajeelchuu.
- dhumarratti, hiika jechoonni kunneen qaban akkaataa barattoonni hubachuu danda'anitti ibsiifii;
Barsiisa/tuu,
Jabaachuufi laafuun sagalee jijjiirama hiikaa fiduu akka danda'u fakkeenya kennuun hubachiisi.

Deebii Gilgaala 1B.

Jechoota gilgaala 1B jala jiran kanneen lama lama ta'uun laafinaafi jabina isaanii walbira qabuun akka shaakalan taasisi. Barattoonnis bakka sagaleen itti laafuufi jabaatu hubannoon akka dhaggeeffatan qajeelchi.

1. mare	4. sodaa
marre	soddaa
2. qale	5. boce
qalle	bocce
3. gubaa	6. hatuu
gubbaa	hattuu

Jechoota Sagalee Laafaafi Jabaa Qaban Adda Baasuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sagalee laafaafi jabaa irraa ijaaraman adda baasuu dubbisuu nidanda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni gilgaala 3 jalatti jechoota sagalee **laafaafi jabaa** qaban kanneen gabatee keessaa akkaataa fakkeenya kennameetti adda baasuun akka waaman taasisi;
- jechoota gilgaala kanneen gareen erga adda baasanii booda, dabaree dabareedhaan sagalee ol kaasuun akka waaman jajjabeessi;
- bakka deegrasa barbaachisutti barattootaaf tumsa barbaachisu gochuun qajeelchi;
- hiika jechoota kanneenii itti himuun akka hubatan taasisi;
- bakka barattoonni dubbisuu rakkatanitti deeggarsa barbaachisu kennuu.

Madaallii

- ✓ sagaleewwan laafaafi jaba afaan oromoo keessatti dhageeffachuufi sagaleessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu;
- ✓ garaagarummaa sagaleewwan jabaafi lafaan qaban adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

Jechoota Sagalee Laafaafi Jaba Qaban Dubbisuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sagaleewwan laafaafi jaba qaban nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu

- jechoota gilgaala 3 jala jiran tokkoo tokkoo gaaffii bitaa gara mirgaatti akka dubbisan fakkeenya kennuun agarsiisuu;
- jechoonni gara bitaa jiran laaffatanii akka dubbifaman itti agarsiisuu;
- hiika jechota kanneenii akka tilaaman gochuufi bakka isaan rakkatanitti gargaaruu;
- laaffachuufi jabaachuun jijjiirama hiikaa akka fidu fakkeenya kennuun hubachiisuu;
- bakka barbaachisutti deeggarsa kennuu

Madaallii

- ✓ jechoota sagaleewwan laafaafi jaba irraa ijaaraman adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu;
- ✓ jechoota sagalee laafaafi jaba qaban waamuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

Sagaleewwan laafaafi jaba adda baasuun jechoota barreessuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sagalee jabaafi lafaa adda adda qoqoodaman waliti fidanii jechoota ijaaruun barreessuun nidubbisu.
- jechoota sagalee laafaafi jaba qaban barreessuun nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu

- gilgaala 5 jalatti jechoota gabatee keessatti kennaman irraa jechoota sagalee laafaafi jaba qaban baasanii akka barreessan fakkeenya kenname itti agarsiisuun jajjabeessuu;
- jechoota isaan barreessan ilaaluufi hordofuu;
- jechoota barreessaniif hiika isaa akka kennan jajjabeessuu;
- hojiilee barattootaa hundaaf duubdeebii kennuufiin jajjabeessuu.

Deebii gilgaala 5

Barattoonni jechoota gabatee keessatti kennaman keessaa kanneen sagalee laafaafi jabaa qaban adda baasuun akka barreessan taasisuu.

Laafaa				Jabaa		
gubaa	qale	madaa	bira	qarree	badde	gubbaa
qare	bade	faara	fala	qalle	madda	farra
				birraa	faallaa	

Deebii gilgaala 6

Barattoonni sagaleewwan addaan qoqoodamanii jiran walitti makuun jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban akka ijaaran taasisi.

Barattoonnis fakkeenya kenname ka'umsa akka godhataniif qajeelchuun barbaachisaadha.

1. baa + duu = baaduu
2. lag + geen = laggeen
3. qa + be = qabe
4. qar + ree = qarree
5. wad + dees + sa = waddeessa

Deebii Gilgaala 7: Sagaleewwan gabatee keessaa walitti makuun jechoota sagalee jabaafi laafaa qaban akkaataa fakkeenya kennameen akka barreessuu shaakalan jajjabeessuu.

Laafaa	Jabaa
1. faanaa	fakkii
2. ija	arraba
3. kaane	amma
4. qola	akka
5. jabaa	adda
6. nafa	

Yaadannoo

1. Jechoota Sagaleewwan Laafaafi Jabaa

1.1. Jechoota sagalee laafaa

Afaan Oromoo keessatti qubeen dubbifamaan akaakuu tokko ta'e lama jecha keessatti (gidduu jechaatti) walitti aanee yoo hinbarreeffamne yemmuu dubbifamu sagaleen nilaafa. Jecha keessatti laafinni sagalee dubbifamaan jecha gidduutti argamu qeenxee ta'ee, barreeffamuu isaa irraatti kan xiyyeefftu ta'a. Jechoonni armaan gaditti barreeffaman keessatti dubbifamaan halluu guraacheffameen barreeffaman sagalee laafaa agarsiisu.

Fakkeenyaaf, hate, gate, muka, luka, jala, same, gale, saba, ija, wace, bade, hafe, muge, dhuka, mala, lama, mana, haqa, bara, isa, bute, lixe, ure,

1.2. Jechoota Sagalee Jabaa Qaban

Afaan Oromoo keessatti qubeen dubbifamaa akaakuu tokko lama walitti aananii jecha tokko keessatti (gidduu jechaatti) yoo kan barreeffaman ta'e, jechi sun yommuu dubbifamu sagaleen nijabaata. Jechoota armaan gadii keessatti sagaleewwan jecha keessatti gurraacheffamanii barreeffamanii jiran jabina sagalee agarsiisu.

Fakkeenyaaf,

battee, bubbee, baaqqee, hawwii, hoffaa, Mudde, moggaa, battee, ganna, bobbaa, hattuu, lukkuu, lixxe, qixxee, hojjaa, fayyaa, sammuu, hurraa keessa, harree, madda, gubbaa, soddaa, gadda, baddaa, dubbii, yeeyyii,

Madaallii

- ✓ sagalee laafaafi jabaa irraa ijaaraman adda qoqqodaman walitti fidanii jechootabarreesuun ddubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu;
- ✓ jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban adda baasanii himuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

Barannoo 2. Jechoota fakkiidhaan walitti fiduu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Fakkii ilaaluun jechoota fakkicha ibsan keessatti sagalee laafaafi jabaa irraa ijaaraman walitti fidanii nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu

- fakkii ilaaluun jechoota fakkii bakka bu'aniin akka waliiti firoomsan gochuu;
- sagaleewwan barannoo 4 gilgaala 7 jalatti gabatee keessatti kennaman walitti fiduun jechoota hiika qaban akka ijaaraniif jajjabeessuu;
- bakka barbaachisutti tumsaafi deeggarsa barbaachisu gochuu;
- fakkiilee roga B jalatti dhiyaatan ilaaluun jechoota kanneen fakkicha agarsiisan roga A jala jiraniin walitti akka firoomsuun dubbisan taasisuu;

Deebii Gilgaala 8

- | | |
|------|------|
| 1. F | 5. D |
| 2. E | 6. G |
| 3. A | 7. B |
| 4. C | |

Madaallii

- ✓ fakkii ilaaluun jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban sagaleessuu danda'uusaanii mirkaneeffachuu;
- ✓ jechoota fakkicha bakka bu'an walitti firoomsuu danda'uusaanii mirkaneessuu.

Barannoo 2. Kallattiiwwan adda baasuu (Wayitii 2)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- kallattiiwwan afran jiran Afaan Oromootiin waamuu nidanda'u;
- maqaa kallattiiwwan afranii waamuun biyyoota olla Itoophiyaa jiran himuu nidanda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

- kallattiiwwan afran (Kaaba, Kibba, Baha, Lixa/Dhiha) adda baasuun fakkeenya adda addaa fudhachuun itti agarsiisi;
- fuula kee gara baha biiftuutti deebisuun harka kee bitaafi mirgaatti diriirsuun kallattiiwwan itti agarsiisi.
- barattoonni fakkii kitaaba isaanii irra jiru ilaaluun kallattiiwwan akka himuu shaakalan taasisi;
- barattoonni maqaa kallattiiwwan afranii akka walgaafataniifi walitti agarsiisan shaakalsiisi;

- barattoonni maqaa kallattiiwwanii sirriitti hubachuun biyyoota kallattiiwwan afuranii Itoophiyaa daangessan jechoota akka walitti himan shaalsiisi;
- jechoota bittaafi gurgurtaa keessatti hojiirra oolan fayadamanii lama lamaan ta'uun bifa bartapheetiin waliin dubbii taasisanii jechoota bittaafi gurgurtaa akka shaakalan taasisi;

Deebii Gilgaala 9.

A. Kallattiiwwan arfan barattootni akka sagalessan taasisuu;

a)Baha b)Dhiha c)Kaaba d)Kibba

B. Barattoonni dabaree dabareedhaan fakkii dhiyaate ilaaluun gara baha biiftuutti fuula deebisuun kallattiiwwan walitti niagarsiisu.

C. Barattoonni biyyoota ollaa Itoophiyaa ta'an kanneen roga A jala jiran kallattiiwwan argama isaanii kanneen roga B jalaa wajjin walitti nifiroomsu.

Walitti firoomsuu

- | | |
|------|------|
| 1. B | 3. D |
| 2. C | 4. A |

Madaallii

- ✓ kallattiiwwan afran jiran Afaan Oromootiin waamuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu;
- ✓ maqaa kallattiiwwan afranii waamuun biyyoota ollaa Itoophiyaa jiran himuu nidanda'uu isaanii addaan baafachuu.

Barannoo 4. Waliin dubbii adeemsa bittaafi gurgurtaa (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota bittaafi gurgurtaa keessatti hojiirra oolan adda baasu;
- waliin dubbiiidhaan jechoota bittaafi gurgurtaa keessatti hojiirra oolan fayyadamuu nidanda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

- jechoota bittaafi gurgurtaa keessatti hojiirra oolan akka adda baafatan taasisi;
- fakkeenya dhiyaate ilaaluun daree keessatti waliin dubbii akka shaakalan jajjabeessi;
- gahee taphachuun akka **Lataafi Boontuu** ta'uun jechoota bittaafi gurgurtaa keessatti hojiirra oolan fayyadamuun akka shaakalan taasisi;

- bakka barbaachisutti tumsaafi deeggrsa taasisiif.

Deebii gilgaala 10

- A. Barattoonni bifa gahee taphachuutiin akka **Lataafi Boontuu** ta'uun jechoota bittaaafi gurgurtaa keessatti hojiirra oolan nifayyadamu.
- B. Gilgaala 10 B jalatti jechoota bittaaafi gurgurtaaf oolan fayyadamuun daree keessatti waliin dubbii akka taasisan godhi.

Madaallii

- ✓ waliin dubbiidhaan jechoota bittaaafi gurgurtaa keessatti hojiirra oolan fayyadamu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu;
- ✓ jechoota bittaaafi gurgurtaa keessatti hojiirra oolan adda baasuu danda'uu isanii mirkaneessuu.

Barannoo 5. Maqaalee qeentee danoomsuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- maqaa qeentee baayyisani (heddummeessanii) nihimu.

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni Afaan Oromootiin maqaan maal akka ta'eefi maqaa qeentee jechuun immoo, maal akka ta'e akka hubataniif yaadannoofi fakkeenya kenniif;
- barattoonni hubannoo waa'ee maqaa qeentee irratti hundaa'uun maqaalee qeentee danoomsanii barreessuun himuu akka shaakalan gargaari;
- barattoonni maqaalee qeenteef jechoota heddumminaa barreessuu akka shaakalaniif jajjabeessi;
- hojiilee barattootaa hordofuun duubdeebii kenniif.

Deebii gilgaala 11

- A. Maqaalee qeenxee gabatee keessatti tarreeffaman akkaataa fakkeenya kennameen akka heddummeessan taasisi.

Maqaa qeenxee	Maxxantuu (Danoomsituu)	Maqaa Danuu (hedduu)
Saree	-oota	Saroota
Barsiisaa	-ota	barsiisota
Beera	-ran	beerran
re'ee	-oota	re'oota
Nama	-oota	namoota
Hoolaa	-oota	hoolotya

Madaallii

- ✓ maqaalee qeenxee baayyisani (heddummeessanii) himuu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ maqaalee qeenxeef jechoota heddumminaan barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

Boqonnaa 7: Jechoota Irra butaafi Hudhaa Qaban

(Wayitii 7)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni jechoota sagalee irrabutaafi hudhaa qaban nibaratu. Jechoota sagalee hudhaafi irra butaa qaban adda baasanii fayyadamuufi barreessuus nishaakalau. Garaagarummaa isaanii sirriitti akka adda baasanii hubataniif fakkii ilaaluunis ta'ee, jechoota keesstti qofaa isaaniitti galchuudhaan shaakalchiisanii hubachiisuun barbaachisaadha.

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- jechoota sagalee Irrabutaa qaban nidubbisu;
- jechoota sagalee irrabutaa qaban barreessuu nidanda'u;
- jechoota sagalee hudhaa qaban nidubbisu;
- jechoota sagalee hudhaa qaban barreessuu nidanda'u;
- maqaa guyyoota torbanii adda baasuun nifayyadamu;
- maqibsoota kornayaa ibsan adda nibaasu.

Barannoo 1: Jechoota sagalee irra butaa qaban dhaggeeffachuufi sagaleessuu

(wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota sagalee irrabutaa qaban nidhageeffatu;
- jechoota sagalee irra butaa qaban nisagaleessu;

Gahee barsiisaa/tuu

- jechoota sagalee irrabutaa qaban dhageeffatanii irra deebi'uun akka sagaleessan taasisuu;
- jechoota sagalee irrabutaa qaban dhageeffachuufi sagaleessuudhaan bakka sagalee irrabutaa akka adda baafatan taasisuu;
- jechoota sagalee irra butaafi hudhaa qaban dhaggeeffatanii sagaleessuu danda'uu isaanii hordofuuufi deeggaruudhaan duubdeebii barbaachisaa kennuu;

Deebii gilgaala 1

A. Jechoota sagalee irra butaa qaban kanneen akka:

qalma ilma harma silmii waldaa

jedhaman sagalee ol kaasuun barattootaaf dubbisiif;

B. Jechootaa sagalee irra butaa qaban armaan gadii kitaaba barattootaa irrajiran dubbisuun akka isaan dhaggeeffatanii irra deebi'uun sagaleessan taasisi.

1. *galma*
2. *jilba*
3. *sirba*
4. *ganda*

Deebii gilgaala 2. Jechoota sagalee irra butaa qaban kitaaba barattootaa irra jiran barattootaaf dubbisuun akka isaan bakka sagaleen irra butaa jiru adda baafatan taasisi.

1. *balfa*
2. *gamtāa*
3. *ibsaā*
4. *kolfe*
5. *marqaa*

Gilgaalli kun sagaleewwan irra butaa dubbisuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaafuu, barattoonni jechoota sagalee irrabutaa qaban dabtara isaanii irratti barreessuun akka irra deddeebi'uun dubbisan taasisi.

Yaadannoo

Afaan Oromoo keessatti sagaleewwan dubbifamaa akaakuu adda addaa lama jecha tokko keessatti yoo walitti aananii dhufan sagalee irra butaa jedhama.

Fakkeenyaaf,

abdi *galma* *harka*

Jechoota sagalee irra butaa qaban dubbisuu

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni jechoota sagalee irra butaa qaban fakkii ilaalaa akka waaman taasisuu;
- jechoota sagalee irra butaa qaban qofaatti adda baasuu danda'uu isaanii hordoffii taasisuu;
- sagalee irra butaa jecha keessaa akka baasanii barreessan guchuun, bakka rakkatanitti deeggaruu;

Deebii gilgaala 3

Barattoonni jechoota sagalee irra butaa qaban armaan gadii akka dubbisaniifi bakka irra butaa adda baafatan qajeelchi. Hiika jechootaasa akka himan jajjabeessi.

Deebii gilgaala 3

- | | |
|-----------|------------|
| 1. angafa | 6. falme |
| 2. bantii | 7. gaangee |
| 3. cabduu | 8. horduu |
| 4. danqe | 9. ilka |
| 5. erbee | 10. jirma |

Madaallii

- Jechoota sagalee irra butaa qaban addaan baasuu isaanii mirkaneessuu;
- Jechoota sagalee irra butaa qaban dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

Jechoota sagalee irra butaa qaban barreessuu

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sagalee irra butaa qaban barreessuu nidanda'u;

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni jechoota sagalee irrabutaa qaban barreessuu akka danda'aniif irra deddeebi'uun shaakalchiisi.
- qubewwan gabatee keessaa walitti fiduun jechoota sagalee irra butaa qaban shan akka barreessan taasisuu.

Deebii gilgaala 4

mirga, orma, abjuu, galma, arma, irga.....

Deebii gilgaala 5

Jechoota sagalee irra butaa qaban:

falmuu, ganda, farda, boordii, waldaa, ilma, sirba, erbee, golboo

Madaallii

- Jechoota sagalee irra butaa qaban barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;

Barannoo 2: Jechoota sagalee hudhaa qaban caqasuufi sagaleessuu (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- Jechoota sagalee hudhaa qaban dhageeffachuun sagaleessuu nidanda'u;

Gahee barsiisaa/tuu

- jechoonni sagalee hudhaa qaban barattoota kanaaf haaraa waan ta'uu maluuf, hubannoo akka argatan dursanii tibsaa kennuu;
- barattoonni jechoota sagalee hudhaa qaban akka dhageeffatanii barreessuun dubbisan taasisuu;
- jechoota sagalee hudhaa qaban si faana akka isaan sagaleessaniif jajjabeessuu;
- jechoota sagalee hudhaa qaban dhageeffachuufi sagaleessuu akka waliin shaakalan taasisuu;

Gilgaala 6

A. Barattoonni jechootaa sagalee hudhaa qaban kannaeen akka:

1. qe'ee
2. ro'oo
3. sa'aatii
4. bari'e
5. mo'e

jedhaman barattootaaf dubbisuudhaan akka dhaggeeffatan gochuu.

B. Jechoota kitaaba barattootaa irra jiran barattootaaf dubbisuun dhaggeeffachuun irra deebi'anii waamuun bakka hudhaan irratti argamu akka adda baafatan gochuu.

Madaallii

- ✓ Jechoota sagalee hudhaa qaban dhaggeeffachuun sagaleessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;

Barannoo 3: Fakkii ilaaluun walitti firoomsuu (Wayitii 2)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sagalee hudhaa qaban fakkii ilaaluun walitti nifiromsu;
- jechoota sagalee hudhaa qaban barreessuu nidanda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni fakkii ilaaluun jechoota sagalee hudhaa qaban akka adda baafatan taasisuu;
- Jechoota sagalee hudhaa qaban akka walitti firoomsuu danda'an taasisuu;
- Hojiilee barattootaa hordofuun bakka barbaachisutti hordofuufi deeggaruu.

Deebii gilgaala 8

A. Fakkiidhaan walitti firoomsuu

- | | |
|------|------|
| 1. B | 4. C |
| 2. A | 5. D |
| 3. E | |

B. Jechoota keessatti sagalee hudhaa galchuu.

- | | |
|-------------|------------|
| 1. boo'e | 6. mi'a |
| 2. ga'eessa | 7. ta'e |
| 3. ka'e | 8. taa'i |
| 4. mari'ate | 9. si'a |
| 5. maa'ii | 10. xaa'oo |

Sagalee Hudhaa Afaan Oromoo (')

Barattootaaf jechootaa sagalee hudhaa qaban dubbisuun dura hudhaan Afaan Oromoo keessatti maal akka ta'e yaadannoo gabaabaafi ibsa gahaa ta'e kenniif. Barattoonni kun Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachaa jiraachuun isaanii dagatamuu hinqabu.

Yaadannoo

Afaan Oromoo keessatti sagaleen hudhaa jedhamu yeroo dubbachiiftuun akaakuun adda addaa walitti aananii dhufaniifi yeroo dubbachiiftuun akaakuun adda addaa walitti aananii dhufan mallattoo (') ta'een jecha gidduutti kan galuudha.

Fakkeenyaaf; 1. re'ee 2. ji'a 3. ho'a

Deebii gilgaala 9. Jechoota sagalee laafaa, jabaa, hudhaafi irrabutaa qaban:

Jechoota sagalee laafaa	Jechoota sagalee jabaa	Jechoota sagalee hudhaa	Jechoota sagalee irrabutaa
fide, qara, lama baqaqe, dhale loon, laga, bira fala hoolaa, gaara, laagaa	ollaa, jabbii dorrobe cabbii guyyaa birraa faallaa fidde	sa'a, re'ee, ba'i, ta'e, torba, fo'e, tarree	turte,leenca, tiksuu, sangaa, gamtaa

Madaallii

- ✓ Jechoota sagalee irrabutaa qaban dhageeffachuun sagaleessuu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ Jechoota sagalee irra butaafi hudhaa qaban dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ Jechoota sagalee irra butaa qaba barreessuufi kanneen sagalee hudhaa fudhachuu qaban immoo, hudhaa gidduu sagaleetti galchuu danda'uufi jechoota sagalee hudhaa of keessaa qaban barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.

Barannoo 4: Guyyoota Torbanii (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- maqaa guyyoota torbanii Afaan Oromoon himuu nidanda'u;
- maqaa guyyoota torbanii barreessuu nidanda'u.
- maqaa guyyoota torbanii gargaaramanii himoota gaggabaaboo ijaaruu nidanda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

- maqaa guyyoota torbanii akka walgaafatanuufi walitti himan shaakalsiisuu;
- maqaa guyyoota torbanii tartiibaan akka barreessan shaalsiisuu;
- maqaa guyyoota torbanii himoota gaggabaaboo keessatti akka fayyadamii himoota ijaaran jajjabeessuu;
- hojiilee barattoota hordofuun deeggaruun duubdeebii kennuu;
- Mmaqaa guyyoota torbanii tarreeffamanii jiran keessaa kan sagalee irra butaa qaban akka adda baasanii barreessan jajjabeessuu.

Deebii gilgaala 10

- A. Guyyuuta torbanii Kanneen sagalee irra butaa qaban: **Sanbata, Dilbata, Kibxata**
- B. Barattoonni akkaataa fakkeenya kennameetiin maqaa guyyoota torbanii fayyadamuun himoota karaa adda adda ni'ijaaru. Kanaafuu, deebiin barattoonni kennan adda adda ta'uu waan maluuf deebii isaanii irraa fuudhuun qajeelchuufi jajjabeessuun gaarii ta'a.
- C. Deebii gilgaala kanaatiifis barattoonni torban keessatti wantoota hojjetan karaa adda adda ibsuu waan danga'aniif deebii isaanii irraa fuudhuun gaarii ta'a.

Madaallii

- ✓ maqaa guyyoota torbanii walgaafatanii walitti himuu nidanda'u isaanii mirkaneeffachuu;
- ✓ maqaa guyyoota torbanii tartiibaan barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ maqaa guyyoota torbanii gargaaramanii himoota gaggabaaboo ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.

Barannoo 5: Maqibsoota adda baasuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- maqibsoota adda baafatanii himuu nidanda'u;
- maqibsoota barreessuu nidanda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

- Maqibsoota barattoota akka afaan lammaffaatti barataniif haaraa waan ta'eef, yaadannoo barbaachisu kennuufii;
- maqibsoonni hima keessatti **maqaa booda** kan dhufan ta'uu isaa irratti hubannoo akka qabaatan taasisuu;
- maqibsoota Afaan Oromoo irratti fakkeenya quubsaafi ifaa ta'e kennuun sirriitti akka adda baafatan godhi;

- hojiilee barattootaa sirriitti hordofuun duubdeebii barbaachisaa ta'e kenniif.

Yaadannoo: maqibsa

Afaan Oromoo keessatti, maqibsa jechuun maqaa booda galuudhaan waa'ee maqaa sanaa kan ibsuudha. Ibsi maqaa, maalummaa, bifa, amala, dheerina, guddina maqaafi kkf kan ibsuudha. Fakkeenya, Mana guddaa

Mucayyoo diimtuu

Sanaa gurraacha

Deebii gilgaala 11

A. Fakkii roga B jalaa gara A tti firoomsuu.

1. B 2E 3D 4C 5A

B. Ibsoota maqaa koornayaa agarsiisan

1. Mucayyoo diimtuu

2. Saree gurraattii

3. Barataa cimaa

4. Barsiisaa dheeraa

5. Barsiistuu cimtuu

Madaallii

- ✓ maqibsoota adda baafatanii himuu danda'uu isanii mirkaneessuu;
- ✓ maqibsoota barreessuu danda'u isaanii mirkaneessuu.

Boqonnaa 8: Maatii

(Wayitii 8)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni keeyyata gabaabaa dhaggeeffachuufi dubbisuu shaakalu. Akkasumas, yaadolee calla waan dhaggeeffataniifi dubbisanii himuu shaakalu. Adeemsa dhaggeeffachuufi dubbisuu keessattis jechoota miseensa maatii ibsan adda baasuun dubbisuu, barreessuufi itti fayyadamu. Kana malees, hiika jechootaa, hima barreessuu. bamaqaa abbummaafi matima agarsiisan, maqaafi bamaqaa waliin deeman addaan baasuun shaakalu. Jechoota lakkoofsa ibsan, walqabsiistota ida'ama yaadaa agarsiisan, akkaataa of ibsuu itti danda'an shaakalu. Kanaafuu, shaakaloota tokkoo tokkoo gilgaalotaa jalatti dhiyaatan haalaan shaakalchiisuun barbaachisaa ta'a.

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- faaruu **maatii koo** jedhu ga'umsaan nifaarfatu;
- keeyyata waa'ee **Maatii** dubbisanii yaada callaafi dimshaashaa isaa ni'ibsu;
- jechoota miseensa maatiifi firummaa ibsan nidubbisu;
- jechoota miseensa maatiifi firoottan maatiin walqabatani kennaman hiikaa isaanii waliin walitti firoomsuu;
- jechoota walkeessa makaman qindessuun hima nibarreessu;
- bamaqaalee abbummaa agarsiisan miseensota maatiin walitti fiduun nidubbisu;
- bamaqaalee bakka matimaa galan adda nibaasu;
- walqabsiistota ida'ama yaadaa agarsiisanitti dhimma ba'uu danda'u;
- lakkoofsota 1 hanga 20 jiran jechaan nibarreessu; nidubbisus;
- of ibsuu nishaakalu.

Barannoo 1: Faaruu Dhaggeeffachuufi Faarfachuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- fakkii ilaaluun waan dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- faaruu dhiyaatuuf dhaggeeffachuun miseensota maatii eenyufaa akka ta'an adda nibaafatu;

Gahee barsiisaa/tuu;

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni faaruu **Maatii koo** jedhu dhaggeeffatanii gaaffilee gaafataman akka deebisantu barbaadama. Faaruu dhaggeeffatan keessatti meseensota maatii akka adda baafatantu eegama. Kanaafuu, jalqaba barattoonni wayitii kanatti maal hojjachuuf akka deeman itti himi. Mata duree faaruu dhaggeeffachuuf deemaniitis gabateerratti barreessiif. Itti aansuun, gilgaala caqasuun duraa shaakalsiisi. Barattoonnis fakkii kenname ilaaluun waan hubatan cimdii cimdiin ta'uun akka walitti himan taasisi. Waan irratti mariyataniifi hubatan dareef akka himan jajjabeessi. Asitti deebii sirraa kennuu isaanii hineegamu.

Kanatti aansuun, faaruu qophaa'e al sadan tokko dhaggeeffachiisi. Erga dhaggeeffatanii booda yaadolee waan dhaggeeffatan keessaa argatan bu'uureffatanii gaaffilee gilgaala 2 jalaa akka deebisan taasisi. Faaruun kun waraabbiidhaan kan si hindhaqqabne yoo ta'e ofii keetii yeedaloo itti baasuun faarfadhuuf ykn yeedaloo itti baaste irratti hundaa'uun barattoonni muraasni dursanii akka faarfatan taasisuun erga waraabdee booda dhageessisi. Faaruu dhiyaate erga dhaggeeffatanii booda, gaaffiilee hubannoo akka deebisan taasisi. Bakka isaan rakkatanitti deeggarsa gochuun jajjabeessis. Faaruu dhaggeeffataniin walqabatee jechoota isaanitti haaraa ta'uu malan akka hubataniif hiikaa jechootaa gilgaala 4ffaa jalatti kennaman akka hiika itti kennan taasisi. Walaloon faaruu dhiyaatuu kan armaan gadiiti.

Maatii koo

Haadhaaf abbaa koo nan jaaladhaa

Obboleewwan koo nan jaaladhaa

Nagaaf jaalaan na jiraadhaa!(2x)

Warri koo anaaf laatuu

Warri koo natti huwwisuu

Warri koo na barsiisuu

Warri koo na kunuunsuu! (2)

Obboleessa koo nan jaaladhaa

Obboleettii toos nan jaaladhaa

Nagaaf jaalaalaan nan jiraadhaa! (2x)

Deebii Gilgaala 1(dhaggeeffachuu dura)

Deebiin gaaffilee gilgaala kanaa hubannoo barattootaa irratti kan hundaa'uta'ee,

1. Akkuma yaada barattootaatti fudhatama.
2. Haadha, abbaa, obboleessa, obboleetii, ... jechuu danda'u

Deebii gilgaala 2(yeroo dhaggeeffachuu)

1. Maatii koo
2. Haadha, abbaa, obboleessa, obboleetii
3. Nyaata laatuuf, ni'uwwisu, nikunuunsu, nibarsiisu

Deebii gilgaala 3 (dhaggeeffachuu booda)

- faaruu dhaggeeffatan ofii isaaniitiin faarfatu;
- walaloo faaruu dhiyaatee gabatee irratti barreessuun barattoonni ofdanda'anii akka faarsan jajjabeessuu gaafata;
- miseensota maatii isaanii himu. kunimmoo, barataadhaa barataatti garaagarummaa qabaachuu waan danda'uuf akkaatuma isaan deebisaniin ilaalama. miseensa maatii faaruu keessatti ibsamaniin ala jiran dabaluu ykn hir'isuun himuu malu;
- ga'ee maatii isaanii haala adda addaatiin himuu malu. ta'us ga'ee maatii faaruu dhaggeeffatan keessatti ibsamaniifi sanaa alatti jiru ibsuu malu. kanaaf, akkuma akka kan ilaalamu ta'uu hubachuun jajjabeessuu gaafata.

Deebii gilgaala 4. (hiikaa jechootaa)

1. haadha - deessuu/harmee
2. laatu - kennu
3. abbaa – kan nama dhalche
4. kunuunsu – eegumsa godhu
5. huwwisuu – daara baasuu

Madaallii

Barannoo kanaan dandeettii dhaggeeffachuu akka cimsatan taasisuutu barbaadame. Haata'u malee, akkuma 'Dhagaa tokkoon simbira lama' jedhan dandeettii dhaggeeffachuu cimsachuun alattis miseensonni maatii Afaan Oromootiin eenyufaa akka ta'an beekani dhimma akka itti ba'aniif karoorfamee kan dhiyaateedha. Kanaafuu, shaakaloota kennaman ifa gochuudhaan barattoonni akka keessatti hirmaatan taasisi. Dandeettii isaan duraan qaban irratti

hundaa'uudhaan hojii dhaggeeffachiisuu keetii milkeessi. Galma ga'iinsa kaayyoo barnootichaas mirkaaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 2: Dubbisuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- sagaleewwan jechoota miseensota maatii qoqqoodamanii kennaman walitti makuun jecha ijaaranni nidubbisu.
- dubbisa '**Miseensota Maatii**' jedhu dubbisuun gaaffiilee hubannoo nideebisu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni dubbisa **Miseensota Maatii** jedhu dubbisanii gaaffilee hubannoo gaafataman akka deebisantu barbaadama. Dubbisa kana keessatti meseensota maatii dhaggeeffachuu keessatti barataniifi sanaa ala jiran caalaatti akka adda baafatantu barbaadama. Kanaafuu, jalqaba barattoonni wayitii kanatti maal hojjachuuf akka deeman itti himi. Mata duree dubbisa dubbisuuf deeman gabateerratti barreessiif. Itti aansuun, gilgaala dubbisuun duraa shaakalsiisi. Gilgaala dubbisuun duraa keessatti, jechoota miseensota maatii dubbisuufi barreessuu akka danda'an taasisuun dubbisichi maal irratti akka hundaa'u tilmaamsisuuf baay'ee gargaara. Barattoonni jechoota qoqqoodaman cimdii cimdiin ta'uun walitti makaa akka waliif dubbisan taasisi. Sagaleewwan walitti makan dareef akka dubbisan carraa kennuun jajjabeessi.

Kanatti aansuun, dubbisa qophaa'e cimdii cimdiin ta'uun dabareen akka waliif dubbisan taasisi. Dubbisaa jiraachuu isaaniis keessa deddeemuun mirkaneeffadhu. Bakka issaan rakkisettis deeggarsa barbaachisu kenniif. Erga cimdiin dubbisanii booda, dareef akka dubbisan barattoota muraasaaf carraa kenniif. Yaadolee waan dubbisanirraa argatan bu'uureffatanii gaaffilee hubannoo gilgaala 6fi 7 jalatti kennamaniidhuunfaan akka hojjatan taasisi. Booda, cimdiin ta'uun deebii isaanii akka walitti agarsiisan taasisi. Dhumarrattis, barattoota muraasaaf carraa laachuun deebii isaanii dareef akka himan taasisuun jajjabeessi; deebii isaanitis mirkaneessi.

Deebii Gilgaala 5

Gilgaalli kun barattoonni jecha sagaleen adda qoqqoodame tokko walitti fiduun akka dubbisan gochuu waan ta'eef, akka walitti makuudhaan dubbisan jajjabeessi.

Deebii gilgaala 6

Maqaa miseensa maatii	Firooma	Maqaa miseensa maatii	Firooma
Tolaa	akaakayyuu	Soorettii	akkoo
Gaaddisee	haadha	Obsaa	obboleessa
Nadhii	obboleettii	Gammachuu	abbaa

Deebii gilgaala 7

1. soba
2. B
3. soba
4. daa'immanii
5. Torba. Isaanis, akkoo, akaakayyuu, abbaa, haadha, obboleettii, obboleessaafi Boonaadha.

Madaallii

Barannoo kanaan barattoonni dandeettii dubbisuu akka cimsatan shaakalsiisuutu barbaadame. Haata'umalee, akkuma 'Dhagaa tokkoon simbira lama' jedhan dandeettii dubbisuu cimsachuun alattis miseensonni maatii Afaan Oromootiin eenyufaa akka ta'an beekanii dhimma akka itti ba'aniif karoorfamee kan dhiyaatedha. Kanaafuu, shaakaloota kennaman ifa gochuudhaan barattoonni akka keessatti hirmaatan taasisi. Dandeettii isaan duraan qaban irratti hundaa'uudhaan hojii dubbisuu milkeessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni jirutti shaakala dabalataatiin tumsi.

Barannoo 3: Fayyadama Jechoota (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota dubbisa keessaa ba'aniifi hiikaa isaaniin walitti nifiroomsu
- jechoota firooma agarsiisan dubbisuufi hiikaa itti kennuu nidanda'u

Gahee barsiisaa/tuu

Jechoonni barannoo kana jalatti dhiyaatan kanneen dubbisa barattoonni dubbisan keessaa funaanamani. Kanaafuu, haarawa miti. Waan kana ta'eef, hiikaa isaanii roga 'B' jalatti kennamaniin akka walitti firoomsan taasisi. Tarii barattoonni jechoota Afaan Oromoo firooma agarsiisan biroo ajaja 'B' jalatti kennaman hinbeekan ta'uu danda'a. Kanaaf, akka dubbisan taasisuun hiikaa isaanii erga tilmaamsistee booda itti himi. Haala kana madaaluudhaan ibsi kan barbaachisu yoo ta'e adda baafachuudhaan gilgaala 8ffaa dhuunfaadhaan hojjachiisi. Deebii isaanii irratti gareedhaan akka mari'atan taasisi.

Deebii Gilgaala 8A

- | | | |
|------|------|------|
| 1. e | 4. a | 7. b |
| 2. g | 5. c | |
| 3. f | 6. d | |

Deebii Gilgaala 8B

Barattoonni maqaa firoota isaanii barreessu

Madaallii

Barattoonni hiikaa jechoota miseensota maatiin walqabatan horachuu isaanii ilaaluudhaan mirkaneeffadha. Jechoota kennaman haalaan sagaleessuufi hiikaa isaanii beekani dhimma itti ba'uu danda'uu isaanii karaa siif mijatu hundaan adda baafachuu yaali. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 4: Hima barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota waljala darban sirreessanii hima nibarreessu;
- jechoota kennamaniin hima ni'ijaaru.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni hima ijaaru shaakalu. Kunis, dandeettiin barattootaa jechootaafi gaalee barreessuu irraa gara hima ijaaruutti guddachaa dhufuu agarsiisa. Kanaafuu, jalqaba, barattoonni maal hojjachuuf akka deeman qajeelchi. Kanaanis, barattoonni fakkeenya

ajaja ‘A’ kitaaba isaaniirra jiruufi ati kenniteef irratti hundaa’uun, dhuunfaan caasaa himootaa waljala darbanii akka sirreessan taasisi. Booda, caasaa himootaa sirreessanii cimdii cimdiiin walitti agarsiisuun akka waliif dubbisan jajjabeessi. Dhumarratti, caasaa himaa waljala darban gabatee irratti barreessuun barattoonni muraasni sirreessaniiakka dubbisan qajaalchuun jajjabeessi. Sirreeffama barbaachisus kenniif. Haala kanaan, qubee guddaan jalqabuu, mataa himaatti matima mul’istuun dabalamuufi dhumarratti tuqaan jiraachuu agarsiisuun akka xiyyeeffatan taasisi. Kana jechuun, caasaalee himaa kan akka matimaa, aantimaa gochimaa barsiifta jechuu miti. Jecha waa’eensaa himamaa jiru agariisuuf ‘**n, ni, i,**’ kan dabalatan ta’uu fakkeenya gargaaramuun yoo itti himte ga’aadha.

Ajajni ‘B’ jechoota kennamaniin hima ijaaruudha. Jechoonni kennaman kanuma barattoonni karaa adda addaan shaakalaa dhufan waan ta’aniif hinrakkisan jedhamanii abdatamu. Ta’us, hiikaa isaanii yaadachiisuun eegali. Ittaansuun, ulaagaa hima ijaaruu olitti eeraman eeguun dhuunfaan akka hima ijaaran taasisi. Hima ijaaranis hiriyoota isaanii waliin akka walitti agarsiisan taasisi. Dhumarratti, jechoota kennaman gabatee irratti erga barreessitee booda barattoota muraasaaf carraa kennuun gabateerratti hima ijaaran agarsiisuun akka dubbisan taasisi. Yaalii isaaniifis haalaan jajjabeessi. Sirreeffama barbaachisus kennuun kaayyoo barnootichaa milkeessi.

Deebii Gilgaala 9A caasaa himootaa sirreessuu

1. Guyyoon akaakayyuu kooti.
2. Caaltuun haadha tiyya.
3. Kumeen obboleettii tiyya.
4. Jimaan obboleessa koo ti.
5. Dureettiin akkoo Boruuti.

Deebii Gilgaala 9B Hima ijaaruu

Barattoonni jechoota kennamaniin himoota bifa adda addaatiin ijaaruu danda’anis fakkeenya deebii gilgaala kanaa kan armaan gadii fudhachuu dandeenya.

1. Haadha–Haadha too baay’een jaaladha.
2. Obboleettii – Caaltuun obboleettii tiyya.
3. Obboleessa–Obboleessi koo barataadha.
4. Akkoo – Akkoon tiyya baadiyyaa jiraatti.
5. Akaakayyuu – Akaakayyuunoduu durii natti hime.

Madaallii

Barattoonni akkaataadhuma qajeelfama kennameetiin tartiiba caasaa hima Afaan Oromoo eeguun hima ijaaruu danda'uu mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 5: Bamaqaalee (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- bamaqaa abbummaa agarsiisan gargaaramuun jechoota miseensota maatii agarsiisan walitti makuun nibarreessu; nidubbisus.
- bamaqa bakka maqaa/matimaa buusuun irra deebi'anii nibarreessu; nidubbisus.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonnibamaqaalee abbummaa agarsiisaniifi matima agarsiisan gargaaramuu shaakalu. Kunis,bamaqaalee abbummaafi matima agarsiisan dubbisuufi itti fayyadamuu akka danda'an tumsuuf yaaddame. Kanaaf, jalqaba, barattoonnibamaqaa abbummaa agarsiisan akka adda baafataniif gabatee irratti tarreessuun agarsiisi.Dubbisuus shaakalsiisi. Ittaansuun, haala abbummaa itti agarsiisan fakkeenya kitaaba isaanii irratti kenname gabatee irratti barreessuun walitti makii agarsiisi. Barattoonnis fakkeenya kenname irratti hundaa'uun, dhuunfaan jechoota qoqqoodaman walitti makuun akka barreessan taasisi. Booda, jechoota walitti makan cimdiin akka walitti agarsiisuun waliif dubbisan jajjabeessi. Dhumarratti, jechoota qoqqoodaman gabateerratti barreessuun barattoonni muraasni walitti makaniin akka dubbisan qajaalchuun jajjabeessi. Jechoota walitti dhufan keessaaBamaqaalee abbummaa agarsiisan jala sararuun akka adda baasan taasisi.

Ajjajni 'B' jechoota/maqaaleehima keessatti jala sararamanbamaqaalee matima agarsiisaniin bakka buusuudha. Kunis,bamaqaalee bakka maqaatti gargaaramuu dandeessisa. Kanaaf, durabamaqaalee matimma/maqaa waa'een isaa haasa'amuu bakka bu'uu danda'an gabateerratti tarreessuun barattootaaf dubbisi. Itti aansuun, fakkeenya kitaaba barataa irratti kenname, gabateerratti barreessuun maqaa jala muramebamaqaa akkamiin akka bakka bu'e sababa waliin ibsiif. Bamaqaaleen kunneen lakkoofsaafi korniyaa haala itti agarsiisanis hubachiisi. Kana booda, barattoonni fakkeenya kenname bu'uura taasifachuunbamaqaalee kennaman keessaa kan lakkoofsaafi kornayaan maqaa jala sarame bakka bu'uu danda'u dhuunfaan akka filatan taasisi. Waan hojjatanis hiriyoota isaanii waliin akka walitti agarsiisan taasisi. Dhumarratti, himoota kennaman gabatee irratti erga barreessitee booda barattoota

muraasaaf carraa kennuun gabateerrattibamaqaa maqaa jala sararamee bakka buusuun akka dubbisan taasisi. Yaalii isaaniifis haalaan jajjabeessi. Sirreeffama barbaachisus kennuun kaayyoo barnootichaa milkeessi.

Deebii Gilgaala 10A. Jechootabamaqaaan walitti fiduun dubbisuu.

1. obboleettii + tiyya = **obboleettii tiyya**
2. obboleettii + too = **obboleettii too**
3. obboleessa + koo = **obboleessa koo**
4. obboleessa + kiyya = **obboleessa kiyya**
5. haadha + too = **haadha too**
6. haadha + tiyya = **haadha tiyya**

Deebii Gilgaala 10B. Bamaqaamaqaaan bakka buusuu,

1. B 2. B 3. C

Madaallii

Barattoonni lakkoofsaafi korniyaa giddugaleeffachuunbamaqaa bakka maqaa buusuu danda'uu mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 6: Walqabsiistota ida'ama yaadaa agarsiisan (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Walqabsiistota ida'ama yaadaa agarsiisan gargaarumuun Yaada dabalataa ibsuu danda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu,

Bbarannoo kana keessatti, barattoonni walqabsiistota idama yaadaa agarsiisaniitti dhimma ba'uun yaadota walqabsiisuu akka yaalantu barbaadame. Akkuma deemsa oliirraa hubattu, barattoonni sagalee, jecha, gaaleefi hima barreessuufi dubbisuu shaakaluun as ga'aniiru. Ammammoo, gara keeyyata barreessuu shaakaluutti dhufu waan ta'eef, yaada walqabsiisuu shaakaluun murteessaadha. Kanaafuu, dura walqabsiistota ida'ama yaadaa agarsiisan gabateerratti barreessuun dubbisuu shaakalsiisi. Itti aansuun maal jechuu akka ta'anis barattootaaf ibsi. Sana booda, barattoonni ibsaafi fakkeenya kenname gargaaramuun, yaadota keeyyata gabaabaa gilgaala 11 jalatti kennaman walqabsiistota kennaman keessaa filachuun

dhuunfaa dhuunfaan akka walqabsiisan taasisi. Ittaansuun, waan hojjatan akka waliitti agarsiisan taasisi. Dhumarratti, barattoonni muraasni keeyyatiicha irra deebi'uun akka dareef dubbisan affeeri. Yaalii isaan taasisaniif jajjabeessuu hindagatin. Atis, sirreeffamaafi Yaada dabalataa barbaachisu kennuun barnooticha xumuri.

Deebii Gilgaala 11

akkasumas,	fi	kana malees,	dabalataanis,
------------	----	--------------	---------------

Jiituun amala gaarii qabdi. Haadhaafi abbaa ishee nikabajji. Akkasumas, angafoota isheef kabaja qabdi. Barsiisota, maanguddootaa fi ga'eessota baay'ee kabajji. Kanamalees, Jiituun barumsaan cimtuudha. Daree ishee keessaa lffaa baatee badhaafamte. Dabalataanis, akka mana barnootaatti badhaafamtuudha.

Hub.

- walqabsiistuun tokko bakka isa biroo bu'uu akka danda'u dagachuu hinqabdu.
- deebiinbarattoonni kennan dirqamatti haala olitti kennameen qofa ta'uu hinqabu.
- kanaaf, haala deebii isaaniifi yaa'a yaadichaa ilaaluun jajjabeessi.
- dhimma qubee guddaafi qoodduutis akeeki.

Madaallii

Barattoonni walqabsiistota ida'ama yaadaatti gargaaramuun yaadota walfakkaatan walqabsiisuun ibsuu danda'uu gilgaala kennameefi yaalii dabalataa kennituun adda baafadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 7: Lakkoofsa jechaan barreessuufi dubbisuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Lakkoofsota 1 hanga 20 jechaan barreessuufi dubbisuu shaakalu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo kanaan barattoonni lakkoofsota 1 hanga 20 jiran jechaan sagaleessuufi barreessuu danda'uu qabu. Kanaafuu, jalqaba irratti barattoonni lakkoofsota 1 hanaga 10 jechaan dabaalamee gilgaala 12A jalatti qoqqoodamuun gabatee keessatti dhiyaatan dhuunfaan barreessuun akka walitti makan fakkeenya hojjachuun agarsiisi. Ittaansuun, sagaleewwan walitti makan hiriyoota isaanii waliin akka waliif dubbisan taasisi. Dhumarrattis, barattoonni

muraasni gabateerratti walitti makuun dareef akka dubbisan jajjabeessi. Haaluma walfakkaatuun, barattooni lakkoofsota 11 hanaga 20 jechaan dabaalamee gilgaala 12B jalatti qoqqoodamuun gabatee keessatti dhiyaatan dhuunfaan barreessuun akka walitti makan fakkeenya hojjachuun agarsiisi. Ittaansuun, sagaleewwan walitti makan hiriyoota isaanii waliin akka waliif dubbisan taasisi. Dhumarrattis, barattooni muraasni gabateerratti walitti makuun dareef akka dubbisan jajjabeessi. Gilgaala 13ffaa jalattis lakkoofsota 1 hanga 20 jechaan barra'an keessaa kanneen filataman walitti firoomsuun lakkoofsota jechaan barreessuufi dubbisuu danda'uu adda baafadhu.


Deebii Gilgaala 12A. Lakkoofsota jechaan barra'an walitti makuun dubbisuu

Lakkoofs	Jecha		Lakkoofs	Jecha	
a			a		
1	tok – ko	tokko	6	ja – ha	jaha
2	la – ma	lama	7	tor – ba	torba
3	sa – di	Sadii	8	sad- deet	saddet
4	a – fur	Afur	9	sa – gal	sagal
5	Shan	Shan	10	ku – dhan	kudhan

Deebii Gilgaala 12B. Lakkoofsota 11 – 20 jechaan barra'an walitti makuun dubbisuu

Lak.	Jecha	Lak.	Jecha
11	kudha tokko	16	Kudha jaha
12	Kudha lama	17	kudha torba
13	Kudha sadi	18	Kudha saddet
14	Kudha afur	19	Kudha sagal
55	Kudha shan	20	digdama

Deebii Gilgaala 13: Lakkoofsa jechaan walitti firoomsuu



Madaallii

Barattoonni lakkoofsota 1 hanga 20 jechootaan barreessuufidubbisuu danda’uu isaanii gilgaalotaafi yaalii dabalataa kennituun adda baafadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 8: Of ibsuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota akka maqaa, umrii, haala maatiifi haala barnootaa gargaaramuun of ibsuu shaakalu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo kanaan barattoonni jechoota bu’uuraa kanneen akka maqaa, umrii, haala maatii(abbaa, haadha, obboleessa, obboleettii), haala barumsaa (kutaa fi daree baratan) gargaaramuun afaaniin of ibsuu akka shaakalantu barbaadame. Kanaafuu, jalqaba irratti mataduree **Of ibsuu** jedhuufi qabaxiilee irratti hundaa’uun akka of ibsaniif yaadame gabateerratti barreessi. Ittaansuun, fakkeenya kitaabarratti kenname hiriyoota isaanii waliin akka dubbisan taasisi. Booda, dhuunfaan akkaataa fakkeenyaafi duraaduuba qabxiileekennamaniitiin akkaataa itti of ibsuu danda’an akka barreessan taasisi. Waan barreessan irratti hundaa’uun cimdii cimdii ta’uun dabareen akka of ibsan qajeelchi. Dhumarrattis, barattoonni muraasni barattoota daree fuulduratti ba’uun afaaniin akka of ibsan jajjabeessi. Wayita barattoonni of ibsan dogoggora uumamauu malu sirreessuuf yaaluun qaama kamirraa iyyuu hineeggamu. Tartiibniifi haalli dhiyaanna of ibsuu kan armaan gadiiti.

Maqaan koo

Umriin koo

Kutaa

Abbaan koo

Haati tiyya ammoo

Obbolaan koo

Madaallii

Haaluma qajeelfama kennameetiin barattoonni,

- Qabxiilee of ibsuu keessatti akka fuulleffatamaniif kennaman hordofuun of ibsuu danda’uu wayita cimdiin of ibsaniifi dareef of ibsan haalaan hordofuufi deeggaruun mirkaneeffachuu barbaachisa. Yoo hanqinni jiraate, shaakala dabalataa akka taasisan hojmanee kennuun irra deebi’uun shaakalsiisi.

Boqonnaa 9: Mana Barnootaa Koo

(Wayitii 8)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni keeyyata dhaggeeffatanii yaadolee callaa isaa baru. Walaloo dubbisuu akka danda'anis ni barbaadama. Akkasumas, hiika jechootaa, jechoota waliin deeman, jechoota lakkoofsa ibsaniifi bamaqaalee abbumaa agarsiisan akka hubatan barbaadama. Kanaafuu, shaakaloota tokko tokkoo gilgaalotaa jalatti dhi'aatan haalaan shaakalchiisuun barbaachisaa ta'a.

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- keeyyata mata dureen isaa **Daree Barnootaa koo** jedhu nidhaggeeffatu;
- maqaafi fakkii meeshaalee daree barnootaa keessatti argaman walitti nihimu;
- walaloo **Barnoota** jedhu dubbisuun yaada isaa ni'ibsu;
- jechoota waliin deeman walitti fiduun ga'umsaan nidubbisu;
- hiikaa jechoota waliin deemanii nikennu;
- jechoota waliin deeman gargaaramuun hima ni'ijaaru;
- lakkoofsota 21 hanga 50 jechaan barreessuun nidubbisu;
- bamaqaalee abbumaa agarsiisan himoota keessatti nifayyadamu;
- himoota gaaffiifi deebii bittaa-gurgurtaan walqabatan nishaakalu.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- keeyyata mata dureen isaa **Daree Koo** jedhu nidhaggeeffatu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni keeyyata dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee gaafataman akka deebisantu barbaadama. Kanaafuu, gilgaala 1 gaafachuudhaan keeyyata asii gadii yeroo sadi dubbisiif. Dhaggeeffachaa gaaffilee gilgaala 2 jalaa akka deebisan taasisi.

Daree Koo

Dareen barnootaa koo baayyee bareeda. Keessi isaa fakkiifi kaartaa adda addaatiin miidhagee jira. Kallattii fuuldura kootiin gabatee gurraachatu jira. Bitaa mirga isaa irratti fakkiin qaamolee

mukaafi ilbiisotaa agarsiisu fannifamee mullata. Keenyaan mirga koo irratti kaartaan naannolee Itoophiyaafi Oromiyaatu jira. Akkasumas, kan biyyoota Afrikaa agarsiisu ka'ee jira. Gama bitaa kootiinis fakkii sirna bullaa'insa nyaataa agarsiisu foddaa lamaan gidduutti maxxanee jira. Duuba koo irratti garuu, kaartaa ardiilee addunyaa hunda of irraa qabutu bifa nama hawwatuun ka'ee mullata. Kanaafuu, dareen koo madda beekumsaatiin faayamaadha jechuun nidanda'ama.

Deebii Gilgaala 1

Deebiin gaaffilee gilgaala kana jalaa hubannoo barattootaa irratti hundaa'ee kan deebi'uta'a. Deebii sirriin hinjiraatu. Kanuma barattoonni kennan madaaluudhaan fudhadhu. Barattoota yaalaniif amilee kennuudhaan atis kan kee itti dablilii yaada isaa bal'isuu yaali.

Deebii Gilgaala 2

1. fakkii qaamolee mukaa, qaamolee ilbiisotaafi sirna bullaainsa nyaataa agarsiisu.
2. kaartaa naannolee Itoophiyaa, Oromiyaa, Afrikaafi kan ardiilee addunyaa agarsiisu.

Madaallii

Barannoo kanaan dandeettii dhaggeeffachuu akka cimsatan taasisuutu barbaadame. Kanaafuu, shaakaloota kennaman ifa gochuudhaan barattoonni akka keessatti hirmaatan taasisi. Dandeettii isaan duraan qaban irratti hundaa'uudhaan hojii dhaggeeffachiisuu keetii milkeessi. Galma ga'iinsa kaayyoo barnootichaas mirkaaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 2. Maqaa fakkiifi kaartaa himuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Maqaafi fakkii meeshaalee daree barnootaa keessatti argamanii walitti nihimu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni maqaafi fakkii meeshaalee daree barnootaa keessatti argamanii akka walitti himan taasisuutu barbaadame. Kanaanis dandeettii dubbachuu isaanii gabbifachuu danda'u. Keeyyanni ati barannoo darbe keessatti dubbistee dhaggeeffachiiste shaakala kanaaf ciicata ta'uufii nidanda'a. Ta'uus baatu, fakkiileefi kaartaa ilaaluudhaan walitti himuu hinhambisin. Kanaafuu, haaluma qajeelfama kennameettiin shaakalchiisi.

Gilgaala 3

Fakkiileefi kaartaa ilaalanii akka sitti himan taasisi.

Kaartaa= A, E, F, G

Fakkii = B, C, D, H

Deebii Gilgaala 4.

1. c 2. d 3. b 4. A

Deebii gilgaala 5

1. c 2.d 3.b 4.a

Madaallii

Barattoonni akkaataadhuma qajeelfama kennameetiin hojjachuu danda'uu isaanii adeemsa keessatti mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 3: Walaloo Dubbisuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Walaloo **Barnoota** jedhu ga'umsaan dubbisuun yaada isaa ni'ibsu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni walaloo dhiyaate dubbisuudhaan dandeettii dubbisuu isaanii akka cimsatan barbaadame. Kanaafuu, walalicha irra deddeebiidhaan dubbisanii akka hubatan taasisi.

Gilgaala 6

Akka irra deddeebi'anii dubbisanii hubatan taasisi.

Deebii Gilgaala 7

Barattoonni hubannoo walaloo dubbisuudhaan argatani irratti hundaa'anii gaaffilee akka deebisan jajjabeessi. Deebiin isaan barataadhaa, barataatti adda adda ta'us kan yaada walaloo keessatti argamu bu'uureffatte ta'uu mirkaneeffadhu.

Madaallii

Barattoonni shaakala dubbisa hubannoo taasisuu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 4: Jechoota waliin deeman dubbisuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota waliin deeman walitti fiduun ga'umsaan nidubbisu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo kanaan barattoonni jechoota waliin deemuu danda'an walitti fidanii akka dubbisan taasisuun barbaachisaadha. Jechoonni shaakala kanaaf filataman dubbisa barattoonni wayitii darbe dubbusan keessaa filatamani. Kanaafuu, barattootaaf haarawa miti jechuudha. Atis haaluma qajeelfama kennameetiin walitti fidanii akka dubbisan taasisi.

Deebii Gilgaala 8

- Biqiltuu dhaabuu
- Doofummaa balleessuu
- Dungoo qabsiisuu
- Barnoota barachuu
- Kitaaba dubbisuu

Madaallii

Barattoonni jechoota kennaman walitti fiduudhaan akka dubbisan gargaari. Adeemsa hojii isaaniitiin sadarkaa hubannoo isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 5: Jechoota waliin deemaniin himoota barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni

- jechoota waliin deeman gargaaramuun hima ni'ijaaru.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo kanaan barattoonni sadarkaa jechoota waliin deeman walitti fidanii dubbisuu irra darbanii himoota ittiin ijaaruutu eegama. Kanaafuu, haaluma jechoonni waliin deemuu danda'aniin walitti fiduudhaan himoota akka barreessanii dubbisan taasisi.

Deebii Gilgaala 9

Deebiin gilgaala kanaa barataarra barataatti gargar ta'uu nidanda'a. Yaa ta'u malee, kanneen armaan gadiitiin deebii kee goolabuu nidandeessa.

2. Inni laaqana nyaachuu deeme.
3. Siddiseen xalayaa barreessuu eegalte.
4. Badhaasaan bishaan dhuguu hinjaalatu
5. Tolashiin buna danfisuu jibbiti.
6. Leencoon kubbaa taphachuu jaalata.

Madaallii

Barattoonni jechoota kennaman walitti fiduudhaan hima ijaaranii akka dubbisan gargaari. Ga'umsa hojii isaaniitiin sadarkaa hubannoo isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 6: Lakkoofsota 21 hanga 50 jechaan sagaleessuufi barreessuu

(Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota waliin deeman gargaaramuun hima ni'ijaaru.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo kana keessatti barattoonni lakkoofsota 21 hanga 50 jiran jechaan sagaleessuufi barreessuu danda'uu qabu. Kanaafuu, jalqaba irratti lakkoofsota gilgaala 10 jalatti gabatee keessatti di'aatan sagaleessuu akka shaakalan taasisi. Ittaansuudhaan sagaleewwan jechoota lakkoofsota sagaleessanii adda daasuudhaan barreessuu akka danda'aniif irra deddeebiin shaakalchiisi.

Gilgaala 10. Barattoonni lakkoofsa 21-50 gabatee keessatti barreeffamanii jiran akka sagalee ol kaasuun dubbisan fakkeenya kennuun hojjachiisi. Bakka deeggaramuu qabanittis deeggarsa kenniif.

Deebii Gilgaala 11

Lakkoofsaan	Jechaan	Lakkoofsaan	Jechaan
21	digdamii tokko	36	soddomii jaha
22	digdamii lama	37	soddomii torba

23	digdamii sadi	38	soddomii saddet
24	digdamii afur	39	soddomii sagal
25	digdamii shan	40	Afurtama
26	digdamii jaha	41	afurtamii tokko
27	digdamii torba	42	afurtamii lama
28	digdamii saddeet	43	Afurtamiisadi
29	digdamii sagal	44	afurtamii afur
30	soddoma	45	Afurtamiishan
31	soddomii tokko	46	afurtamii jaha
32	soddomii lama	47	afurtamii torba
33	soddomii sadi	48	afurtamii saddeet
34	soddomii afur	49	afurtamii sagal
35	soddomii shan	50	Shantama

Madaallii

Barattoonni lakkoofsota dhi'aatan erga dubbisanii booda akka jechootaan barreessanii fiduudhaan akka dubbisan barbaadama. Adeemsa hojii isaaniitiin sadarkaa hubannoo isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 7: Jechoota hiika faallaa (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota faallaa waliif ta'an fayyadamuun barreessuun niagarsiisu;

Gahee barsiisaa/tuu

Jechoonni barannoo kana jalatti dhiyaatan kanneen walaloo barattoonni dubbisan keessaa funaanamani. Kanaafuu, haarawa miti. Tarii barattoonni waa'ee jechoota faallaa hubannoo gahaa qabaachuu dhiisuu danda'u. kanaafuu, bakka barbaachisutti deeggarsa gochuun barbaachisaadha.

Deebii Gilgaala 12

Jechoota hiika faallaa waliif qaban

1. halkan- guyyaa
2. fagoo- dhiyoo
3. salphisuu- cimsuu
4. doofummaa- qaroomina
5. jaallachuu- jibbuu
6. walaboomsuu- gabroomsuu
7. dhoksuu- mul'isuu

Madaallii

Barattoonni haaluma qajeelfama jiruutiin hubannoo horatanii keessa darbuu isaanii hojii isaanii ilaaluudhaan mirkaneeffadha. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 8: Waliin dubbii (bittaafi gurgurtaa) (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota waliin dubbii bittaa-gurgurtaan walqabatan nishaakalu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo kanaan barattoonni gaaffiifi deebii dhaabbata daldalaa tokko keessatti kan meeshaa bitu/ttu gurguru/tu waliin taasisan akka shaakalan barbaadame. Kanaafuu, jalqaba irratti akkayya gilgaala 13 jalatti dhiyaateef, akka hubatan taasisi. Boodarra haaluma akkayyichaatiin gilgaala 16 jalatti lama lamaan akka shaakalanii taasisi. Adeemsa kana keessatti meeshaa bittaafi gurgurtaaf oolu kan adda addaa ta'uu nidanda'a. Akkasumas, sadarkaa dandeettii barattoota keetii ilaaluudhaan jechoota fayyadamanis jijjiiruu nidandeessa.

Madaallii

Haaluma qajeelfama kennameetiin haala raawwiin barattootaa irra jiru ilaali. Yoo hanqinni ballaan jiraate, shaakala dabalataa akka taasisan gargaari.

Boqonnaa 10: Nyaata

(Wayitii 8)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni gaaffilee gaafataman deebisuu nidanda’u. Dandeettii gaaffilee dhaggeeffachuufi dubbisuu hojjechuus nigabbifatu. Lakkoofsota 51-70 jechaafi lakkoofsaan barreessuufi dubbisuu nishaakalu. Bamaqaalee adda addaa fayyadamuun himoota ijaaruufi nagaa walgaafannaa Afaan Oromootiin nishaakalu.

Bu’aalee Barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti barattoonni:

- keeyyata **Nyaata Madaalawaa** jedhu caqasuun ergaa isaa nihimu;
- jechoota dhangaalee nyaataa fakkii kenname ilaaluun nihimu;
- dubbisa keessaa yaada ijoofi calla nibaasu;
- jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika faallaa nikennu;
- jechoota nyaataan walqabatan fayyadamuun himoota gaaffii ni’ijaaru;
- lakkoofsota 51 hanga 70 jiran jechaafi lakkoofsaan barraa’an walitti nifiroomsu;
- bamaqaalee akka matimaatti tajaajilan fayyadamuun himoota ittiin ni’ijaaru;
- haala nagaa walgaafannaa waaree duraa fakkiin dhiyaate gargaaramuun nagaa walgaafatu.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi dubbachuu (wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- hiika jechootaa tilmaamanii nihimu;
- keeyyata nyaata madaalawaa jedhu dhaggeeffatanii nideebisu;

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni dubbisicha dhaggeeffachuun dura akka tilmaaman taasisuu;
- hiika jechootaa yeroo dhaggeeffachuun duraaf qophaa’e akka tilmaaman gochuu;
- gaaffilee shaakala dubbisa duraatiif dhiyaatan akka shaakalan taasisuu;
- dubbisa dhaggeeffachuuf qophaa’e kan **Nyaata Madaalawaa** jedhu dhaggeeffachuuf akka of qopheessan gochuu;
- hiika jechoonni qaban akkaataa barattoonni hubachuu danda’anitti ibsuufii;

- dhumarratti, jechoota barreessan irra deebiin akka isaan dabaree dabareedhaan waaman qajeelchuu.

Nyaata Madaalawaa

Dhala namaatiif nyaata madaalawaa argachuun baay'ee barbaachisaadha. Dhalli namaa nyaata annisaa ijaaruufi guddinaf gargaaru yoo hinarganne quucaroo danda'a. Akkasumas, nyaata gahaa ta'e dhukkubaafi dhibee irraa ittisu hinargatu taanaan dhukkubaaf saaxilama. Kana malees, nyaata qaamaaf annisaafi ho'a kennu hin argatu taanaan bakkaa bakkatti socho'uus hindanda'u. Kanaafuu, dhalli namaa nyaata madaalawaa ta'e kan qaama ijaaru, dhibee irraa ittisuufi humnaafi ho'a kennu argachuun baay'ee barbaachisaadha. Walumaagalatti, dhalli namaa nyaata madaalawaa ta'e argachuu qaba.

Deebii Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraatiif dhiyaataniif deebii murtaawaa ta'ee kennuu dhabuu malu. Kanaafuu, barattoonni tilmaamuu akka danda'aniif gaaffilee kanneen irratti gareen mariyachuun afaaniin akka deebisan jajjabeessuu malee daangessuun hinbarbaachisu.

Hiika jechoota

- a) nyaata = Soorata
- b) bishaan = dhangala'aa waraabamee dhugamu
- c) albuuda = kan uumamaa dhangaalee nyaataa irraa argamu
- d) fayyummaa = dhibee yookiin dhukkuba irraa bilisa ta'uu

Deebii gilgaala 2.

A. Barattoonni deebii gilgaala kanaa osoo dhggeeffataa jiranii akka hojjetaniif qajeelchi.

1. madaalawaa 2. qaama 3. nyaata

B. Barattoonni deebii gilgaala kanaa dubbisa dhiyaateef erga dhggeeffatanii booda akka hojjetan taasisi.

- | | |
|-----------|------------|
| 1. dhugaa | 4. dhugaa |
| 2. soba | 5. dhugaa. |
| 3. soba | |

Madaallii

- ✓ fakkii dhiyaate ilaalani tilmaamuun himuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ hiika jechootaa tilmaamanii himuu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ gaaffilee shaakala dhaggeeffannaa kessaa keessaa bahan deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.

Barannoo 2: Dubbisuu (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- hiika jechootaa dhiyaatan akka tilmaaman gochuu;
- keeyyata gabaabaa ‘akaakuuwwan nyaataa’ jedhu ga’umsaan dubbisuun gaaffileef deebii nikennu;

Gahee barsiisaa/tuu

- keeyyata dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee gilgaala 3 jalatti dhiyaatan akka tilmaaman taasisi;
- keeyyata gabaabaa ‘akaakuuwwan nyaataa’ jedhu callisaan akka dubbisan jajjabeessi;
- gaaffilee dubbisa keessaa bahan akkaataa gaafatamaniin akka deebisuu danda’an gochuu;

Deebii gilgaala 3.

Gaaffilee gilgaala 3 Afi B jala jiran kana barattoonni dubbisa dhiyaate dubbisuun dura muuxannoofi beekumsa duraan qabn irraa ka’uun tilmaamanii akka deebisan taasisi.

A. Deebii gabaabaa

1. Akaakuuwwan nyaata garee nyaataa jechuudha.
2. Nyaata akaakuu adda addaa soorachuun fayyummaa guutuu qabaachuuf nufayyada.

B. Hiika jechoota

1. madaalmaa = kan wal qixxaataa ta’e
2. pirootinii = nyaata ijaarsaafi guddina qaamaaf gargaaru
3. dhibee = dhukkuba
4. mi’aawaa = nyaata amala sukkaaraa (miyaawaa) ta’e qabu

Deebii gilgaala 4.

1. hunda
2. bu’aawwan aananii, baaqelaa, killeefi kkf irraa argama
3. kuduraafi muduraa
4. fayyummaa

Deebii gilgaala 5.

1. soba
2. soba
3. soba
4. dhugaa
5. dhugaa

Madaallii

- ✓ hiika jechootaa dhiyaatan tilmaamuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ barattoonni jechoota dubbisa keessa bahaniif hiika faallaa isaanii walitti fiduu danda'uu isaanii adda baafachuu;
- ✓ fakkii kenname jechoota kennamanii wajjin walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.

Barannoo 3: Hiika fallaa jechootaa (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- Hiika faallaa jechoota dubbisa keessaa bahanii nikennu;

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni hiika jechoota faallaa dubbisicha keessaa bahan akka hojjetaniif gilgaala kennuu;
- hiika jechootaa faallaa akka isaan walitti firoomsaniif qajeelchuu;
- gaaffilee gilgaalichaa dhiyaatan akka hojjetan taasisuu;
- hojiilee barattootaa hordofuun bakka barbaachisutti hordofuufi duubdeebii kennuu.

Deebii gilgaala 6: A (Hiika Faallaa)

1. C 2. E 3. B 4. A 5. D

B. Jechootaafi gaaleewwan dhiyaataniif hiika faallaa isaanii.

Fakkeenya, beela = quufa

1. du'a = Jireenya
2. hiyyeessa = Dureessa/ soorressa
3. dhukkuba = fayyummaa
4. nyaata argachuu = _nyaata dhabuu
5. nyaata bituu = nyaata gurguruu

Madaallii

- ✓ Hiika jechoota faallaa dubbisa keessaa bahanii kennuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ Jechootaaf hiika faallaa kennuun barreessu isaanii mirkaneessuu.

Barannoo 4: Fakkii ilaaluun walitti firoomsuu (Wayitii 1)

barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- fakkii ilaaluun jechoota dhiyaatan nidubbisu;
- jechoota fakkii bakka bu'an fakkiidhaan walitti firoomsuu nidanda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni fakkaii ilaaluun jechoota dhiyaatan akka hojjetaniif qajeelchuu;
- jechootaa fakkii bakka bu'an akka isaan walitti firoomsaniif qajeelchuu;
- gaaffilee gilgaalichaa dhiyaatan akka hojjetan taasisuu;
- hojiilee barattootaa hordofuun bakka barbaachisutti hordofuufi duubdeebii kennuu.

Deebii gilgaala 7

Fakkii nyaataa roga "B" jalaa roga "A" jalaatti firoomsuu

- | | |
|------|------|
| 1. D | 4. B |
| 2. E | 5. A |
| 3. C | |

Madaallii

- ✓ fakkii ilaaluun jechoota dhiyaatan walbira qabuun dubbisuu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ jechoota fakkii bakka bu'an fakkiidhaan walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuufi duubdeebii kennuu.

Barannoo 5: Himoota gaaffii ijaaru (Wayitii 1)

Gahee barsiisaa/tuu

- jechoota nyaataan walqabatan fayyadamuun himoota gaaffii ofkeessaa qaban akka barreessuu shaakalan gochuu;
- waliin dubbii himoota gaaffii of kessaa qaban irraa ijaaramu kan gilgaala 8 jalatti dhiyaatee jiru haala barbaadamuun barreessuu danda'uu isaanii ilaaluufi hordofuu;
- waliin dubbii himoota gaaffii qabaniin ijaaru akka danda'aniif jajjabeessuu;
- hojiilee barattootaa hundaaf duubdeebii kennuufi jajjabeessuu;

Deebii gilgaala 8. Jechoota qindeessuun himoota gaaffii ijaaru.

- Barattoonni deebii gilgaala kanaatiif jechoota dhiyaatan fayyadamuudhaan akkaataa hubachuu danda'anitti himoota gaaffii waliin dubbii keessatti nifayyadamu.
- Barattoonni akaakuu nyaataa walgaafachuuf himoota gaaffii adda addaa ni fayyadamu.

Deebii gilgaala 8 Fakkeenya waliin dubbii **Abdii** fi **Caaltuun** taasisan kenname irratti hundaa’uun himoota gaaffii of keessaa qaban fayyadamanii walii dubbii akka godhan qajeelchi.

Barattoonni waliin dubbii kana jechoota adda addaa fayyadamuun barreessuu waan danda’aniif deebii isaan kennan daangessuun hindanda’amu. Kanaafuu, deebii isaan kallattii adda addaan kennan irraa fuudhuun jajjabeesi.

Madaallii

- ✓ Jechoota nyaataan walqabatan fayyadamuun himoota gaaffii ofkeessaa qaban barreessuu danda’uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ Himoota waliin dubbii gaaffii ofkeessaa qaban fayyadamuun waliin dubbii taasisuu issanii mirkaneessuu.

Barannoo 6: Lakkoofsota 51-70 jechootaan fayyadamuu (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- lakkoofsota 51 hanga 70 jiran jechaafi lakkoofsaan barreeffaman walitti firoomsu nidanda’u;
- lakkoofsota barreeffaman gara jechaatti deebisuu barreessuun ni’agrsiisu.

Gahee barsiisaa/tuu

- gilgaala 9 A irratti lakkoofsota kennaman jechaan barreessuu akka danda’aniif jajjabeessuu;
- gilgaala 9B irratti lakkoofsota 51 hanga 70 jiran jechaafi lakkoofsaan barreeffaman walitti firoomsu akka danda’an taasisuu;
- hojiilee isaanii daree gidduu naanna’uun hordofuufi duubdeebii kennuu;

Madaallii

- ✓ lakkoofsota 51 hanga 70 jiran jechaafi lakkoofsaan barreeffaman walitti firoomsu danda’uu isanii mirkaneessuu;
- ✓ lakkoofsota barreeffaman gara jechaatti jijjiiruun barreessuu danda’uu isaanii mirkaneessuu.

Barannoo 7: Bamaqaalee akka mathimaatti tajaajilan (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- bamaqaalee akka matimaatti tajaajilan fayyadamuun himoota ijaaruu nidanda’u;
- fakkeenya naga walgaafannaa waaree duraa fi boodaa dhiyaate irraa ka’uunnagaa walgaafachuu nidanda’u.

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonni Afaan Oromoo keessatti bamaqaaleen jechuun maal akka ta’e akka hubataniif yaadannoo gabaabaafi fakkeenya ifaa ta’e kenniif;
- barattoonni hubannoo waa’ee bamaqaalee irratti akka qabaataniif fakkeenya kennuun akka shaakalan gargaari;
- barattoonni gilgaala 10 A keessatti fakkeenya kenname irratti hundaa’uun fakkii ilaaluun bamaqaalee maqaa bakka bu’an akka dubbisan jajjabeessuu;
- bojiilee barattootaa hordofuun duubdeebii kenniif.

Deebii gilgaala 10

A. Barattoonni fakkii dhiyaate ilaalani bamaqaalee fakkii jalatti barreeffaman akka dubbisan taasisuu;

Himoota fakkiilee gaditti bamaqaaleedhaan ijaaraman akka dubbisanii hubatan gochuu.

B. Haala fakkeenya kennameen bakka duwwaa xumuruu.

Fkn	Ani	Nuti	Ati	Isin	Isheen	Inni	Isaan
Dhuguu	Dhuge	Dhugne	Dhugde	Dhugda n	Dhugde	Dhuge	Dhugan
Filachuu	filadhe	Filanne	Filatte	Filattan	filatte	filate	fiatan
to’achuu	To’adhe	To’anne	To’atte	To’attan	To’atte	To’ate	To’atan
Hirmaachuu	Hirmaad he	hirmaann e	Hirmatt e	Hirmaatt an	hirmaatte	hirmaate	hirmaatan
Dabalachuu	Dabaladh e	dabalann e	Dabalatt e	Dabalatta n	dabalatte	dabalate	dabalatan
Mormuu	morme	Mormine	Marmite	mormitan	mormite	morme	morman
Xumuruu	xumure	Xumurre	Xumurte	xumurtan	xumurte	xumure	xumuran

C. Bamaqaalee dhiyaataniin himoota ijaaruu.

Fakkeenya, **Inni** mana barumsaa deeme.

Deebii gilgaala 10 C. Barattoonni fakkeenya kenname irratti hundaa’uun akkaataa hubannoo isaaniitti himoota ijaaruu danda’u. Knaafuu, deebii isaanii irraa fuudhuun qajeelchuufi deeggaruun barbaachisaa ta’a.

Madaallii

- ✓ Bamaqaalee akka matimaatti tajaajilan fayyadamuun himoota ijaaruu danda’uu isaanii mirkaneessuu;

Barannoo 8: Nagaa Walgaafachuu (Wayitii 1)

Barannoo kanaa keessatti, barattoonni:

- jechoota sirrii fayyadamuun nagaa walgaafachuu nishaakalu;
- bamaqaalee Afaan Oromoo nagaa walgaafachuu keessatti hojiirra oolan fayyadamnii nagaa walgaafatu;

Gahee barsiisaa/tuu

- barattoonnifakkii ilaaluun nagaa walgaafachuu akka shaakalan qajeelchuu;
- fakkii ilaaluun bamaqaalee akka waaman qajeelchuu;
- bamaqaalee maqaa bakka bu’an fayyadamanii akka wal waaman shaakalchiisuu;
- daree keessatti nagaa walgaafachuu akka shaakalan jajjabeessuu;
- hojiilee barattootaa hordofuufi duubdeebii barbaachisu kennuu.

Gilgaala 11

A. Fakkii ilaaluun akkaataa nagaa walgaafachuu yeroo adda addaa

I. Qaamaan wal biratti argamuun ganama nagaa walgaafachuu,

II. ganamaafi galgala jechoota ittiin nagaa walgaafatan maal akka fakkaatu

(Fakkeenyaaf, Galgala= Akkam oolte?

Ganama = Akkam bulte?) jechuun akka tahe hubachuun akka shaakalan jajjabeessuun barbaachisaadha.

B. Himoota dhiyaatan fayyadamuun daree keessatti Afaan Oromootiin nagaa walgaafachuu akka shaakalan jajjabeessuu.

Boqonnaa 11: Waqtiilee

(Wayitii 10)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni keeyyata gabaabaa dhaggeeffachuufi dubbisuu shaakalu. Akkasumas, yaadolee callaa waan dhaggeeffataniifi dubbisani himu. Adeemsa dhaggeeffachuufi dubbisuu keessattis jechoota waqtiileen walqabatan adda baasuun dubbisuu, barreessuufi itti fayyadamuu danda’u. Kana malees, barattoonni hiika jechootaa, jechoota lakkoofsa ibsan, fayyadama qubguddeessaa, gochimootaan korniyaa adda foo’uu, bamaqaaaantima sirrii agarsiisan, gummee kennameen dandeettii keeyyata barreessuu akka horatantu barbaadama. Kanaafuu, shaakaloota tokko tokkoo gilgaalotaa jalatti dhiyaatan haalaan shaakalchiisuun barbaachisaa ta’a.

Bu’aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- keeyyata waa’ee **Waqtiilee** dhaggeeffatani waan hubatan ni’ibsu;
- yaada ijoo dubbisa dhaggeeffatani irra deebi’anii nihimu;
- keeyyata gabaabaa **Waqtiileefi Ji’oota** jedhu dubbisuun ergaa ijoofi calla isaa nihimu;
- jechoota kennamanif hiikaa walfakkii isaanii walitti nifiroomsu;
- lakkoofsota 71 hanga 100 jechaafi lakkoofsaan barreessuun nidubbisu;
- qubguddeessa gargaaramuun kallattiiwwan, maqaa dhuunfaa, ji’oota, guyyootaafi waqtiilee nibarreessu;
- gochimoota adda addaa gargaaramuun himoota kornayaa agarsiisan ni’ijaaru;
- bamaqaalee antima sirrii agarsiisaniin hima ni’ijaaru;
- gumee himaan qophaa’e irratti hundaa’uun keeyyata gabaabaa tokko nibarreessu.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi dubbachuu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- fakkii ilaaluun waan dhaggeeffachuuf deeman nitilmaamu;
- dubbisa dhiyaatuuf caqasuun waqtiilee adda nibaafatu;
- gochoota waqtiilee waggaa keessatti raawwataman nihimu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni dubbisa ‘**Waqtiilee**’ jedhu dhaggeeffatanii gaaffilee gaafataman akka deebisantu barbaadama. Dubbisa dhaggeeffatan keessatti waqtiilee akka adda baafatantu barbaadama. Kanaafuu, jalqaba barattoonni wayitii kanatti maal hojjachuuf akka deeman itti himi. Mataduree dubbisa dhaggeeffachuuf deemaniitis gabateerratti barreessiif. Itti aansuun, gilgaala dubbisuun duraa shaakalsiisi. Barattoonnis fakkii kenname ilaaluun waan hubatan cimdii cimdii ta’uun akka walitti himan taasisi. Waan irratti mariyataniifi hubatan dareef akka himan jajjabeessi. Asitti deebii kennuun sirraa hineegamu.

Kanatti aansuun, dubbisa qophaa’e aal sadan tokko dhaggeeffachiisi. Wayita dhaggeeffatanis gaaffiilee bakka duwwaa guutuu gilgaala 2 jalatti kennaman dabbara irratti barreeffachuun akka guutan qajeelchi. Erga dhaggeeffatanii booda yaadolee waan dhaggeeffatan keessaa argatan bu’uureffatanii gaaffilee gilgaala 3 jalaa akka deebisan taasisi. Dubbisa dhiyaate erga dhaggeeffatanii booda gaaffiilee hubannoo akka deebisan taasisi. Haala barreessuufi dubbisuu irratti ofitti amanamummaan itti xiqqaachuu waan danda’uuf gargaari; jajjabeessis. Dubbisa dhaggeeffataniin walqabatee waqtiileefi gochoota ijoo waqtiilee keessatti raawwatan akka tilmaaman taasisuun mirkaneessiif. Haalli qilleensaa biyya keenyaa nannoo tokkoo gara naannoo birootti adda adda ta’uu waan danda’aniif, waqtiileefi gochoota achi keessatti raawwataman kan naannoo isaanii akka himanis jajjabeessi. Dubbisni dhiyaatuuf kan armaan gadiiti.

Waqtiilee

Waqtiin qoqqoodinsa haala qilleensaa waggaa tokko keessatti argamu. Waggaan tokko waqtiilee afur qaba. Isaanis, Birraa, Bona, Arfaasaafi Ganna jedhamu. Birraan waqtii illiin itti daraaru. Akkasumas, kan oomishni itti asheetuufi haammamu. Bonni waqtii Birraatti aanee argamu. Waqtii kanatti, oomishini sassaabama. Haalli qilleensaas ho’aafi lafti gogaa ta’a. Bonatti waqtii Arfaasaatu aana. Arfaasaan, yeroo ho’i itti dabaluu fi roobni itti eegaluudha. Qophiin qonna gannaas kan itti eegaluudha. Waqtiiin dhuma, Ganna. Ganna yeroo roobni sirriitti roobuudha. Waqtii kana midhaan bal’inaan kan itti facaafamuudha

Deebii Gilgaala 1(dhaggeeffachuu dura)

Deebiin gaaffilee gilgaala kanaa hubannoo barattootaa irratti kan hundaa’u ta’ee,

1. Barattoonni akkuma yaada barattootaatti fudhatama.

-
2. Qooddii haala qilleensaa/tibba waggaa
 3. Afur. Isaanis Birraa, Bona, Arfaasaafi Ganna

Deebii Gilagaala 2

1. afur
2. Birraa
3. Birraa
4. Arfaasaa

Deebii gilgaala 3A (dhaggeeffachuu booda)

1. Bona
2. Birraa
3. Ganna

Madaallii

Barannoo kanaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka cimsatan taasisuutu barbaadame. Kanaaf, barattoonni waqtiileefi hubannoo waqtiilee irratti qaban bu'uureffachuun dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gonfachu isaanii filgaala kenname hojjachiisuun mirkaneeffadhu. Kana keessattis, waqtiilee afraniifi haala amala waqtiileen qaban adda baafachu isaanii gaaffii afaaniitiin adda baafadhu. Galma ga'iinsa kaayyoo barnootichaas mirkaaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 2: Dubbisuu (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- waqtiileefi ji'oota waqtiilee keessatti argaman nidubbisu.
- dubbisa **Waqtiileefi Ji'oota** jedhu dubbisuun gaaffiilee hubannoo nideebisu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni dubbisa **Waqtiileefi Ji'oota** jedhu dubbisanii maqaa ji'oottan woggaa Afaan Oromootiin dubbisuufi barreessuu akka danda'antu barbaadama. Ji'oottan waggaa kanniinis waqtiileen walqabsiisanii hubachuu qabu. Kanaafuu, jalqaba barattoonni wayitii kanatti maal hojjachuuf akka deeman itti himi. Mataduree dubbisa dubbisuuf deemaniitis gabateerratti barreessiif. Itti aansuun, gilgaala dubbisuun duraa shaakalsiisi. Gilgaala dubbisuun duraa keessatti, ji'oota waggaafi waqtiin tokko ji'oota meeqa akka qabu yaadachiisuuf baay'ee gargaara. Kanaafuu, Barattoonnis cimtii cimtiin ta'uun gaaffiilee dubbisuun duraa irratti akka mariyatan taasisi. Waan irratti mariyatanisafaaniin dareef akka himan carraa kennuun jajjabeessi.

Kanatti aansuun, dubbisa qophaa'e cimdii cimdiin ta'uun dabareen akka waliif dubbisan taasisi. Dubbisaa jiraachuu isaaniis keessa deddeemuun mirkaneeffadhu. Bakka isaan rakkisettis deeggarsa barbaachisu kenniif. Erga cimdiin dubbisanii booda, dareef akka dubbisan barattoota muraasaaf carraa kenniif. Yaadolee waan dubbisan irraa argatan bu'uureffatanii gaaffilee hubannoo gilgaala 4 dubbisa duraa jalatti kennamanii dhuunfaan akka hojjatan taasisi. Booda, cimdiin ta'uun deebii isaanii akka walitti agarsiisan taasisi. Dhumarrattis, waqtiileefi ji'oota gabatee gilgaala 5A/B irratti barattoonni akka guutaniif kenname, gabatee gurraacharratti barreessiif. Booda, barattoota muraasaaf carraa laachuun gabaticha guutuun ji'oota woggaa dareef akka dubbisan taasisuun jajjabeessi; deebii isaanitis mirkaneessi.

Hub.

☞ Ji'oonniifi waqtiileen qubee guddaan kan jalqaban ta'uu isaanii hubachiisuu hindagatin.

Deebii Gilagaala 4(dubbisuun duraa)

1. Ji'oota kudha lama
2. Fulbaana, Onkololeessa, Sadaasa, Mudde, Amajjii, Guraandhala, Bitootessa, Ebla, Caamsaa, Waxabajjii, Adoolessafi Hagayya.

Deebii Gilagaala 5A: Waqtiileefi ji'oota

Waqtii	Ji'oota		
Birraa	Fulbaana	Onkololeessaa	Sadaasa
Bona	Mudde	Amajjii	Guraandhala
Arfaasaa	Bitootessa	Ebla	Caamsaa
Ganna	Waxabajjii	Adoolessa	Hagayya

Deebii Gilagaala 5B: Ji'oottan waggaa

TL	Ji'oota	TL	Ji'oota	TL	Ji'oota
1	Fulbaana	5	Amajjii	9	Caamsaa
2	Onkololeessa	6	Guraandhala	10	Waxabajjii
3	Sadaasa	7	Bitootessa	11	Adoolessa
4	Mudde	8	Ebla	12	Hagayya

Madaallii

Barannoo kanaan barattoonni dandeettii dubbisuu akka cimsatan shaakalsiisuutu barbaadame. Kanas, waqtiileefi ji'oota waggaa Afaan Oromootiin barreessuufi dubbisuu; akkasumas, dubbii keessatti akka dhimma itti ba'aniif jecha kan dhiyaateedha. Kanaafuu, shaakaloota kennaman ifa gochuudhaan barattoonni akka keessatti hirmaatan taasisi. Dandeettii isaan duraan qaban irratti hundaa'uudhaan hojii dubbisuu milkeessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni jirutti shaakala dabalataatiin tumsi.

Ji'oota Waggaa Dubbisuu

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- maqaa ji'oottan woggaa birsaga dheeratan dubbisuu danda'u;
- maqaa ji'oottan woggaa birsaga dheeratan barreessuu danda'u .

Gahee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu,

Jechoonni barannoo kana jalatti dhi'aatan ji'oota barattoonni dubbisan keessattishaakalaa turaniiddha. Ji'oonni filatamanis, kanneen birsaga dheeraa qabaniifi barattootni dubbisuufi barreessuu keessatti rakkachuu malu jedhamanii yaadamaniidha. Kanaafuu, haarawa miti. Waan kana ta'eef, jalqaba ji'oota barannoo 2 gilgaala 5A jalatti qoqqoodamuun kennaman gabatee irratti barreessi. Fakkeenya kennames akkuma qoqqoodamee jirutti erga dubbistee booda walitti makuunis dubbisii agarsiisi. Ittaansuun, barattoonni cimdii cimdiin akkatuma fakkeenya hojjatameetiin dabareen akka waliif dubbisan taasisi. Dhumarrattis, barattoonni muraasni kanneen gabateerraati barreessite walitti makuun akka dubbisan taasisi. Wayita walitti makanii barreessan ammoo, qubee guddaan jalqabuu isaanii hordofuun jajjabeessi. Shaakala gilgaala 5B jalatti kennames haaluma oliitiin qoqqoodanii akka dubbisan taasisi.

Deebii Gilgaala 6A

Fakkeenya,

A – doo – les – sa = Adoolessa

1. Wa – xa – baj – jii = Waxabajjii
2. Gu – raan – dha – la = Guraandhala
3. Bi – too – tes – sa = Bitootessa
4. On – ko – lo – lees –sa = Onkololeessa

Deebii Gilgaala 6B

Fakkeenya,

Ebla = Eb - la

1. Birraa = Bir - raa
2. Arfaasaa = Ar - faa - saa
3. Mudde = Mud - de
4. Hagayya = Ha - ga - ya
5. Caamsaa = Caam - saa
6. Amajjii = A - maj - jii

Madaallii

Barattoonni ji'oottan waggaa birsaga dheerataniis amala addaa qaban dubbisuu danda'uu isaanii shaakala kenname hojjachiisuun mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti barattootaaf shaakala dabalataa kennuun milkaa'ina kaayyoo ji'oottan waggaa dubbisuufi barreessuu danda'uu mirkaneessi.

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa (Wayitii 2)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota dubbisa keessaa ba'aniifihiikaa isaanii gabatee keessatti kennamaniin walitti firoomsuu danda'u
- ji'oota tartiiba lakkoofsaan walitti firoomsuu danda'u

Gahee barsiisaa/tuu

Jechoonni barannoo kana jalatti dhi'aatan dubbisa barattoonni dubbisan keessaa kanneen funaanamani. Isaanis ji'ootaafi kanneen dubbisicha keessatti hammatamaniidha. Jalqabarratti, jechoota dubbisicha keessaa funaanaman hiikaa isaanii gabatee keessatti kennameen akka walitti firoomsan yaadamee kan dhiyaateedha. Inni lammaffaan, ji'ootaafi tartiiba lakkoofsaa isaan ittiin beekaman walitti firoomsuudha. Waan kana ta'eef, barattoonni hubannoo isaaniifi fakkeenya ati hojjattuuf irratti hundaa'uun akka walitti firoomsan taasisi. Barannoo 3 gilgaala 6B jalatti garuu, lakkoofsota sadarkaa ibsuuf jechaan barraa'an akka hubataniif waqtiileefi ji'oottaniin walqabsiisuudhaan ibsa gabaabaa fakkeenyaan deeggarame kenniif. Achiin booda, dura dhuunfaan; ittaansuun ammoo, cimdiin ta'uun akka hojjatan taasisi. Dhumarratti, ji'oonni roga 'B' jalatti kennaman meeqaffaa akka ta'an hubachuu isaanii dareef akka himan taasisuun adda baafadhu.

Deebii Gilgaala 7A

waqtii	kurfii	callaa	abaaboo	jalqabuu
--------	--------	--------	---------	----------

Fakkeenya,

- oomisha = callaa

1. tibba = waqtii
2. ilillii = abaaboo
3. eegaluu = jalqabuu
4. qophii = kurfii

Deebii Gilgaala 7B

1. e
2. b
3. c
4. d
5. a

Madaallii

Barattoonni hiikaa jechoota waqtiileefi ji'ootaan walqabatan horachuu isaanii gilgaalota kennamaniifi shaakala dabalataa ati kennituuf hojjachiisuun mirkaneeffadha. Jechoota kennaman haalaan sagaleessuufi hiikaa isaanii beekanii dhimma itti ba'uu danda'uu isaanii karaa siif mijatu hundaan adda baafachuu yaali. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 4: Lakkoofsota jechaan barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- Lakkoofsota 71 hanga 100 jechaan barreessuufi dubbisuu shaakalu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo kanaan barattoonni lakkoofsota 71 hanga 100 jiran jechaan sagaleessuufi barreessuu shaakalu. Akkasumas, kudhan irraa ka'uun dijiitii kudhan kudhaniin lakkoofsota hanga 100 jiranis xiyyeeffannoofi mirkaneeffannoof nishaakalu. Ta'us, lakkoofsota jechaan barreessuufi dubbisuu boqonnaalee torbaa hanga sagalii keessatti shaakalaa kan dhufan waan ta'eef, haarawa itti hinta'u. Muxannoo argatan irraa ka'uun dubbisuufi barreessuu nishaakalu jedhamee abdatama. Kanaafuu, jalqaba irratti barattoonni lakkoofsota gilgaala 7A roga A jalatti jechaan kennamaniifi kanneen lakkoofsaan roga Bjalatti kennaman dhuunfaan akka walitti firoomsan taasisi. Ittaansuun, waan hojjatan hiriyoota isaanii waliin akka waliif dubbisan taasisi. Dhumarrattis, barattoonni muraasni deebii isaanii dareef akka dubbisan jajjabeessi.

Achiin booda, atis lakkoofsota 71 hanga 100 jiran gabateerratti barreessuun barattoonni akka jechaan barreessaniifi dubbisan jajjabeessi.

Deebii Gilgaala 8A: Lakkoofsota jechaan barreessuufi dubbisuu

1. c 2. d 3. f 4. a 5. b 6. e

Deebii gilgaala 8B. Barattoonni lakkoofsota gabatee keessa jiran hubannoodhaan akka sagaleessan hordofuun bakka rakkatanitti deegaruudha.

Madaallii

Barattoonni lakkoofsota 71 hanga 100 jechootaan barreessuufi dubbisuu danda'uu isaanii gilgaalotaafi yaalii dabalataa kennituun adda baafadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataa kennuun madaali.

Barannoo 5: Jechoota qubee guddaan jalqaban barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- jechoota qubeen jalqabaa qubee guddaan barraa'uu qaban adda baafachuun barreessuu danda'u.

Gahee barsiisaa/tuu

Barsiisa/tuu,

Boqonnaan kun akka cuunfaa qabxiilee boqonnaalee olitti barataniitti ilaalama. Barannoo kanaanis, barattoonni jechoota qubee guddaan eegaluu qabaniifi hinqabne adda baafatu. Sababni, boqonnaalee olii keessatti maqaalee dhuunfaa, kallattiiwwan, maqaa guyyootaa, waqtiileefi ji'oota waggaa barreessuufi dubbisuu shaakalaa turaniiru. Achi keessattis, kanneen eeraman kunniin qubee guddaan eegaluun akka barraa'uu qaban adda baafataniiru jedhamee yaadama. Kanaaf, barannoo kana keessatti, barattoonni jechoonni akkamii qubee guddaan eegalanii barraa'uu akka qabaniifi kaan adda baafatu jedhamee abdatama. Kanaafuu, gilgaala kenname dura dhuunfaan, booda cimdiin hojjachuun akka waliin shaakalan taasisi. Dhumarrattis, barattoonni muraasni fuulduratti ba'uun deebii isaanii gabatee irratti akka agarsiisaniifi dubbisan taasisuun deeggari. Shaakala dabalataas akkuma barbaachisummaa isaatti kennuun kaayyoo barnootichaa milkeessi.

Deebii Gilgaala 9: Jechoota qubee gurguddaadhaan jalqaban

Qubee Guddaa

Kibba Amiinaa
Fulbaana Sadaasa
Ujuluu Arfaasaa
Bona Caaltuu
Baha Ebla

Qubee Xiqqaa

kamisa
dilbata
roobii
leenca

Finfinnee

Madaallii

Barannoo kana keessatti, barattoonni jechoota qubee guddaan eegalanii barraa'aniifi qubee guddaan eegalanii barraa'uun hinqabne gilgaala kenname hojjachiisuun adda baafadhu. Yoo hanqinni jiraate, shaakala dabalataa akka taasisan hojmanee kennuun irra deebi'uun gargaari.

Barannoo 6: Gochimoota fayyadamuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- himoota keessaa gochima adda baasuunnibarreesu.
- gochimoota irraa kornayaa adda nibaasu.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni hima keessaa gochima korniyaan adda baasuu shaakalu. Kunis, barattoonni hima ijaaruu keessatti gochima konayaan adda baasanii fayyadamuu akka danda'an ga'oomsuuf kan yaadameedha. Kanaaf, jalqaba, barattoonni hima keessatti jechi dhuma himaatti argamu/gochimni kornayaa foo'uu kan danda'u ta'uu itti himuun gara shaakala hojjachuuf deemaniitti qajeelchi. Kanaanis, barattoonni fakkeenya ajaja 'A' kitaaba isaaniirra jiruufi ati kenniteef irratti hundaa'uun, dhuunfaan bakka duwaa himootaa gochomoota hammattuu kennan keessafilachuun akka guutantaasisi. Erga gochima adda baafatanii booda immoo, gochimni isaan adda baafatan konayaa inni ibsu akka adda baasan taasisi. Itti aansuun, gochimaafi kornayaa adda baasan cimdii cimdiin walitti agarsiisuun akka waliif ibsan jajjabeessi. Dhumarratti, himoota gilgaala 10A jalatti kennaman gabatee irratti barreessuun barattoonni muraasni gochimaafi korniyaan inni agarsiisu akkatuma fakkeenya kennameetiin akka agarsiisan qajaalchuun jajjabeessi. Sirreeffamaafi shaakala barbaachisus kenniif.

Ajajni 'B' gochimoota kennamaniin hima lama kan kornayaa lachuu ibsu akka ijaaran shaakalsiisuudha. Jechoonni kennaman kanuma barattoonni karaa adda addaan shaakalaa

dhufan waan ta'aniif hinrakkisan jedhamanii abdatamu. Ta'us, hiikaa isaanii yaadachiisuun eegali. Ittaansuun, fakkeenya kitaaba isaanii irratti kenname gabateerratti barreessuun qajeelchi. Booda, akkaataa fakkeenya kennameetiin dhuunfaan akka hima ijaaruun konayaa akka adda baasan taasisi. Hima ijaaranis hiriyoota isaanii waliin akka walitti agarsiisan taasisi. Dhumratti, jechoota kennaman gabatee irratti erga barreessitee booda barattoota muraasaaf carraa kennuun gabateerratti hima ijaaruun kornayaa akkaadda baasan taasisi. Yaalii isaaniifis haalaan jajjabeessi. Sirreeffama barbaachisus kennuun kaayyoo barnootichaa milkeessi.

Deebii Gilgaala 10 A:Hima Kenname Keessaa Gochima Korniyaan Adda Baasuu

- | | |
|---|---|
| 1. gochima – dhuge
kornayaa - dhiira | 3. gochima - dhiqate
kornayaa - dhiira |
| 2. gochima - bitte
kornayaa - dubara | 4. gochima - teesse
kornayaa - dubara |
| 5. gochima – deeme
kornayaa - dhiira | |

Deebii Gilgaala 10B Hima ijaaruu

Barattoonni jechoota kennaman fayyadamuun himoota akka ijaaran jajjabeessuun gaariidha. Deebiin isaan kennan jechoota dhiyaataniin hima ijaaruu akka shaakalan jajjabeessuudha malee hima tokkicha irratti daangessuun hinbarbaachisu. Kanaafuu, hima ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneefachuudhaan, sirreeffama kennuufiidhaan qajeelchi.

Madaallii

Barattoonni akkaataadhuma qajeelfama kennameetiin tartiiba caasaa hima Afaan Oromoo eeguun hima ijaaruu danda'uu mirkaneeffadhu. Bakka hanqinni mullatetti shaakala dabalataatiin cimsi.

Barannoo 8: Keeyyata Gabaabaa Barreessuu (Wayitii 1)

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- duraa duuba gochaa eeguun himootaan keeyyata nibarreessu;
- keeyyata jalqabamee hafe barreessanii xumuru.

Gahee barsiisaa/tuu

Barannoo wayitii kanaatti barattoonni keeyyata barreessuu nishaakalu. Jalqabarratti barattoonni himoota kennaman adda baafachuudhaan duraa duuba ijaarsa isaanii nisirreessu. Sanaan booda himoota tarreeffamanii jiran sana walqabsiistuu adda addaa fayyadamuudhaan yaada himootaa walitti akka fiudan taasisuudha. Dhuma irratti himoota walitti dhufan sanaan keeyyata ergaa guutuu ta'e dabrsu tokko akka barreessan taasisi. Yeroo isaan himoota walitti fidanii qindeessuun keeyyata ijaaran kana jajjabeessaa adeemi. Sirreeffamaafi shaakala barbaachisus gilgaala 11 jalatti akka hojjetan kenniif.

Gilgaala 12 jalatti immoo fakkii dhiyaata ilaaluun akka adda baafatan taasisi. Erga fakkii addaa baafatanii booda immoo, keeyyata jalqabamee hafe akka xumuraniif qajeelfama barbaachisu kenniif. Dhuma irratti hojii barattootaa ilaaluun jajjabeessuufi keeyyata barreessanis dareef akka dubbisan taasisi. Hojiilee barattootaa kanaaf bakka barbaachisutti deeggrasaafi tumsa barbaachisu taasisi. Yaalii isaaniifis haalaan jajjabeessi. Sirreeffama barbaachisus kennuun kaayyoo barnootichaa milkeessi.

Deebii gilgaala 11. Keeyyata hiika qabu barreessuu

Keeyyata Barreeffame

Dhaabaafi Hawwiin obbolaadha. Mana barumsaa tokko baratu. Hirriiba isaanitii yeroon ka'u. Akkuma hirriibaa ka'aniin gara mana fincaanii deemu. Achii booda, harkaafi fuula isaanii saamunaadhaan dhiqatu. Akkuma dhiqataniin, wayyaa mana barumsaa uffachuun dabbara isaanii qopheeffatu. Itti aansuun ciree nyaatu. Erga nyaatanii booda, harka dhiqachuun gara mana barumsaa deemu.

Deebii gilgaala 12

Gilgaala kana barattoonni fakkii irratti hundaa'uun jaechoota mataa isaanii karaa adda addaa fayyadamuun xumuruu waan danda'aniif, deebiin barattoota hundaa walfakkaachuun dirqama miti. Kanaaf hojii isaanii ilaaluun sirreeffama kennii jajjabeessi.

Madaallii

Barattoonni akkaataa qajeelfama kennameetiin himoota tartiibaan kaa'uu isaanii mirkaneeffachuudha. Itti aansuun immoo, fakkii ilaalanii keeyyata jalqabamee hafe xumuruu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa ta'a. Bakka deeggrasi barbaachisutti shaakala dabalataatiin cimsi.

Silabasi Barnoota Afaan Oromoo **(Akka Afaan Lammaffaatti)**

Kutaa 5

Seensa

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootaa afaanonni garaagaraa 80 ol keessatti dubbatamuudha. Afaanota kanneen keessaa baayyeen isaanii naannoo adda addaatti afaan hojiifi afaan barnootaa kutaa 1-4 akkasumas 1-8 ta'anii akka fedhii hawaasaatti tajaajilaa jiru. Akkaataan afaanonni itti barsiifaman fedhii, galma yookiin bu'aa naannon barbaadu waan murteessuuf itti fayyadama ykn tajaajila afaanota garaagaraa irratti dhiibbaa qaba.

Afaan dhalootaa biratti dabalataan afaan biyya keessaa barachuun qunnamtiifi waliigaltee namootaafi saboota gidduutti godhamu milkeessuuf yookiin mijeessuuf baayyee murteessaadha. Kana malees, aadaa saba biraa baruufi carraa hojii argachuu bal'isuuf nigargaara. Kanaafuu, kaayyoon afaan lammaffaa manneen barnootaa keessatti kennuu barattoonni aadaa walii akka baran, caalaatti akka wal hubataniifi waliigalan taasisa. Dandeettii afaanii ga'umsa qabu horachuun jireenya barattoota mijeessuun naannoon osoo hindaanga'in namootaan salphatti akka waliigalan taaisuuf carraa uuma; darbees tokkummaa cimsuun akka naannoofi akka biyyaatti akka yaadan taasisa.

Dandeettii af-lamee/af-heddee horachuun barattootaaf faayidaalee hedduu qaba: dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, rakkoo furuu, hariiroo uumuu, aadaa walii dinqisiifachuu, amataafi seenaa walii kabajuu akka horatatn taasisa. Bu'uuruma kanaan, kaayyoolee kanneen galmaan ga'uuf silabasiin Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf tajaajilu kun qophaa'e. Hayyoonni afaanii silabasiin kanaa akka ka'umsaatti gargaaramuun meeshaalee barnootaa adda addaa barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti naannoo Oromiyaafi naannoolee biroo keessatti barataniif qopheessuu nidanda'u.

Qabiyyeen afaan federaalaa yookaan afaan lammaffaa barsiisuuf filatamu dandeettii bu'uuraa afaanii afran (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu)fi dandeettii caaccuulee afaanii kanneen akka seerlugaafi ogbarruu irratti xiyyeeffata. Haata'uu malee, Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuu keessatti ga'umsa afaan waliigaltee barattoota dagaagsuufi cimsuuf xiyyeeffannoo olaanaan addatti dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuuf kennama.

Akkaataa hammattoo Ministeerri Barnootaa Federaalaa naannooleef gadi buusetti mata dureewwan dandeettii dubbisuu barsiisuuf oolan dhimmoota hundagaleessa (cross cutting) akka saayinsiifi teeknooloojii, dhibee Koronaafi HIV, kornayaa, tokkummaafi aad-heddummaa, taaksiifi gibira, jijjiirama qilleensaa, jaalala biyyaa, beekumsa xabboo, keessummessummaa, araada, barnoota hunda hammattoo, dandeettiifi ogummaa jaarraa 21ffaa, aadaa hojjiifi oomishtummaafi koligaltummaan kan walqabatan ta'uu akka qabu ni'eera. Waan kana ta'eef, qophiin silabasiifi kitaaba barattootaa dhimmoota ijoo adda ba'an kana jiddugaleessa godhachuu qaba.

Qophiin silabasiifi Afaan Oromoo kuniis dhimmoota Ministeerri Barnootaa eereen maddiitti dhimmoota naannoo Oromiyaa calaqqisan bu'uureeffachuun haala qabatamaa naannootti madaqsuun adeemsifama.

Akeeka

Akeekni afaan lammaffaa barsiisuu lammii af-heddeefi aad-hedde keessatti afaanicha fayyadamee waliigaluu danda'u oomishuudha. Kunis, rakkoo waliigaltee sababa garaagarummaa aadaatiin mudachuu danda'u furuudha. Sirni barnootaa afaan lammaffaa, lammii afaanota garaagaraatiif ilaalcha gaarii qabu, yaad-sammuudhaan dagaage duudhaafi beekumsa hawaasaa labataa labatatti afaaniifi barreeffamaan darbaa dhufe dinqisiifatu oomishuuf kan kaayyeffate. Caalaatti sirni barnootichaa qabxiilee gaditti tarreeffaman galmaan ga'uuf kan akeekedha.

- Mala qunnamtiin barsiisuun itti fayyadama afaan lammaffaa sirnaan barattoota gonfachiisuu;
- Dandeettii afaanii bu'uura barnoota egereef isaan barbaachisu horachiisuu;
- Ilaalcha barattoonni dandeettii dubbisuuf qaban cimsuun dubbisuun hubannoofi beekumsa akka horatan taasisuu;
- Barattoonni yaada, fedhii, duudhaafi muuxannoo qaban afaaniifi barreeffaman ga'umsaan akka ibsatan taasisuu;
- Dandeettii kalaqaa jajjabeessuu;
- Ga'umsa dandeettiwwan afaanii bu'uuraafi xixiqqaa afaan lammaffaa barattootaa dagaagsuu;
- Dandeettii barattoonni afaan tokkoffaatti qaban gara afaan lammaffaati akka fidan jajjabeessuu;

Kaayyoo

Silabasichi kaayyoolee asii gaditti tarreeffaman qaba:

- dandeettii afaan fayyadamuun waan haarawaa uumuu, kalaquu fi hojii uumuu nihoratu;
- waan baratame ga'umsaafi namuusaan jiruufi jireenya keessatti nifayyadamu;
- beekumsa xabboo , fooyya'insa dhuunfaafi qunnamtii hawaasaaf nifayyadamu;
- oomishaafi oomishitummaa ammayyeessuufi guddisuuf barreeffamoota gargaaraatti nifayyadamu;
- jireenya dhuunfaafi waliinii jiraachuuf seenafi aadaa biyyaa, mirgaafi dirqama lammummaa nihubatu;
- beekumsaafi dandeetti guddina dhuunfaafi dagaagina hojiif haala qabatamaa keessatti nifayyadamu;
- jijjiiramaa akka biyyaafi addunyaatti adeemaa jiru wajjiin tarkaanfachuuf dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, rakkoo furuufi qunnamtii bu'a qabeessa nifayyadamu;
- waliin hojjachuufi walirraa barachuuf dandeettiifi beekumsatti nifayyadamu;
- beekumsa ammayyaa, dandeettifi sonawwan akkasumas, sirna barnotaa haaraafi dhimmoota waytaawaa xiyyeeffannoo barabaadan guddina naannoofi biyyaaf nifayyadamu;
- afaanoota hundaaf ilaalcha walfakkaatu niqabaatu;
- Hoggansa ga'umsa qabuu horachuun ,murteessuu dandaa'uufi itti gaafatamumma qabu nihoratu;

SEMISTEERA 1^{FFAA}

Boqonnaa Tokko: Nagaa Walgaafachuu (Wayitii 4)

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti, barattoonni:

- jechoota nagaan ittiin walgaafatan dha ggeeffachuun irra deebi'anii nisa galeessu;
- maqaa isaanii walitti nihimu;
- faaruu dha ggeeffachuun irra deebi'anii nifa arsu;;
- jechoota waaree duraafi waaree booda nagaan walgaafachuuf fayyadaman nidubbatu ;
- jechoota yeroo addaan ba'an nagaan walitti dhaaman fayyadamuun nidubbatu.

Ga'umsa	Qabiyyee	Haala Dhiyeessaa	Mala Baruu Barsiisuu		MD	Yeroo	Hordoffiifi Deegarasa	Madaallii
			Gahee barsiisaa	Gahee Barataa				
Jechoota nagaan ittiin walgaafatan dha ggeeffachuun irra deebi'anii nisa galeessu	Dhaggeeffachuu	Fakkii namoota nagaan walgaafatan dhiyeessuun Jechoota bu'uura nagaan walgaafannaaf tajaajilan fakkii jalatti barreessuu	Barattoonni fakkii dhiyaate akka ilaalan gochuu Jechootaafi gaaleewwan fakkii jalatti barreeffaman sagalaa olkaasuun dubbisuu Barattoonni akka dha ggeeffaaniifi irra deebi'anii sagaleessan gochuu	Fakkii dhiyaate ilaala jechootaafi gaaleewwan fakkii jalatti barreeffaman sagalaa olkaasuun barsiisaa waliin sagaleessuu		2	-Barattoonni fakkii ilaala waan barsiisaan dubbisu duukaa bu'uun sagalee olkaasuun sagaleessa jiraachuu isaanii ordo fuufi deeggaruu	-Barattoonni fakkii ilaala waan barsiisaan dubbisu duukaa bu'uun sagalee sagaleessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu
Maqaa isaanii walitti nihimu Faaruu irra deebi'anii nifa arsu	Dubbachuu	Fakkii hiriyyoota lamaa maqaa isaanii walitti himaa jiran Faaruu gabaabaa "Mana Barmtaa Haadeemnu" jedhu	Fakkeenya kenname sagalee olkaasuun dubbisuun barattoonni akka irra deebi'anii maqaa isaanii walitti himan gochuu Faaruu dhiyaate sagalee olkaasuun yeedaloo sirrii ta'een faarsuun barattoonni akka faarsan gochuu	Fakkeenya kenname hordofuun maqaa isaanii walitti himu Faaruu dha ggeeffachuun barsiisota hordofuun faarsuu shaakaluu;		2	Maqaa isaanii walitti himuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa barbaachisu gochuu Faaruu barsiisonni faarsan hordofuun faarsuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu;	Maqaa isaanii walitti himuu danda'uu isaanii mirkaneessuu Faaruu barsiisonni faarsan hordofuun faarsuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

Boqonnaa Lama: Qubeewwan Afaan Oromoo (Wayitii 7)

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- qubeewwan Afaan Oromoo A hanga Z dhaggeeffachuun irra deebi'anii nisa galeessu;
- faaruu qubeewwan Afaan Oromoo A hanga Z nidhaggeeffatu;
- faaruu qubeewwan Afaan Oromoo A hanga Z nifaarsu;;
- qubeewwan dachaa Afaan Oromoo dubbifamtoota keessaa adda baasuun nidubbisu;
- qubeewwan dubbachiistuu Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa nibarreessu;
- Qubeewwan dubbifamtoota Afaan Oromoo nibarreessu.

Ga'umsa	Qabiyyee	Haala Dhiyeessaa	Mala Baruu Barsiisuu		MD	Yeroo	Hordoffiifi Deegarasa	Madaallii	Yaada
			Gahee barsiisaa	Gahee Barataa					
Qubeewwan Afaan Oromoo (A – Z) sagaleessuu danda'u	Dhaggeeffachuu	-Qubeewwan Afaan Oromoo A- Z tarreessuu -Faru qubeewwan Afaan Oromoo A – Z sagaleessuu dhiyeessuu - Dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa sagaleessuun dhiyeessuu	-Barattoota qubeewwan Afaan Oromoo A-Z sagaleessuu shaakalsiisuu -Faru qubeewwan Afaan Oromoo A – Z sagaleessuu shaakalsiisuu - Dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa sagaleessuu shaakalsiisuu	-qubeewwan Afaan Oromoo A-Z sagaleessuu shaakaluu -Faru qubeewwan Afaan Oromoo A – Z sagaleessuu shaakaluu - Dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa sagaleessuu shaakaluu			-Barattoonni qubeewwan A-Z sagaleessuu shaakaluu danda'uu isaanii hordoffii taasisuun deeggaruu - Faruu qubeewwan Afaan Oromoo A – Z sagaleessuu shaakaluu danda'uu isaanii hordoffii taasisuun deeggaruu - Dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa sagaleessuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu	-Barattoonni qubeewwan A-Z sagaleessuu danda'uu isaanii gaffii afaaniitiin mirkaneessuu - Faruu qubeewwan Afaan Oromoo A – Z sagaleessuu shaakaluu danda'uu isaanii hordoffii taasisuun mirkaneessuu -Dubbachiistota sagalee gabaabaafi dheeraa sagaleessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu	
Qubeewwan Afaan	Dubbisuu	-Qubeewwan A-Z , dubbachiistotaafi	-Qubeewwan A - Z , dubbachiistotaafi	-Qubeewwan A - Z , dubbachiistotaafi			-Qubeewwan A - Z , dubbachiistotaafi	-Qubeewwan A - Z , dubbachiistotaafi	

Oromoo dubbisuu danda'u		dubbifamtoota adda addatti qopheessuu -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa qopheessuu; -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa dhiyeessuu -Qubeewwan Afaan Oromoo (A – Z) keessaa dubbifamtoota qopheessuu; -Qubeewwan Afaan Oromoo (A – Z) keessaa qubeewwan dachaa qopheessuu;	dubbifamtoota Sagalee baasanii akka dubbisan taasisuu -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa dubbisuu shaakalsiisuu -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa dubbisuu shaakalsiisuu -Qubeewwan Afaan Oromoo (A – Z) keessaa dubbifamtoota addatti dubbisuu shaakalsiisuu; -Qubeewwan Afaan Oromoo (A – Z) keessaa qubeewwan dachaa shaakalsiisuu;	dubbifamtoota Sagalee baasanii dubbisuu -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa dubbisuu shaakaluu; -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa dubbisuu shaakaluu; -Qubeewwan Afaan Oromoo (A – Z) keessaa dubbifamtoota addatti dubbisuu shaakaluu; -Qubeewwan Afaan Oromoo (A – Z) keessaa qubeewwan dachaa shaakaluu;			dubbifamtoota Sagalee baasanii dubbisuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu; - Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu; -Qubeewwan Afaan Oromoo(A – Z) keessaa dubbifamtoota addatti dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu; -Qubeewwan Afaan Oromoo(A – Z) keessaa qubeewwan dachaa addatti dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu	dubbifamtoota Sagalee baasanii dubbisuu danda'uu isaanii gaaffii afaaniin mirkaneeffachuu -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu; - Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu; -Qubeewwan Afaan Oromoo(A – Z) keessaa dubbifamtoota addatti dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu. -Qubeewwan Afaan Oromoo(A – Z) keessaa qubeewwan dachaa addatti dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.	
Qubeewwan Afaan Oromoo barreessuu danda'u	Barreessuu	- qubeewwan a-ztti jiran haala dubbachiistotaafi dubbifamtootatti adda baasanii barreessuu	• Qubeewwan a-ztti jiran dubbachiistotaafi dubbifamtootatti adda baasuun	• Qubeewwan a-ztti jiran dubbachiistotaafi dubbifamtootatti			-Qubeewwan a-ztti jiran dubbachiistotaafi dubbifamtootatti adda baasuun barreessuu	-Qubeewwan a-ztti jiran dubbachiistotaafi dubbifamtootatti adda baasuun barreessuu	

		<p>danda'aniin qopheessuu; -Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa barreessuu dandeessisu qopheessuu;</p> <p>-Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa barreessuu qopheessuu</p> <ul style="list-style-type: none"> • Qubeewwan dubbifamtoota Afaan Oromoo barreessuu qopheessuu; • Qubeewwan dachaa Afaan Oromoo barreessuu qopheessuu; 	<p>akka barreessan taasisuu</p> <ul style="list-style-type: none"> • Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa barreessuu shaakalsiisuu • Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa barreessuu shaakalsiisuu • Qubeewwan dubbifamtoota Afaan Oromoo barreessuu shaakalsiisuu; • Qubeewwan dachaa Afaan Oromoo barreessuu shaakalsiisuu; 	<p>adda baasuun barreessuu</p> <ul style="list-style-type: none"> • Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa barreessuu shaakaluu; • Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa barreessuu shaakaluu; <p>-Qubeewwan dubbifamtoota Afaan Oromoo barreessuu shaakaluu;</p> <p>-Qubeewwan dachaa Afaan Oromoo barreessuu shaakaluu;</p>			<p>danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu</p> <p>-Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa barreessuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu;</p> <p>- Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa barreessuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu;</p> <p>- Qubeewwan dubbifamtoota Afaan Oromoo barreessuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu;</p> <p>- Qubeewwan dachaa Afaan Oromoo barreessuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu</p>	<p>danda'uu isaanii mirkaneeffachuu</p> <p>-Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee gabaabaa barreessuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu;</p> <p>- Qubeewwan dubbachiistota Afaan Oromoo sagalee dheeraa barreessuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu;</p> <p>- Qubeewwan dubbifamtoota Afaan Oromoo barreessuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.</p> <p>-Qubeewwan Afaan Oromoo(A – Z) keessa qubeewwan dachaa addatti dubbisuu shaakaluu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.</p>	
--	--	---	--	---	--	--	--	---	--

Boqonnaa Sadii: Sagaloota Afaan Oromoo: A/AA hanga JA/JAA (Wayitii 8)

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa **a/aa hanga ja/jaa** nisa galeessuu;
- sagaleewwan gabaabaafi dheeraa **a/aa hanga ja/jaa** gargaaramuun jecha nidubbisuu;

- sagaleewwan gabaabaa-dheeraa **a/aa** hanga **ja/jaa** jiran fayyadamuun jechoota nidubbisu;
- fakkii ilaaluun jechoota fakkicha ibsan keessatti sagaleewwan **a/aa** hanga **ja/jaa** nidubbisu;
- sagaleewwan gabaabaafi dheeraa **a/aa** hanga **ja/jaa** jiran gargaaramuun jechoota nibarreessu;
- hiikaa jechoota sagaleewwan **a/aa** hanga **ja/jaa** jiraniin ijaaraman nikennu.

Ga'umsa	Qabiyyee	Haala Dhiyeessaa	Mala Baruu Barsiisuu		MD	Yeroo	Hordoffiifi Deegaraa	Madaallii
			Gahee barsiisaa	Gahee Barataa				
Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA dhageeffachuufi dubbachuu danda'u	Dhageeffachuufi Dubbachuu	<p>- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban dhiyeessuu.</p> <p>- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban akka dhageefftan gochuu</p> <p>- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban akka adda</p>	<p>-barattoota Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA walsimsiisuun sagaleessuun barsiisuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti akka adda baafatan shaakalsiisuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran fayyadamanii jechoota akka waaman taasisuu</p>	<p>- Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA walsimsiisuun sagaleessuun shaakaluu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti adda baafatanii shaakaluu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu shaakaluu</p>			<p>-barattoota Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA walsimsiisuun sagaleessuu danda'uusaanii hordofuun deeggaruu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti akka adda baafatan hordofuun deeggaruu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu</p>	<p>-barattoonni Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA walsimsiisuun sagaleessuu danda'uusaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti adda baafachuusaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu isaanii hordofuun duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu</p>

		baasanii waaman gochuu					danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu	
Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA gargaaramuun jechoota dubbisuu danda'u	Dubbisuu	<p>- Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA qopheessuu</p> <p>-Sagaloota gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban qopheessuu;</p> <p>-Sagaloota gabaabaa-dheeraa A/AA hanga JA/JAAfi dheeraa-gabaabaa AA/A hanga JAA/JA qopheessuu;</p> <p>-Fakkii ilaaluun jechoota fakkicha ibsan keessatti sagaloota A/AA hanga JA/JAA barsiisuu</p>	<p>- Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran dubbisuu shaakalsiisuu</p> <p>-jechoota Sagaloota gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban akka dubbisan taasisuu</p> <p>- Sagaloota gabaabaa -dheeraa A/AA hanga JA/JAAfi dheeraa-gabaabaa AA/ A hanga JAA/JA jiran akka dubbisan taasisuu</p> <p>-jechootaafi fakkii akka walitti firoomsan taasisuu</p>	<p>- Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran dubbisuu shaakaluu</p> <p>-jechoota Sagaloota gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban sirriitti dubbisuu</p> <p>- Sagaloota gabaabaa -dheeraa A/AA hanga JA/JAAfi dheeraa-gabaabaa AA/ A hanga JAA/JA jiran dubbisuu shaakalu</p> <p>-jechootaafi fakkii akka walitti firoomsuun shaakalu</p>			<p>- Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran dubbisuusaanii hordofuun deeggaruu</p> <p>-Barattoonni jechoota Sagaloota gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban sirriitti dubbisuu isaanii hordofuun deeggaruu</p> <p>- Sagaloota gabaabaa -dheeraa A/AA hanga JA/JAAfi dheeraa-gabaabaa AA/ A hanga JAA/JA jiran dubbisuu isaanii hordofuun deeggaruu</p> <p>-jechootaafi fakkii akka walitti firoomsuu isaanii hordofuu</p>	<p>Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;</p> <p>- Barattoonni jechoota Sagaloota gabaabaafi dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran of keessaa qaban sirriitti dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;</p> <p>- Sagaloota gabaabaa -dheeraa A/AA hanga JA/JAAfi dheeraa-gabaabaa AA/ A hanga JAA/JA jiran dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;</p> <p>- jechootaafi fakkii akka walitti firoomsuu isaanii mirkaneessuu.</p>

Sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiran gargaaramuun jechoota ni'ijaaru fayyadamanii jechoota ijaanuu danda'u	Barressuu	-Sagaloota gabaabaa - dheeraa A/AA hanga JA/JAAfi dheeraa - gabaabaa AA/A hanga JAA/JA jiran jiran qopheessuu;	-Jechoota sagaleewwan gabaabaa -dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiran akka ijaaran gochuu; - Jechoota sagaleewwan dheeraa - gabaabaa AA/A hanga JAA/JA jiran akka ijaaran gochuu	- Sagaleewwan gabaabaa-dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiraniin Jechoota ijaaranii agarsiisu; - Sagaleewwan dheeraa - gabaabaa AA/A hanga JAA/JA jiraniin Jechoota ijaaranii agarsiisu.			-Sagaleewwan gabaabaa-dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiraniin Jechoota ijaaru danda'uusaanii hordofuun deeggaruu; -Sagaleewwan dheeraa - gabaabaa AA/A hanga JAA/JA jiraniin Jechoota ijaaru isaanii hordofuufi deeggruu.	-Sagaleewwan gabaabaa-dheeraa A/AA hanga JA/JAA jiraniin Jechoota ijaaru danda'uusaanii mirkaneessuu; -Sagaleewwan dheeraa - gabaabaa AA/A hanga JAA/JA jiraniin Jechoota ijaaru danda'uu isaanii mirkaneessuu.
Sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin fayyadamanii maqaa jechoota kuduraafi muduraa adda baafatu .	Fayyadama Jechootaa	-Sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin hiikaa jechootaa ijaaramanii qopheessuu	- Sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin Jechoota kuduraafi muduraan walqabatan fakkiin deeggaruun agarsiisuu	- Sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin Jechoota kuduraafi muduraan walqabatan fakkiin deeggaramuun shaakaluu			-Sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin Jechoota kuduraafi muduraan walqabatan fakkiin shaakaluu danda'uusaanii hordofuu	- Sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin Jechoota kuduraafi muduraan walqabatan fakkiin kennamerra hubachuusaanii duub-deebii kennuun mirkaneeffachuu
Jechoota ibsa maqaalee sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin ijaaran adda baasu	Caas-luga	- Jechoota ibsa maqaalee sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin ijaaraman fayyadamanii wantoota adda addaa ibsu keessatti akka baratan qopheessu	-Barattoonni Jechoota ibsa maqaalee sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin ijaaraman fayyadamanii wantoota adda addaa keessatti akka fayyadaman shaakalsiisuu	- Jechoota ibsa maqaalee sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin ijaaraman fayyadamanii wantoota adda addaa keessatti nishaakaluu			-Barattoonni Jechoota ibsa maqaalee sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin ijaaraman fayyadamanii wantoota adda addaa fayyadamuu danda'uusaanii hordofuufi deeggaruu	-Barattoonni Jechoota ibsa maqaalee sagaloota A/AA hanga JA/JAA jiraniin ijaaraman fayyadamanii wantoota adda addaa keessatti adda baafachuu danda'uu isaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu

Boqonnaa Afur: Sagaleewwan Afaan Oromoo KA/KAA hanga RA/RAA(Wayitii 7)

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo **ka/kaa** hanga **ra/raa** nisa galeessuu;
- sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** gargaaramuun jecha niija aru;
- fakkii ilaaluun hiika jechoota sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** irraa ijaaramanii nihimu;
- hiika jechoota sagaleewwan **ka/kaa** hanga **ra/raa** irraa ijaaramanii adda baasu;
- lakoofsota himoota keessaa adda nibaasu;
- wantoota kornayaa dhiiraa fi dhalaa agarsiisan hima keessaa adda nibaasu.

Ga'umsa	Qabiyyee	Haala Dhiyeessaa	Mala Baruu Barsiisuu		MD	Yeroo	Hordoffiifi Deegarasa	Madaallii
			Gahee barsiisaa	Gahee Barataa				
Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA dhageeffachuufi dubbachuu danda'u	Dhagdubbii	<p>- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA of keessaa qaban dhiyeessuu.</p> <p>- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban akka dhageefftan gochuu</p>	<p>barattoota Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA walsimsiisuun sagaleessuun barsiisuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban</p>	<p>- Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA walsimsiisuun sagaleessuun shaakaluu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti adda baafatanii shaakaluu</p>			<p>- barattoota Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA walsimsiisuun sagaleessuu danda'uusaanii hordofuun deeggaruu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti akka adda baafatan hordofuun deeggaruu</p>	<p>-barattoonni Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA walsimsiisuun sagaleessuu danda'uusaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti adda baafachuusaanii</p>

		<p>- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban akka adda baasanii waaman Qopheessuu</p>	<p>jechoota keessatti akka adda baafatan shaakalsiisuu -Barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran fayyadamanii jechoota akka waaman taasisuu</p>	<p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu shaakalu</p>		<p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu</p>	<p>duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu isaanii hordofuun duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu</p>
<p>Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA gargaaramuun jechoota dubbisuu danda'u</p>	<p>Dubbisuu</p>	<p>- Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran qopheessuu</p> <p>-Sagaloota gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban qopheessuu;</p> <p>-Sagaloota gabaabaa-dheeraa KA/KAA hanga RA/RAAfi dheeraa-gabaabaa KA/KA hanga RAA /RA jiran dubbisuu shaakalu</p>	<p>- Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran dubbisuu shaakalu -jechoota Sagaloota gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban sirriitti dubbisuu</p> <p>- Sagaloota gabaabaa -dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA fi dheeraa-gabaabaa KA/KA hanga RAA /RA jiran dubbisuu shaakalu -jechootaafi fakkii akka walitti firoomsuu shaakalu</p>	<p>- Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran dubbisuusaaanii hordofuun deeggaruu -Barattoonni jechoota Sagaloota gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban sirriitti dubbisuu isaanii hordofuun deeggaruu</p> <p>- Sagaloota gabaabaa -dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA fi dheeraa-gabaabaa KA/KA hanga RAA /RA jiran dubbisuu isaanii hordofuun deeggaruu -jechootaafi fakkii akka walitti firoomsuu isaanii hordofuu</p>		<p>Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu; - Barattoonni jechoota Sagaloota gabaabaafi dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA jiran of keessaa qaban sirriitti dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu; - Sagaloota gabaabaa -dheeraa KA/KAA hanga RA/RAA fi dheeraa-gabaabaa KA/KA hanga RAA /RA jiran dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;</p>	

		-Fakkii ilaaluun jechoota fakkicha ibsan keessatti sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA barsiisuu	gabaabaa KA/KAA hanga RA/RAA jiran akka dubbisan taasisuu -jechootaa fi fakkii akka walitti firoomsan taasisuu				- jechootaa fi fakkii akka walitti firoomsuu isaanii mirkaneessuu.
Sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA gargaaramuun Jechoota barreessuu danda'u	Barreessuu	-Sagaloota Afaan Oromoo KA/KAA hanga RA/RAA walitti fiduun jecha akka barreessan taasisu qopheessuu -Jechoota sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA irraa ijaaraman bisa gatti qoqqooduuf ta'u qopheessuu	-Sagaloota Afaan Oromoo KA/KAA hanga RA/RAA walitti fiduun jecha akka barreessan taasisuu -Jechoota sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA irraa ijaaraman bisa gatti akka qoqqoodan taasisuu	-Sagaloota Afaan Oromoo KA/KAA hanga RA/RAA walitti fiduun jecha barreessuu -Jechoota sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA irraa ijaaraman birsa gatti qoqqooduu		-Sagaloota Afaan Oromoo KA/KAA hanga RA/RAA walitti fiduun jecha barreessuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu -Jechoota sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA irraa ijaaraman birsa gatti qoqqooduu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu	-Sagaloota Afaan Oromoo KA/KAA hanga RA/RAA walitti fiduun jecha barreessuu danda'uu isaanii duubdeebii kennuun mirkaneessuu -Jechoota sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA irraa ijaaraman birsa gatti qoqqooduu danda'uu duubdeebii kennuun mirkaneessuu
Sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA jiraniin fayyadamanii jechoota adda baafatu .	Fayyadama Jechootaa	-Sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA jiraniin hiika jechootaa fakkiiin walbira qabuun ijaaramanii qopheessuu	- Sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA jiraniin Jechoota hiika fakkiiin walbira qabuun deeggaruun agarsiisuu	- Sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA jiraniin Jechoota hiika isaanii fakkiiin deeggaramuun shaakaluu		-Birsagoota KA/KAA hanga RA/RAA walitti fiduun jecha barreessuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu -Jechoota sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA irraa ijaaraman birsa gatti qoqqooduu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu	-Birsagoota KA/KAA hanga RA/RAA walitti fiduun jecha barreessuu danda'uu isaanii duubdeebii kennuun mirkaneessuu -Jechoota sagaloota KA/KAA hanga RA/RAA irraa ijaaraman birsa gatti qoqqooduu danda'uu

								duubdeebii kennuun mirkaneessuu
Himoota keessatti korniyaa (dhiira/dhala) adda baasuu danda'u	Caasluga	-himoota korniyaa adda baasuu shaakalsiisu qopheessuu	-Barattoonni himoota keessatti korniyaa adda baasuu akka danda'an shaakalsiisuu	-himoota keessatti korniyaa adda baasuu shaakaluu			-Barattoonni himoota keessatti korniyaa adda baasuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu	Barattoonni himoota keessatti korniyaa adda baasuu shaakaluu danda'uu isaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu

Boqonnaa Shan: Sagaleewwan Afaan Oromoo SA/SAA hanga ZA/ZAA (Wayitii 7)

Bu'aaalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- sagaleewwan Afaan Oromoo **sa/saa** hanga **za/zaa** ni sagaleessuu;
- jechoota dubbisuun sagaleewwan Afaan Oromoo **sa/saa** hanga **za/zaa** adda nibaasu;
- sagaleewwan **sa/saa** hanga **za/zaa** gargaaramuun jechoota ni ijaaru;
- hiikaa jechoota sagaleewwan **sa/saa** hanga **za/zaa** irraa ijaramanii adda nibaasu;
- bamaqaalee mathima garsiisaaniin himoota ni'ijaaru.

Ga'umsa	Qabiyyee	Haala Dhiyeessaa	Mala Baruu Barsiisuu		MD	Yeroo	Hordoffiifi Deegarasa	Madaallii
			Gahee barsiisaa	Gahee Barataa				
Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA dhageeffachuufi dubbachuu danda'u	Dhageeffachuufi Dubbachuu	- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran of keessa qaban dhiyeessuu.	-barattoota Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA walsimsiisuun sagaleessuun barsiisuu	- Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA walsimsiisuun sagaleessuun shaakaluu -barattoonni Sagaleewwan Afaan			-barattoota Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA walsimsiisuun sagaleessuu danda'uusaanii hordofuun deeggaruu	-barattoonni Sagaloota Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA walsimsiisuun sagaleessuu danda'uusaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu

		<p>- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran of keessaa qaban akka dha ggeefftan gochuu</p> <p>- Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran of keessaa qaban akka adda baasanii waaman gochuu</p>	<p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti akka adda baafatan shaakalsiisuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran fayyadamanii jechoota akka waaman taasisuu</p>	<p>Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti adda baafatanii shaakaluu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu shaakaluu</p>		<p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti akka adda baafatan hordofuun deeggaruu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu</p>	<p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran of keessaa qaban jechoota keessatti adda baafachuusaanii duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu</p> <p>-barattoonni Sagaleewwan Afaan Oromoo gabaabaafi dheeraa SA/SAA hanga ZA/ZAA jiran fayyadamanii jechoota waamuu isaanii hordofuun duubdeebii kennuun mirkaneeffachuu</p>
